# QAACCESSA KITAABA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 7FFAA FI 8FFAA KEESSATTI AFOOLAAN GARGAARAMUUNDAN DEETTIIWWAN AFAANII BARSIISUU

**ADAANECH ASAFFAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA,QO`ANNOOAFAANII**
**JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE**
**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**WAXABAJJII, 2012/2020**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA KITAABA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 7^FFAA^FI 8^FFAA^ KEESSATTI AFOOLAAN GARGAARAMUUN DANDEETTIIWWAN AFAANII BARSIISUU

**ADAANECH ASAFFAA**

**GORSAAN: DINQEESSAA DHEERESSAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOO BARSIISUUN GAMISAAN
GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO`ANNOO AFAANII,
JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**WAXABAJJII, 2012/2020
FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo Barsiisuun Guuttachuuf Adaanech Asaffaa Mata Duree: *Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaafi Saddeettaffaa Keessatti Afoolaan Gargaaramuun Dandeettiwwaan Afaanii Barsiisuu* jedhuun qophaa'e, sadarkaa yuuniivarsitiin kaa'ee guuteera

**Koree Qormaataa**

| Qoraa Alaa | Mallattoo | Guyyaa |
|---|---|---|
| ______________________________ | __________ | _________ |
| Qoraa Keessaa | | |
| ______________________________ | __________ | _________ |
| Gorsaa | | |
| ______________________________ | __________ | _________ |

_______________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindessaa Digirii Lammaaffaa (MA

# Axereera

*Mata dureen qorannoo kanaa, "QaaccessaKitaaba BarnootaAfaan OromooKutaa Torbaffafi SaddeettaffaaKeessatti AfoolaanGargaaramuun Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuu", irratti xiyyeffate. Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa,kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolaan gargaaramuun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu qaaccessuudha.Malli qorannoon kun itti gargaarame mala qorannoo akkamtaatiin yoo ta'u,malli kunis ragaalee sanada sakatta'uu,afgaaffiifi marii gareen qorachuuf filatamaa waan ta'eefi.malli iddattoo qorannoo kanaas mala iddatteessuu miti carraa jalaa mala akkayyootti dhimma bahameera.Dhimmoota mata duree kanaan wal qabatan qaaccessuuf kitaabilee irraa qabxiilee ijoon sakatta'amaniiru.Adeemsi ragaan ittiin funaanname:sanada sakatta'uu,afgaaffiifi marii garee barsiisotaafi barattoota mana barumsa Dagam Sadarkaa tokkoffaa irraa funannameera.Ragaalen qorannichaa yaaxinoota:tajaajilaa,haalowaafi caaseffamaa keessa yaaxina tajaajilaa gargaaramuun qaaccessamaniiru.Kunis ragaalee:sanada sakatta'uu,afgaaffiifi marii gareen argaman akkaataa wal fakkeenyan walittii fiduuniifi qindeessuun ibsuun, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti:afoolawwan argaman, afoolawwan dandeettiiwwaan afaanii barsiisuuf dhiyaatan,afoolawwan kunnin irra caalattii dandeettiiwwan afaanii kam barsiisuuf akka dhiyaatan, afoolawwan dhiyaatan sadarkaa, dandeettiifi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuu isaaniifi kkf adda bahaniiru.Dhuma irratti argannoon qorannichaas:afoolawwan kitaabni barnoota afaan Oromoo kutaa torbaffaa dandeettiwwan afaanii barsiisuf gargaarame:sheekkoo jechaama, mammaksa ,tapha ijoollee, weedduufi qoosaa yoo ta'an,kan kutaa saddeettaffaa immoo: sheekkoo ,jechama, mammaaksa, Hiibboo, weedduu, ciigoo, geerarsa, baacoofi jeekarsa ateeteeti. Afoolawwan oromoo keessaa gara caalatti kitaabileen kun dandeettiiwwan afaanii barsiisuf kan fayyadaman kutaa torbaffaa:oduu duriifi mammaaksa yoo ta'u, kutaa saddeettaffaan immoo:hiibboofi jechama.Kitaabilee lamaanuu keessatti afoolawwan dhiyaatan irra caalaatti dandeettii dubbisuu barsiisuuf kan dhiyaataniifi gama sadarkaafi dandeettii barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun dhiyaachuu irratti hanqina kan qaban ta'uu isaa argannoon qorannoo kanaa ni mul'isa.*

# Galata

Duraan dursee kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga'uuf jalqabaa hanga dhumaatti seeraan tartiiba eegee akkan hojjedhu yaadaafi ogummaa isaaniin yeroo isaanii osoo hin qusatin dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaaafi deeggarsa ogummaa kan naaf kennaa jiran gorsaa koo Dinqeessaa Dheeressaa(PhD) galanni isaaniif qabu guddaadha.

Gama biroon, barsiisota muummee Afaan Oromoo Yuunivarsiitii Addis Ababaatti na barsiisaa turan hunda hojii qorannoo kana keessatti qofa osoo hin taane, jalqaba carraa barnootaa akkan argadhus ta'ee, sanaan booda yeroon baradhu na cinaa dhaabbachuun akkan haamileedhaan barnoota koo itti fufu na jajjabeessuun deeggarsa na barbaachisu hunda kan naaf taasisaa turan hundaaf galanni koo daangaa hin qabu.

Akkasumas, qorannoo kana akka barbaadameen akkan dalaguuf kan na cinaa dhaabbatanii na jajjabeessaa turan obboleessa koo Geetuu Asaffaafi Haadha manaa isaa Rooman Yismuu, akkassumas,Barsiisaa Oliifan Gaddaffaafi haadha manaa isaa Asteer Leenjisaa galanni keessan guddaadha.

Dabalataanis, itti gaafatamttoota, barsiisotaafi barattoota mana barumsaa Dagam sadarkaa tokkoffaa, qorannoo kana irratti nacinaa dhaabbachuun deeggarsa ogummaafi ragaalee hanga danda'an kan naaf kennan hedduun galateeffadha.

## Jibsoofi Gabaajee

Jechoonni kanaa gaditti ibsaman qorannoo kana keessatti haala galumsaafi akkaataa kitaabilee adda addaa keessatti hiika kennaniin hiika jechootaa kennamaniidha.

| | |
|---|---|
| Amba | Orma |
| Biqila | Marga |
| Bohaarsisuu | Bashannansiisuu |
| Ceepha'uu | Qeequu |
| Dhanquu | Dachaa |
| Eeraman | Ibsaman |
| Finna | Jiruufi jireenya |
| Jagnummaa | Gootummaa |
| Gaanii | Maadiggaa |
| Gadoo | Xiiqii |
| Gufuu | Danqaa |
| Liixxaa | Hiika dhokataa |
| Mamii | Shakkii |
| Mukuu | Dadhabbii |
| Shoora | Gahee |
| Udumamaan | Bal'inaan |
| Wal cinaa | Wal maddii/Wal bira |
| Xurree | Kallattii |
| Yaaxina | Yaadiddama |
| Ykn | Yookiin |
| Kkf | kankana fakkaatan |

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereera ..... i
Galata ..... ii
Jibsoofi Gabaajee ..... iii
Baafata Gabateewwanii ..... viii
Boqonnaa Tokko: Seensa ..... 1
1.1. Ariirrata Qorannichaa ..... 1
1.2. Ka`umsa Qorannicha ..... 4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..... 6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ..... 6
1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa ..... 7
1.4. Faayidaa Qorannichaa ..... 7
1.5. Daangaa Qorannichaa ..... 8
1.6. Hanqina Qorannichaa ..... 8
1.7. Qindaa`ina Qorannichaa ..... 9
Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu ..... 10
2.1. Yaadrimeewwan Afoolaa ..... 10
2.1.1. Amaloota Afoolaa ..... 12
2.1.1.1. Lufummaa ..... 12
2.1.1.2. Hurruubummaa ..... 13
2.1.1.3. Garummaa ..... 14
2.1.1.4. Yeroo ..... 14
2.1.1.5. Sirnaafi Tartiiba qaba ..... 15
2.1.1.6. Uummatummaa ..... 15
2.1.1.7. Qindeessuu ..... 15
2.1.2. Akaakuuwwan Afoolaa ..... 16
2.1.2.1. Raagoowwan ..... 17
2.1.2.1.1. Raagamtaa ..... 17
2.1.2.1.2. Af-seena ..... 18
2.1.2.1.3. Durdurii ..... 18

2.1.2.2. Af walaloo ........................................................................................ 19
2.1.2.2.1. Geerarsa ..................................................................................... 20
2.1.2.2.2. Weedduu ..................................................................................... 21
2.1.2.2.3. Sirba ............................................................................................ 21
2.1.2.2.4. Faaruu. ........................................................................................ 22
2.1.2.2.5. Eebbafi Abaarsa. ......................................................................... 23
2.1.2.2.6. Tapha Ijoollee .............................................................................. 23
2.1.2.3. Afoolawwan Unka Gaggabaaboo ................................................... 24
2.1.2.3.1. Mammaaksa ................................................................................ 24
2.1.2.3.2. Hiibboo ....................................................................................... 26
2.1.2.3.3. Jechama. ..................................................................................... 27
2.1.2.3.4. Ciigoo .......................................................................................... 28
2.1.3. Ga'ee Afoolli Sirna Barnootaa Keessatti Qabu ................................... 29
2.1.3.1. Dandeettii Afaanii Gabbisuuf ......................................................... 30
2.1.3.2. Beekumsa Kuufachuuf .................................................................... 30
2.1.3.3. Bilchina Sammuutiif ........................................................................ 31
2.1.3.4. Jijjirama Amalaatiif ......................................................................... 31
2.1.4. Gahee Afoolli Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuu Keessatti Qabu ...................... 32
2.1.4.1. Gahee Afoolli Dandeetti Dhaggeeffachuu Barsiiisuu Keessatti Qabu. ......... 32
2.1.4.2. Gahee Afoolli Dandeetti Dubbisuu Barsiisuu Keessatti Qabu. ..................... 33
2.1.4.3. Gahee Afoolli Dandeetti Barreessuu Barsiisuu Keessatti Qabu. .................. 33
2.1.4.4. Gahee Afoolli Dandeetti Dubbachuu Barsiisuu Keessatti Qabu. .................. 35
2.1.5. Ulaagaalee Filannoo Afoolaa Afaan Barsiisuu Keessatti .................................... 36
2.1.5.1. Hawwataafi Fedhii Barattootaa Waliin Kan Deemu Ta'uu .......................... 36
2.1.5.2. Kaayyoo Giddugaleessa Kan Godhate Ta'uu ............................................... 37
2.1.5.3. Sadarkaa Barattootaa Giddu Galeessa Kan Godhatee .................................. 38
2.1.5.4. Dandeetti Duubee Barattootaa Ilaalcha Keessa Galchuu ............................. 38
2.1.6. Akkaataa Afoolli Kitaaba Barnootaa Keessatti Dhiyaachuu Qabu ...................... 39
2.1.6.1. Dhihaannaa Afaan Bu'uureeffate (Language Based Approach) ................... 39
2.1.6.2. Dhihaannaa Qabiyyee Bu'uureeffate (Literature As Conent) ...................... 39

2.1.6.3. Dhihaannaa Hirmaannaa Dhuunfaa Bu'uureeffate (Literature For Personal Enrichment) ........ 40
2.2. Yaaxinoota Qorannoon Kun Bu'uureffate. ........ 41
2.2.1. Yaaxina Tajaajilaa ........ 41
2.2.2. Yaaxina Haalowaa ........ 42
2.2.3. Yaaxina Caaseffamaa ........ 42
2.3. Sakattaa'a Qorannoowwan Hojii Kanaan Wal Fakkatanii ........ 43
Boqonnaa Sadi: Saxaxafi Malleen Qorannichaa ........ 45
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 45
3.2. Madda ragaalee ........ 45
3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaa ........ 46
3.3.1. Sanada Sakatta`uu ........ 46
3.3.2. Af-gaaffii ........ 46
3.3.3. Marii Garee ........ 47
3.4. Mala Iddatteessuu ........ 47
3.4.1. Iddattoo Kitaabaa ........ 47
3.4.2. Iddattoo Barattootaa ........ 47
3.4.3. Iddattoo Barsiisotaa ........ 48
3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 48
Boqonnaa Afur: Qaaccessaafi Ibsa Ragaalee ........ 50
4.1. Ibsa Gabaabaa,Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo KutaaTorbaffaafi Saddeettaffaa ... 50
4.2. Qaaccessa Ragaalee Kitaaba Sakatta`uun Funaanaman ........ 50
4.2.1. Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Afoolawwan Argaman Mul`isu ........ 51
4.2.2. Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Afoolawwan Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf Dhiyaatan Irra Caalaa Kam Irratti Akka Xiyyeeffatan Agarsiisu ........ 52
4.2.3. Qaaccessa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Dhiyaatan: Sadarkaa, Dandeettiifi Aadaa Barattootaa Xiyyeeffannoo Keessa Galchuu Isaa Mul`isu. ........ 55

4.2.4. Qaaccessa Akkaataa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan OromooKutaa Torbaffaa Keessatti Iitti Dhiyaate Mul`isu. ... 58
4.2.5 Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Afoolawwan Argaman Mul`isu ... 60
4.2.6. Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Afoolawwan Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf Dhiyaatan Irra Caalaa Kamiirratti Akka Xiyyeeffatan Agarsiisu ... 62
4.2.7. Qaaccessa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffa Keessatti Dhiyaatan: Sadarkaa, Dandeettiifi Aadaa Barattootaa Xiyyeeffannoo Keessa Galchuu Isaanii Mul`isu. ... 65
4.2.8. Qaaccessa Akkaataa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Itti Dhiyaate Mul`isu ... 68
4.3. Qaaccessa Ragaalee Afgaaffiifi Marii Garee Barsiisotaafi barattootaa Mana Barumsa Dagam Sadarkaa Tokkoffaa Irraa Argame ... 70
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo ... 78
5.1. Cuunfaa ... 78
5.2. Argannoo ... 80
5.3. Yaboo ... 81
Wabiilee
DABALEE
Dabalee “A”
Dabalee “B”
Dabalee “C”
Dabalee “ D”

## Baafata Gabateewwanii

**Fuula**

Gabatee 1: Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Afoolawwan Argaman Mul`Isu ........ 51

Gabatee 2: Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Afoolawwan Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf Dhiyaatan Irra Caalaa Kam Irratti Akka Xiyyeeffatan Agarsiisu........ 53

Gabatee 3: Qaaccessa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Hojiirra Oolan Sadarkaa, Dandeettiifi Aadaa Barattootaa Xiyyeeffannoo Keessa Galchuufi Dhiisuu Isaa Mul`Isu. ........ 56

Gabatee 4 :Qaaccessa Akkaataa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Itti Dhiyaate Mul`isu. ........ 58

Gabatee 5: Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Afoolawwan Argaman Mul`isu ........ 60

Gabatee 6: Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Afoolawwan Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf Dhiyaatan Irra Caalaa Kam Irratti Akka Xiyyeeffatan Agarsiisu........ 63

Gabatee 7 :Qaaccessa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffa Keessatti Hojiirra Oolan Sadarkaa, Dandeettiifi Aadaa Barattootaa Xiyyeeffannoo Keessa Galchuufi Dhiisu Isaanii Mul`isu ........ 66

Gabatee 8: Qaaccessa Akkaataa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Itti Dhiyaate Mul`isu ........ 68

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Afaan Oromoo sababa gadi qabaafi dhiibbaa bara dheeraa irra tureen afaan barnootaafi afaan qo'annoofi qorannoo osoo hin ta'in tureera.Dhimma kana ilaalchiseeMilkeessaa(2015:15-16)yoo ibsu,

*Afaan Oromoo afaan uummattoota miiliyoona afurtamaa oliin dubbatamu yoo ta'u,afaanota dhalootaan Afrikaa ta'anii bal'inaan dubbataman keessaaHawusaafi Kiswaahiliitti aanee sadarkaa sadaffaadha.Yaata`umalee,afaan akkasitti baldhinaan gaanfa Afrikaatiif tajajila kennutu hanga bara 1991ti guutumaa guutuutti afaanota dhorkamanii turan keessaa tokko ta'e.*

Yaada kanarraa kan hubatamu Afaan Oromoo afaanota gaanfa Afrikaatti bal'inaan dubbataman keessa atokko yoo ta'u,innis sababa dhiibbaa baroota dheeraa irra tureen hanga yeroo dhiyootti afaan barnootaa osoo hin ta'in tureera.Yaata'umalee,ummanni Oromoo bara durii irraa kaasee aadaa,safuufi haala jiruufi jireenya isaa dhaloota tokko irraa dhaloota itti aanutti hambaa ganamaafi calaqqee aadaa isaa kan ta'e afoola isaatiin dabarfachaa kan tureefi jiruudha.Kun ammoo afaanichi afaan barnootaa osoo hin ta'in durallee afoolli tajaajila hedduu kennaa kan ture qabeenya ummataa ta'uu isaa kan mul'isuudha.

Fedhasaa(2019:27-28) yaada kana yoo ibsu,

> *Afoolli faayidaa adda addaa dhala namaaf kenna.Kanneen keessaa ijoon : sammuugabbisuu, ija banachiisuu ,bashannansiisaa barsiisuu, eenyummaa hubachiisuu, bal'isaniiakka yaadan gochuu, onnachiisuu, aadaafi duudhaa dhalootaaf dabarsuu, falaasamaafi duudhaa dhalootaaf dabarsuu, falaasamaafi seenaa duraanii asfiduun jiruu har'aaqa jeelchuufi kkf gargaaruu danda'a.*

Kanamalees, gama adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti gaheen afoolli Oromoo dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf qabu olaanaa akka ta'e Mulgeetaa(2019:8-9)CollieJ.and slater (1990) wabeeffachuun yoo ibsu,*Afoolli adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti gahee olaanaa qaba.Isaanis:*

- *Barattoonni guddina og-barruu keessatti beekumsaa jiru akka gonfataniifi ilaalchi isaanii akka bal`atu gumaacha guddaa godha.*

- *Waa`ee aadaa ummataa irratti kaka`umsa argatu.*
- *Barattoonni dandeettiiwwan afaanii cimsatanii hojiiwwan ogbarruu akka dinqisiifatan gargaara.*
- *Xinsammuu namootaa irratti maal maaltu akka dhiibbaa uumu addaan baasanii hubatu.*
- *Seenaa jireenya dhugaa ni hubbatu*
- *Falaasamni jireenyaa maal akka ta`e hubannoo goonfatu.*

Yaada kanarraa hubachuun kan danda`amu afoolli adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti ga`ee olaanaa kan qabu yoo ta`u kunis,barattoonni: ilaalchi isaani akka gabbatu, dandeettiiwwan afaanii akka cimsatan, seenaa jireenya dhugaa akka hubataniif, xinsammuu namootaa irraatti maaltu dhiibbaa akka ummuufi hin uumne adda baasanii hubachuufi haala jiruufi jireenyaa dhala namaa irratti hubannoo akka qabaatan gargaara. Akka ragaaleen adda addaa ibsanitti gaheen afoolli Afaan barsiisuu keessatti qabu baay`ee olaanaa dha. Kanuma ibsuuf Hill (1986:7) gaheen afoolli afaan barsiisuu keessatti qabu barattootaaf olaanaa akka ta`e yommuu ibsu, “The many educational arguments put forward in the past for including literature are, of course, still valid, both interms of its contributions to the student`s `general knowledge ` and to their intellectual, social and moral development”.jedha. Akka yaada kanatti afoolli beekumsa waliigalaa barattootaa, gahumsa sammuu, guddina hawaasummaa gabbisuu keessatti gargaarsa guddaa godha.

Dabalataanis, gahee afoolli dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti qabu.Baddiluun (1996:6-7) Brumfit, C.J. and R.A. carter (1986) wabeeffachuun yommuu ibsu, *“በተለይ በማደግ ላይ ባሉ ሀገሮች የስነ-ፅሁፍ በስርዓተ ትምህርት ወስጥ መጠቃለሉ ለእድገት የሚያበረክተው አስተዎፅኦ ቀላል አይለም።ቋንቋ አራት ክህሎች አሉት፤ መናጋር፤ ማዳመጥ፤ መፃፍና ማንበብ። የሥነ-ፅሁፍ በትምህርት ወስጥ መካታትተ በከፍተኛ ደረጃ የማንበብን በመካካለኛ ደረጃ ደግሞ የማዳመጥን፤ የመናገርና የመፃፍን ክህሎች እንደየዳብሩ ያግዛል”: jedha.*

Yaada Kana irraa kan hubatamu keessattuu biyyoota guddachaa jiran keessatti adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti gaheen afoolli qabu olaanaa ta`uu isaa ibsa. Kana malees, Afaan dandeettiwwan gurguddoo afur (dhaggeeffachuu, Dubbachuu, Dubbisuufi Barreessuu)

qaba.afoolaan dandeettiiwwan Afaanii kanneen barsiisuun ammo, barattoonni dandeettiiwwan kanneen haala adda addaatiin akka cimsatan kan isaan gargaaru ta`uu isaa ibsa. Haaluma walfakkaatuun ogbarruu barreeffamatiif bu`uurrii afoola ta`uu isaa Birhaanu (2009:16) yoo ibsu,

> *If literature is the expression of societies, values, its art, both material and moral, its aspirations and frustrations, its songs of joy and sorrow, its tragedies, in short the sum total of societies reality and creations, then a lot of that literature is oral and only part of it is written even in the societies that have a long traditions of writing*. Jedha.

Akka yaada kanaatti ogbarruu jiruufi jireenya hawaasaa mul`isu keessaa harka caalaan afoola ta`uu isaa agarsiisa. Dhugaa haala jiruufi jireenya ummataa kanneen ogbarruu gabbataa qabu jedhaman dabalatee afoollii isa barreeffamaa caalaa kan sirritti ibsu ta`uu agarsiisa. Dabalatanis, Moosisaa (2002:2) yaada kana yoo ibsu, “Ogbarruu barreeffamatiif bu`uurri afoola” jedha.

Walumaagalatti,yaada armaan oliitti ibsaman irraa waanti hubatamuu gaheen afoolli baruufi barsiisuu afaanii keessatti qabu baayyee olaanaa ta`uu isaati. Kunis, afoolli gammachiisaafi kan qalbii namaa booji`uu danda`u waan ta`eef afaan barsiisuu keessatti akka meeshaatti tajaajiluun dandeettii barattootaa baay`ee akka gabbisu ni mul`isa. Dabalataanis, dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gaheen afoolli taphatu ol`aanaa ta`uu isaas nu hubachiisa.Afoolli kunis akka damee og-barruu tokkootti gaheen afaan barsiisuu keessatti qabu olaanaadha.Sirumaayyuu ogbarruufi afoolli garaagarummaa bu`uuraa akka hin qabnefi ogbarruu gaafa kaasnu harka caalaan afoola ta`uu isaa ibsameera.Kana jechuun ammo tokkichi isa kaan keessatti waan argamuuf waa`ee og-barruu yemmuu kaasnu afoolas kaasaatii jiraachuu keenya mul`isa jechuu dha.Dabalataanis, Og-barruu barreeffamaatiif bu`uurri afoola ta`uun isaafi afoolli kuni ammo dandeettiwwan afaanii cimsuu keessaatti gahee guddaa qaba.Kana malees, barattoonni dandeettiwwan arfan gadi fageenyaan xiinxaluun dandeettii isaanii akka gabbifataniif gaheen afoollii uummataa Oromoo qabu baay`ee olaanaadha.Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoola gargaaramuun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu irratti hammam akka xiyyeeffatan qaaccessuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf ammo kitaaba barnootaa kutaa torbaffaa bara 2005/2012 fi kutaa saddeetaffa bara 2005/2012

fooyya`anii maxxanfamuun hanga ammaatti tajaajila kennaa jiraanitu xiinxalameera. Kana malees, Af-gaaffiin barsiisotaafi barattoota kutaa saddeettaffa barataniif taasifameera. Maariin garees barsiisota kutaalee kanneen barsiisaniin gaggeeffameera.

### 1.2. Ka`umsa Qorannicha

Afoolli afaan barsiisuu keessatti gaheen inni qabu olaanaa akka ta`e Baddiluun (1996:1-2) Faqadaa(1988)fi warra biro wabeeffachuun yemmuu ibsu, *"ሥነ-ፅሁፍ በቋንቋ ትምህርት ዉስጥ የሚያበረክተዉን ከፈተኛ አሰተዋፅኦ አሰመልክቶ በርካታ ምሁራን ጠንካራ አሰተያየቶችን ይሰነዝራሉ፡ ሥነፅሁፍ በየትኛዉም ደረጃ ለሚሰጥ የቋንቋ ትምህርት እዉነተኛና ተጨባጭ አዉድን እንደሚፍጥር ምሁራን በአፅንኦት ይገልፃሉ::"*Jedha. Yaada Kana irraa akka hubatamutti, afoolli afaan barsiisuu keessatti gaheen inni qabu olaanaa akka ta`e beekttonni adda addaa yaada hedduu kennaniiru. Kana malees, barumsa afaanii sadarkaa kamittuu kennamu keessatti afoolli haqaafi karaa mijaa`ina qabuun afaan barsiisuuf haala mijaa`aa akka uumuu danda`u ibsa. Dabalataanis, Lazar (1996:15), yaada kana yoo ibsu,"Using literature in the class room is a fruitful way of involving the learner as a whole person and provides excellent opportunities for the learners to express their personal opinions, reactions and feelings".jedha.

Yaada kanarraa wanti hubannu afoolaan Afaan barsiisuun barattoonni yaada isaanii, fedha isaaniifi muuxannoo isaanii sirriitti akka itti ibsatan carraa guddaa banuurra darbee guddina afaan tokkootiif gahee olaanaa akka qabuu dha. Gama dandeettiiwwan afaanii afoolaan barsiisuttis yemmuu dhufnu Baddiluu (1996:1)Faqqadaa (1988) wabeeffachuun yemmuu ibsu, *"በሥነ-ፅሁፍ ሀሳብን በተሻለ መንገድ መግለጽ ይቻላል። ሥነ-ፅሁፍ በተመረጡ ቃላትና የአገላለፅ ስልቶች (ዘይቤዎች፤ ምሳሌያዊ አነገገሮች) በሚገባ ሀሳብን የሰተላልፋል። በዝህም የተነሳ ስነ-ፅሁፍን በቋንቋ ክፍል ዉስጥ መጠቀም የተለያዩ የቋንቋ ክሂሎችን በአዉድ አሰደግፎ ለማሰታማር ያሰችላል።"* Jedha. Yaada kana irraa akka hubatamutti afoolaan karaa fooyya`aa ta`een yaada ofii ibsachuun ni danda`ama. Afoolli jechoota filatamaniifi akkaataa ibsaa (dubii qolaa, ciigoofi mammaaksa)`n yaada qindaa`esirriitti dabarsa.Kanumarraankan ka`e afoolaan dandeettiiwwan afaanii haala keessa jiruun barsiisuuf ni dandeesisa jechuudha.

AkkaMulgeetaa(2019:9-10)Brumfitfi Carter(1986)wabeeffachuun ibsutti, "afoolli dandeettiiwwaan afaanii barsiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Biyyoota guddatanis

ta`ee kanneen guddachaa jiran sirna barnootaa isaanii keessatti afoolli akka hammatamu kan taasisan sababa kanaafi. Keessumattuu byyoota guddachaa jiran keessatti afoollii sirna barnootaa keessatti hammatamuun isaa gahee inni afaan barsiisuu keessatti qabu salphaa miti.''Yaada kanarraa wanti hubatamu biyyoonni guddatanis ta`ee kanneen guddachaa jiran afoolli sirna barnootaa isaanii keessatti akka hammatamu kan taasisan gaheen inni dandeettiiwwaan afaanii barsiisuu keessatti qabu olaanaa ta`uu isaatiFaayidaa afoolli baruu barsiisuu afaanii keessatti qabu ilaalchisee Dastaa (2013:84) Awoonor (1975) wabeeffachuun yommuu ibsu, "Afoolli dargaggootaaf beekumsa gaarii laata. Hangafa isaanii akka kabajaniifi jijjiirama amalaa akka fidan ittiin gorsuudhaaf meeshaa gaariidha" jedha. Yaada kanarraa hubachuun kan danda`amu afoolli barnootaaf meeshaa gaarii akka ta`ee dha. Kunis barattonni naamusa gaariifi jijjiirama amala akka fidan taasiisuurra darbee adeemsa baruufi barsiisuu keessatti Afaan Oromoo barsiisuuf bal`inaan osoo itti fayyadamnee barattootni dandeettiiwwan afaanii gurguddoo arfan akka cimsataniif gahee olaanaa qaba.

Walummaagalatti, beektoonni adda addaa afoolaan dandeettiwwan afaanii barsiisuun bu`aa gaarii akka qabu ni ibsu. Gara Afaan Oromootti yemmuu dhufnu akkuma afaanota biroo afoolaan ykn akaakuwwan afoolaa kanneen akka oduu durii, hiibboo, sheekkoo, mammaaksa, tapha ijoollee weedduufi kkf fayyadamuudhaan dandeettiiwwan afaanii barsiisuun shoora olaanaa qaba. Akka Asaffaa (2009:12) ibsutti,

> *Afaan oromoo Afrikaa keessatti afaan dubbataman gurguddoo sadii:Arabaa, Swahiliifi Hawusatti aanee afaan sadarkaa arfaaffaatti dubbatamu. Ammo, Itoophiyaa keessatti afaan %40 oliin dubbatamu afaan duraati. Haatahuuti, gad-qabaafi dhiibbaa bara dheeraa aadaafiafaan sabichaa irra tureen hanga dhiyootti afaan barreeffamafi afaan qorannoo/ qo`annoo hin taane.*

Yaada kanarra kan hubannu, afaanichi hacuuccaa sirnoota darbanirraa kan ka`e afaan barnootaa osoo hinta`in waggootii dheeraa lakkoofsiiseera. Erga afaan barumsaa ta`ee immoo waggootii muraasa lakkoofsiisaa jira.Waggoota muraasa kana keessattis kitaabni barnootaa afaanichaa Afaan Oromootiin qophaa`anii tajaajilaa jiru. Kitaabileen kunniinis yemmuu qophaa`an gahee afoolli afaan barsiisuu keessatti qabu ykn gahee afoolli dandeettiiwwan afaanii gurguddoo arfan barsiisuu keessatti qabu xiyyeeffannoo keessa galchuun haala gahaa ta`een kan qophaa`ee miti.Inni kuni immoo hanqina akka qabaatu nama hin mamsiisu. Dabalataanis adeemsa baruufi barsiisuu keessatti irra caalaatti barnoota

afaaniitiif afoolli gahee guddaa qaba. Haata`umalee, bal`inaafi akaakuu afoolaa ummanni Oromoo qabu wajjin wal bira qabnee yoo ilaallu, kitaabni barnootaAfaan Oromoo kutaalee adda addaatiif qophaa`an faayidaa afoolli ummatichaa dandeettiwwan afaanii barsiisuu keessatti qabu hubannoo keessa galchuun haala quubsaa ta`een kan qophaa`an miti.Kitaabilee haala kanaan qophaa'an keessaa tokko kitaaba barnoota Afaan oromoo kutaa torbaffaafi saddetaffaati. Kanaafuu, qorattuun kun kitaabilee kanneen keessatti afoolaan gargaaramuun dandeettiwwan afaanii barsiisuurratti qorannoo akka gaggeesituuf ka`umsa kan ta`e, afoolli uummata Oromoo hammaaramee hin dhumne kun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti gahee guddaa osoo qabuu adeemsa qophii kitaabilee kanneen keessatti ija afoola ummatichaa gargaaramuun dandeettiwwaan afaaniibarsiisuu irratti xiyyeefannoon jiru laafina qabachuu isaati.

Ka`umsi qorannoo kanaas kitaabileen kunniin afoolaan dandeettiwwan afaanii kanneen barsiisuurratti maal akka fakkaatan qorachuudhaan gaaffilee asiin gadiitiif deebii barbaadudha.

Gaaffileen qorannoo kanaan deebii argatan jedhamanii yaadaman kanneen armaan gadiiti:

1. Afoolawwaan kitaabileen kunniin dandeettiiwwaan afaanii barsiisuuf gargaaraman isaan kami?
2. Afoolawwan Oromoo keessaa gara caalaatti kitaabileen kun kan fayyadaman isaan kami?
3. Afoolawwan kitaableen kun gargaaraman, dandeettiiwwan Afaanii arfan barsiisuuf xiyyeeffannaa kenneeraa?
4. Afoolaawwan kitaabilee kanneen keessatti hojiirra oolan kun, hammam sadarkaa, dandeettifi aadaa barattootaa xiyyeeffannaa keessa galchuun dhiyaateera?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Ka`umsa gaaffilee armaan oliirratti hundaa`uun kaayyoon gooroofi gooree qorattuu tanaa kanneen armaan gadiiti.

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa akka waliigalaatti kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa torbaffaafi Saddeettaffaa keessatti afoolaan gargaaramuun dandettiiwwan afaanii barsiisuu qaaccessuudha

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa

1. Afoolawwan kitaabileen kunniin dandeettiiwwaan afaanii barsiisuuf gargaaraman adda baasuu
2. Afoolawwan Oromoo keessaa gara caalaatti kitaabileen kun kan fayyadaman isaan kam akka ta`e ibsuu.
3. Afoolawwan kitaabileen kun gargaaraman, dandeettiiwwan afaani arfan barsiisuuf xiyyeeffannaa kennuufi dhiisuu isaanii ibsuu.
4. Afoolawwankitaabilee kanneen keessatti hojjirra oolan kun, hammam sadarkaa,dandeettifi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchanii akka dhiyaatan ibsuu.

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Galma ga`iinsa adeemsa baruu barsiisuu dandeettiiwwan afaanii gurguddoo arfan barnoota Afaan Oromoo keessatti ga`e afoolaa beekuun barbaachisaadha.Qorannoon kunis, akkaataa afoolli dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti dhiyaatefi hojiirra oolmaa isaatiif qorannoo bu`uuraa ta`uu ni danda`a.

Haaluma kanaan waraqaa qorannoo kanarraa qaamoleen armaan gadii fayyadamtoota ta`uu danda`u.

1. Sirni barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneenii kallatti qorannoo kanaatiin yoo fooyya`e, barattoonni sadarkaa kana baratan dandeettiiwwan afaanii haala salphaa ta`een gonfachuu danda`u.
2. Namoota mata duree kanarratti qorannoo gadi fageenyaan adeemsisuu barbaadaniif ka`umsa ta`uu danda`a.
3. Namoota kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa sadarkaa kanaa qopheessaniif akka irra deebi`anii ilaalaniif isaan gargaara.
4. Barsiisoonni afaanichaa rakkoolee jiran hubatanii akka tooftaa biraa barbaadan isaan gargaaruu danda`a.
5. Barreeffamaan waan taa`uuf akka madda ragaatti tajaajiluu danda`a.
6. Qorattoota biroof kaka`uumsa uumuu danda`a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kan inni daanga`e, kitaaba barnoota Afaan oromoo kutaa torbaffaa kan bara 2005/2012 fi kutaa saddeettaffaakan bara 2005/2012 foyya`ee maxxanfamee hanga ammaatti hojiirraa jiru irratti ta`ee, qabiyyee afaanii kitaabilee kana keessatti argaman keessaa gahee afoolaan dandeettiiwwan afaanii gurguddoo arfan barsiisuu irratti. Kunis,adeemsa baruu barsiisuun wal qabatee galma ga`iinsa sagantaa barnoota keessatti afoolli dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf haala kamiin akka dhiyaate hubachuuf ammo kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaalee kanneenii qaaccessuu irratti kan daanga`eedha. Kunis, gama afoolaan dandeettiiwwan afaaniibarsiisuu irratti malee beekumsa afaanii kitaabilee kanneen keessatti argaman hin ilaalle. Sababni isaas garmalee waan bal`atuufi yeroo jiru waliin deemuu irratti gufuu ta`uu danda`a jedhamee waan yaadameef kitaabilee kanneen gama afoolaan dandeettiiwwan afaaniibarsiisuu irratti maal akka fakkaatan qaaccessuu irratti qofa kan daanga`eedha.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo gaggeeffamu kamiyyuu keessatti hanqinni jiraachuu danda`a. Qorannoon kunis adeemsa heddu keessa darbee sadarkaa kana gahuun kan xumuramedha. Haaluma Kanaan hanqinni adeemsa kana keessatti muudatan ni jiru. Isaan keessaa tokko Afaan Oromoo erga afaan barnootaafi ogbarruu ta`ee waggoota muraasa yoo ta`u, yeroo muraasa kana keessatti ammo kitaabileen wabii adda addaafi qorannoowwan afaanichaan hojjetamanii qorannoo kanaaf tumsa gochuu danda`an baay`ee muraasa. Kun ammo, qorattuun wabiilee adda addaa akka barbaaddetti fayyadamuuf gufuudha. Kana malees, qorannoon kuni kitaabileen kunniin gama afoolaan dandeettiiwwan afaanii arfan barsiisuu irratti maal akka fakkaatan qaaccessuu irratti qofa daanga`uu isaafi dandeettiiwwaniin ala beekumsa afaanii kitaabilee kanneenii ilaaluu dhabuun hanqina tokko ture. Hanqinni biraa ammo hanqina baajataafi yerooti. Kunis: hanqina baajetaatiin wal qabatee qorattuuf qorannoo kanaaf baajanni ittiin qorannicha adeemsiistu waan hin ramadamneef, haala barbaachisaa ta`een sochootee kitaabilee wabii adda addaa bitachuufis ta`ee kooppii godhachuufi meeshaalee barreessaa adda addaa guutachuu keessatti rakkoo guddaan muudachuu danda’eera.

Waalumaagalatti, qabxiiwwan armaan olitti tarreeffaman kanneen qorannoon kun haala barbaachisaa ta`een akka hin adeemsifamneef danqa uumanillee qorattuun human ishee cuunfitee hojjachuun tooftaa mataa ishitti gargaaramtee keessaa baatee jirti.

## 1.7. Qindaa`ina Qorannichaa

Hojiin qorannoo kanaa boqonnaalee adda addaa jalatti haala galma ga`iinsa kaayyichaatiif ta`uutti duraa duuba isaanii eeganii dhiyaataniiru. Isaanis: boqonnaa tokkoffaan: Ariirrata qorannichaa, ka`uumsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaa kan of jalatti hammatu yoo ta`u, boqonnaa lammaffaan ammoo: sakatta`iinsa barruuti. Akkasumas,boqonnaa sadaffaan mala qorannichaa ta`ee achi jalatti: Saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, mala filannoo iddattoo (kitaaba barataa, barsiisaa, baratаa), meeshaalee funaansa ragaa kanneen akka: sakatta`iinsa dokumeentii, marii gareefi af-gaaffiidha. Akkasumsa, tooftaalee qaaccessa ragaa of jalatti hammateera.Boqonnaa arfaffaa keessatti qaaccessaafi hiika ragaatu dhiyaatee jira.Boqonnaa shanaffaa keessatti cuunfaa,argannoofi yaboon dhiyaataniiru. Dhuma irratti wabiifi dabaleewwan jiru.

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Boqonnaa kana jalatti mata duree, "Qaaccessa Kiitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaafi Saddeettaffaa Keessatti Afoolaan Gargaaramuun Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuu." jedhuuf: yaada beektota adda addaa, sakatta`a barruu mata duree kana waliin firoomina qabaniifi yaaxinaalee qorannoo kanaaf bu`uura ta`an mata duree adda addaa jalatti haala kaayyoo qorannichaatiin wal simatuun gadi fageenyaan sakatta`amuun kan dhiyaateedha.

## 2.1. Yaadrimeewwan Afoolaa

Maalummaan afoolaa hayyoota hedduudhaan kitaabilee adda addaa keessatti ibsameera. Fedhasaa (2019:32) sims and stephens (2005) wabeefachuun akka ibsutti, "Afoolli gosa beekumsaa kamuu afaaniin daddarbu kan akka muuziqaa, seenaa tartiibaan himamu ykn bifa seenessuun dhiyaatu kan hawaasni ittiin amantaa qabu ibsatu of keessaa qaba." Dabalataan, Okpewhon (1992:2) akka ibsutti, "simply oral literature means literature delivered by word of mouth." Jedha.akka yaada haayyuu kanaatti Afoolli afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti daddarbaa dhufuu isaati. Itti dabaluun Malaaknah (1999:12) akka ibsutti, "Oral literature refers to the verbal heritage of man kind transmitted from generation to generation by word of mouth. It includes such antiquarian treasures as folk tales, proverbs, riddles, myths, legends, jocular anecdote, songs, lullabies and folk poetry."jedha.

Yaada kana irraa kan hubatamu, afoolli dhaloota tokkorraa gara dhaloota tokkootti afaaniin kan daddarbuufi kanneen akka: durdurii, mammaaksa, hiibboo, raagamtaa, sirbaafi kkf qabaachuusaati.

Dabalataanis, afoolli duudhaafi amantaa baatee dhalootaa dhalootatti barreeffamaa tokko malee kan dabarsuudha. Kanaaf, afoolli faayidaa bal`aa qabu keessaa dhugeeffannoo hawaasa tokkootiif madda raga ta`ee tajaajila jechuun ni danda`ama.Kanamalees,afoolli hangafa hojiilee kalaqaafi bifa ogbarruu umurii dheeraa qabu, yeroo dheeraa tureefi hawaasni yaada sammuufi mararfata aadaa ittiin ibsachuu eegaleedha.

Tafarii (2004:133) akka ibsutti, "Afoolli hojii huccuu miidhaginaa uffatee, miidhagina walitti qindeessee afaaniin dhalootarraa dhalootatti dabarsaa ture."Jedha. Inni kunis afoolli haalluu

miidhagina aartii gonfatee dhaloota irra dhalootatti, bara tokko irraa bara itti aanutti afaaniin darbaa kan dhufe og barruu uummataati. Adeemsa kana keessatti garuu kan itti dabalamuufi kan irraa hir'atu jiraachuu danda`a. kana jechuun: al tokko iddoo tokkotti uumama jechuu miti. Jireenya hawaasummaa keessatti sababa adda addaa irratti hundaa`ee uumamuu danda`a.

Fedhasaa (2019:33) Finegan (1970) wabeeffachuun yaadrimee kana yoo ibsu, "Afoolli seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, dinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatee akka as gahe mul`isa".

Dabalataanis, afoolli unkaalee kanneen akka: weedduu, faaruu, sheekkoo, mammaaksa, hiibboo, tapha ijoollee, durdurii fi kanneen biiro hammata." Gama biraatiin, Warquu (2010:1) yaada kana yoo ibsu, "Biyyoonni ardii Afrikaa keessatti argaman aadaan barreeffama isaanii osoo hin gabbattin turus afoola bal`aa qabaniifi qaroomina isaaniis Afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa kan dhufeen jiruufi jireenya isaanii ifa baasaa turaniiru. Ammas taanan bal`inaan kan itti fayyadamaa jiran ta`uu ragaaleen qabatamaa ta`an hedduun ni mul`isa."

Yaaduma kanaFinegan (1970) yammuu ibsitu, " In fact there is a strong indigenous tradition of both un written and written literature in Africa. The oral literature in particular process vastly more aesthetic, social and personal significance than would be gathered from most general publications on Africa." Jetti.

Moosisaa (2002:6) yaadrimee afoolaa yoo ibsu, "Afoolli hojii kalaqaa ta`eekan afaaniin dhalootaa dhalootatti darbuufi uummanni tokko jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatuudha." Jedha. Walumaagalatti, yaada beektootaa bu`uureeffachuun maalummaa afoolaa yoo ilaallu, Afoolli akaakuu ogbarruu keessaa tokkoofi ijoo ta`ee, hambaa uummataa, haala jiruufi jireenya ilma namaa dhaloota tokko irraa dhaloota itti aanutti afaaniin kan dabarsuu dha. Kana malees, Afoolli gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, hammeenyaafi marartee, badiifi badhaadha, gadadoofi qananii, kufaatiifi ka`uumsafi kkf jireenya hawaasummaa keessatti mul`atan agarsiisa.

Dabalataanis, Afoolli hojii kalaqa sammuu uummataati. Kunis, firii sammuu namaa kan dandeettii kalaqa sammuu ilma namaa keessatti mul`atu ta`ee, hojii huccuu miidhaginaa uffatee, jireenyaafi miidhagina walitti qindeessee afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsaa tureefi jiruudha. Afoolli kunis akkaataa uumama isaa irraa kaasee bifa raagootiin, afwalalootiin, mammaaksaan, hiibbootiin, durdurii, geerarsa , faaruufi kkf jiruufi jireenya uummataa agarsiisaa tureefi ammas agarsiisaa jiruu dha.

Kanuma bu`uureeffachuun, Hawaasni kamiyyuu afoola mataa isaa danda`e kan qabu yoo ta`u, uummanni oromoo ammo hawaasa afoola qaban kanneen keessaa hangafaafi isa tokkoo dha. Afoolli ummata keenyaabal`aafi galaana ta`ee, aadaa, seenaa, amantii, dhugeeffannoofi haala jiru fi jireenya waliigalaa ummatichaa dhalootaa dhalootatti afaaniin kan dabarsuu dha.

### 2.1.1. Amaloota Afoolaa

Afoolli amaloota adda addaa qaba. Isaan keessaa gurguddoon: lufummaa, garummaa, yeroo, sirnaafi tartiiba qaba, Hurrubummaa, uummatummaafi qindaayinadha. (Abarraa 1991:154)

#### 2.1.1.1. Lufummaa

Lufummaan amaloota afoolaa keessa isa tokkodha.Abarraa (1991:155) lufummaa yoo ibsu, “lufummaan Afoola dhalootaa dhalootatti darban yoo ta`u, innis karaa haasaa afaaniifi gochaani. Haasaa afaaniitiin kan darban: durdurii, abaarsa, eebba, hiibboo, mammaaksafi kkf. Gochaan kan darban ammo: sirba, ragada, qonnaa, dalaga, nyaata qopheessuu, dhiichisa, sirna ateetee, buttaafi kkf. yoo ta`u, Afoola kan dhalootarraa dhalootatti dabarsan miseensota hawaasati. Dhalootarraa dhalootatti yoo darbu akka jirutti hin darbu. Itti ida`ama yookiin ni hir`ata.”Dabalataanis, Tafarii (2004:134) akka ibsutti, “Lufummaan dhaloota tokko qofarratti hin dhaabatu.Dhalootaa dhalootatti darba.Kanaafuu, eenyu akka kalaqeefi yoom akka kalaqame waan hin beekamneef lufummaa isaatu hubatama jechuu dha.”

Akka waliigalaatti, yaadota hayyoolee armaan ollitti ibsamanirraa wanti hubatamu, lufummaan amaloota afoolaa keessaa tokko ta`ee, karaa haasaa afaaniifi gochaan dhaloota tokkorraa gara dhaloota birraatti kan lufu ta`uu isaati.

#### 2.1.1.2. Hurruubummaa

Hurruubummaan amala afoolaa miidhagina gonfatanii afaan keessaa yammuu ba`an gochaan walsimatanii dhiyaachuu isaaniti. Innis: gaaffiiwwan maaltu? Eenyutu? Akkamitti? Yoom? Eessatti? Hurruubama jedhaman kan deebii itti argataniidha. Qo`attuu afoolaa kan taate Finegan (1970:2) yaada kana yoo ibsitu, “The significance of performance in oral literature goes beyond a mere matter of definition: for the nature of the performance itself can make an important contribution to the impact of particular literary form being exhibited.”

Yaada kana irraa wanti nuti hubannuafoolli dhiiga, fooniifi lafee qabaatee hiikoo argaachuu kan danda`u hurruubummaa irratti hundaa`eeta`uu isaa hubanna. Hurruubummaan akaakuun afoolaa tokko ittiin dhiyeessu murteessaadha. Kunis, qaama ykn morma isaa dhommoksee yeroo ragadu ykn dhiichisu miira namaa rarraasee akka wajjin ragadan gochuu ni danda`a. kana malees sesseeqee ykn fuula isaa suntuursee kiiloolummaa uumaan qabutti fayyadamee yoo geeraru ykn yoo weellisu yaada namaa fudhatee namaan godaanuu ni danda`a. afoolicha keessattis dhaamsi dabarsu akka barreeffamaa siidaa sammuu namaa keessatti ni galmaa`a.

Dabalataanis, Abarraa (1991:157) yaaduma kana yoo ibsu, “ Afoolli sochii qaamaa of kessaa qaba. Hirmaattoonni afoolaa kamiyyuu sadarkaan garagara ta`uyyuu sochii qaamaa ni mul`isa. Afoola keessatti gochoonni garagaraa adeemsa mataasanii qabu.Garee hawaasaatiin dalagamu.”Jedha. Yaaduma kana kan deeggaru Tafarii (2004:134)“ hurrubummaan, ulaagaa guddaafi lubbuu afoolaati. Kunis sagaleefi weelluu, himuudhaan, gochaadhaan dhiyaata. Kunis dhiyeessaafi dhaggeeffataa yookiin daawwataa qaba.Gochi afoola ni miyeessa yookiin ni dhangaggeessa,” jedhun kaa`a.

Akka waliigalaatti, yaada hayyuuleen armaan olitti ibsanirraa wanti hubatamu, hurruubummaan amaloota afoolaa keessaa isa bu`uuraafi afoola tokkotti lubbuu horuun, mi`eessee, miidhagsee sagalee yookaan gochaan kan mul`atuu dha. Hurruubaan afoolaa tokko jamaa fuuldurattii yoo dhiyaatu qalbii daawwattootaa to`achuudhaaf waan amalli afoolichaa sun eeyyamu sagaleen yookaan gochaan raawwata.Kunis, jamaa fuuldurratti ogummaa dhuunfaa, meeshaalee barbaachisaniifi yoomessa waliin qindaa`anii dhiyaachuu qabu.Afoolli hurruubummaa hin qabu taanan lubbuu hin qabu.Baduus danda`a.

#### 2.1.1.3. Garummaa

Abarraa (1991:155) amaloota Afoolaa keessaa garummaa yoo ibsu, “Afoolaan nama tokko qofaan hin dubbatamu. Gareewwan aadaa, amantii, haala jireenyaatiin wal-fakkaataniifi walii galuu danda`an keessatti ni hirmaatu. Tokko yoo dubbatu kanneen biro ni dhaggeeffatu. Kana jechuun: hirmattoota yookiin dhaggeeffattoota qaba jechuudha. Dhaggeeffattoonni afoolaa sun akka itti fufu ykn itti hin fufne gochuudhaan dhiibbaa uumuu danda`u itti dabaluu ykn hir`isuus ni danda`u.” jedha. Kana malees, hurruubummaan yoomeessa adda addaa irratti hundaa`ee afoolaa tokko yoo dhiyeessu hirmaattonni ga`ee olaanaa qabu. Ga`ee olaanaa qabaachuu isaani: Ruth Finnegan (1970) akkas jette ibsiti. “ A further essential is the audience which is not the care with written forms is often direct involved in the actualization and creation of place of oral literature.” Jetti.

Akka waliigalaatti, yaada hayyootaa armaan olitti ibsaman irraa wanti hubatamu, hirmaannaan caqastootaa haala keessatti jedhamuun cimsee wal qabata. Akkuma dura ibsame afoolli iddoo uummanni wal ga`uufi dubbii keessatti ka`a. namni tokko ykn gareen tokko yemmuu dubbatu kaan ni caqasa. Caqasuu qofa osoo hin taane jalaa qabuunis akkaataa dubbii hawaasa Oromoo keessaa isa tokko.Geerarsallee wal jalaa qabanii walfuraa geeraru.Tokko waan gaarii hawwee halkanii guyyaa yaadaafi yaaddoon xuuxamuu mala. Yeroo geerarus sana tarreessee isaan kaanitti hima.

#### 2.1.1.4. Yeroo

Yeroon amaloota afoolaa keessa isa tokkodha. Abarraa (1991:156) akka ibsutti,“ Afoolaan si`a tokko qofa hojirra oolee kan dhabamuu miti. Yeroo eegee bara baraan deebi`ee hojjirra oola. Sababa qaroominaatiin bifa jijjiirrachuu garuu ni mala.”Jedha. Haaluma walfakkaatuun Tafarii (2004:133) yoo ibsu,“ jijjiiramni waan akaakileerraa akaakayyuutti, akaakayyuurraa abbaatti, abbaarraa ilmatti afaaniin darbuuf yeroo yeroon jijjiiramaa deema. Jijjiiramni kunis:

- Jijjiirama wal duraa duuba jechootaa, himootaafi yaadolee
- Jijjiirama jechootaa, himootaafi yaadolee afoolichaa.
- Jijjiirama yoomessaa fi qooddattootaa Afoolichaarratti hundeeffama.”

Walumaagalatti, yaada beektotaa armaan olitti ibsamanirraa waanti hubatamu, jijjiirama agarsiisuun amala afoolaati. Akkaataan jijjiiramichaas: haasawaafi yeroo irratti hundaa`eeti, hurruubaan tokko dandeettii isaatti fayyadamee yoo dhiyeessu hurruubaa biro irraa adda

addummaa waan qabuuf jijjiiramni afoola sana keessatti ni mul`ata jijjiiramni bara, haasawaafi yeroo adda addaa keessatti mammaaksa Oromoo keessatti mul`achuu danda`a yoo fudhanne fkn

- ✓ Ofiifuu hin galtuu loon hoofti.
- ✓ Ofiifuu hin galtuu harreen saawwan barbaada deemti.
- ✓ Ofiifuu hin qabdu gandatti uwwiftifi kkf dha

#### 2.1.1.5. Sirnaafi Tartiiba qaba

Akka Abarraa (1991:157) yaada kana ibsutti,"Afoolli sirnaan dalagamee, sadarkaa sadarkaadhaan tartiiba eegee raawwatama.Kunis, Hiibboo yoo gaafataan gaafataman hibib jechuu qaba.Weedduu duras hin ragadamu.Geeraraa duras hin cookamu."Jedha.

Yaada armaan olitti ibsame kanarra kan hubatamu, amaloota afoolaa keessaa tokko sirnaafi tartiiba qabaachuu qaba. Inni kunis adeemsa itti fayyadama afoolaa keessatti hirmaattoonni, gaafataafi deebii deebisaan qabaniidha.Sirnaafi tartiibaan hin dalagamne yoo ta`e, hiiknifi faayidaan afoolicha irraa argamu maquu danda`a.

#### 2.1.1.6. Uummatummaa

Tafarii (2004:134) yaada kana yoo ibsu, "Afoolli miseensota hawaasichaa hundaan kalaqamee kan uummanni hundi itti fayydamu kunis, Eenyu akka kalaqe yoom akka kalaqame hin beekamu.Kanaafuu, afoolli leecalloo yookiin qabeenya uummata hundaati malee hojii dhuunfaa miti."Jedha.

Dabalataanis, Abarraa (1991:158) haala walfakkaatuun yoo ibsu,"Afoollii qabeenya uummataati,akka kitaabaa abbaa barreesseen hin waamamu.Uummata sanaanwaamama." Je dha. Walumaagalatti, yaadota beektootaa bu`uureeffachuun amala afoolaa kana yoo ilaallu, afoolli qabeenya uummataati.afoolliOromoos kan saba Oromoo hundaati. Kanaafuu, hundi keenya abbummaa keessaa qabna jechuudha. Kana malees, Afoolli bu`aa sammuu gareeti malee kan nama tokkoon uumamu ykn kalaqamuu miti. Kunis, akaakuu afoolaa keessaa fudhannee, kuni kan abaluuti, kuni ammo kan abaluuti jechuu hin dandeenyu.

#### 2.1.1.7. Qindeessuu

Amaloota afoolaa keessaa tokko qindeessuu yoo ta`u, yaada kana Abarraa (1991:158) yoo ibsu, " Qindeessuun, yeedaloo uumuu, walaloo qindeessuu, filannoo jechootaafi miidhagina

isaa ilaala. Kunis, Hirmaattoonni yeedaloo baasuu, walaloo tarreessuu ykn uumu kun keessumattuu afoola walaloodhaan darban keessatti ni mul`ata." Jedha. Dabalataanis, Tafarii (2004:134) haala walfakkaatuun yoo ibsu, " afoolli tokko yeroo dhiyaatu haalaafi jechoota miira dhaggeeffataa tuquufi sagalee bareedaa, saffisa fudhatamaafi sochii qaamaa gammachiisaa wajjiin wal-qabatu qaba." Jedha.

Walumaagalatti, yaada beektotaa olitti ibsaman irraa wanti hubatamu, qindeessuun akkaataa itti afoolli tokko jamaadhaaf dhiyaatu kan ibsu ta`ee, kunis, akkaataa fudhatamummaa qabachuu danda`utti miidhagina uffisee naatoo kaayachiisee dhiyeessuu jechuu dha. Kunis, afoolli afaan tokko akka miidhaginaafi qindoomina horatu wantoota taasisan keessaa inni tokko dubbii kalaqaati.Halli dhiyeenya isaas afoolli sun hawwataa akka ta`u taasiisuu dha.Walumaagalatti, amaloota afoolaa armaan olitti beektoota adda addaatiin ibsaman kanneen amala isaanii adda baasanii beekuun adeemsa baruufi barsiisuufi qophii meeshaalee barnootaa keessatti gahee olaanaa qaba.

Dabalataanis, akkaataa barbaachisaa ta`een dandeettiiwwan afaanii barsiisuufis ta`ee, kan birootiif oolchuun barumsicha hawwataafi bu`aa qabeessa akka ta`uuf ga`een inni qabu olaanaa dha.

### 2.1.2. Akaakuuwwan Afoolaa

Akaakuuwwan afoolaa hayyoonni adda addaa haala adda addaa irratti hunda`uun qoqqoodaniiru. Kunis akaakuun afoolaa hagana jedhanii ibsuun kan nama rakkisu ta`uu isaa AndrzejeWski (1985: 44) yoo ibsu, "It is extremely difficult to establish a universal classification of genres of oral literature." Jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu akka waliigalaatti, afoola qooduun bay`ee rakkisaa ta`uu isaati. Haaluma walfakkaatuun afoola akaakuudhaan qooduu irratti rakkisaa ta`uu Fedhasaa (2019:36)yoo ibsu,"Qoqqooddiin hayyoonni afoola Oromoo irratti raawwatan wal qabataa miti. Namoonni akkuma hubatanitti waan raawwataniif qoqqooddii sirnawaan afoola Oromoorratti hin raawwatamne." Jedha.

Dabalataanis,Beekan (2015:26) yaaduma kanayoocimsu,

" Afoola qoqqooduurratti rakkoon yeroo dheeraaf tureera. Namoonni hangi tokko 'Protagoni st'irratti hundaa`anii qoodu.Kanneen biro ammo faayidaafi madda durdurii ilaalanii qoodu.Warri hafanis yoomessa durduriin qoodu. Kanaafuu, haala nama amansiisuun afoola q oqqooduun rakkisaadha."

Walumaagalatti, yaada hayyootaa armaan olitti ibsaman irraa kan hubatamu afoola ummata Oromoo akaakuu daanga`aa ta`eetti qooduun rakisaa dha. Yaata`umalee, yaaxina duraan ture fayyadamuunis ta`ee akka hawaasni itti qoqqoodu bu`uureeffachuun afoola Oromoo qoqqoodanii ilaaluun barbaachisaa dha.Fedhasaa (2019:36) Okpewho (1992) wabeefachuun afoola Oromoo iddoo gurguddoo saditti qooda. Isaaniis:“ Raagoo, afwaalaloofi afoolawwan unka gaggabaaboo”

### 2.1.2.1. Raagoowwan

Raagoon afaan giddu galeessaa ta`ee muuxannoo ittiin waliif kan dabarsaniidha. Fedhasaa (2019:36) yaada kana yoo ibsu, “Seeneffamootni afoolaa seenaalee sammuu keessatti kalaqamanii afaaniin himamaniidha. Waa`ee taatee bara durii : walitti dhufeenya waaqaafi namaa, uumamaafi uumaa, namaafi naannoosaa jidduutti mul`ata seenessu. Ergaa tokko dabarsuuf dhugaa irratti hundaa`uun kalaqamuu ykn dhugaa irraa maqaanii himamu.”

Haaluma walfakkaatuun Oring(1986:) yaada kana yoo ibsitu, “ Narrative is another word for story. Narrating is a method by which an experience is transformed into averbal account… Anarrative is conceptualized as a whole, not as a mere list of clauses or sentence.” Jetti. Yaada kana irraa kan hubatamuu, gochoonni, taateewwan, fedhiin namootaa wal simatanii raagoodhaan dhiyaatu. Kana malees, tokko kan biro irraa fudhatee duubatti deebi`ee fuuldurattis aggaamee kan ittin of ilaalu ta`uu isaafi fuldurattis “ maaltu ta`uu mala?” kan jedhu ittiin hubatama. Walumaagalatti, yaada beektotaa bu`uureeffachuun maalummaa raagoo yoo ilaallu, Raagoon adeemsa muuxannoo jireenyaa keessatti uummanni kan dabarse kan waliif seeneessu, kan ittiin waliigalu, naannoo keessa jiraatu kan itti hubatu, falaasama isaa kan ittiin gaggeessu, amantii isaa kan ittiin calaqqisiisu, “ waan gaariin dabarse yookiin gadheen raawwadhe,” jedhee kan itti yaadatu hojii sadaati jechuu dandeenya.

Raagoon akaakuuwwan gurguddoo sadi kan qabu yoo ta`u, Isaanis: raagamtaa, afseenaafi durduriidha (Okpewho 1992:127-150).

#### 2.1.2.1.1. Raagamtaa

Raagamtaan jechoota “raagoofi amantaa” jedhaman irraa kan madde ta`ee, waa`ee amantaa raaguu ykn seenessuu jechuudha. Fedhasaa (2019:41) akka ibsutti, “ Raagamtaan wantootaafi

gochoota osoo addunyaan kun bifa har`aa hin qabaatin dura raawwataman seenessa. Heddumminaan waa`ee gochoota namoota kabajamoo, waa`ee uumaafi uumamaa, hojii ajaa`ibsisoo ergamootaan bara durii addunyaa keessa jiruun alatti raawwatan kan seenessuudha." Jedha.Dabalataanis, Mulugeetaa (1999:164) yaada kana yoo ibsu, "Raagamtaan madda odeeffannoo akka ta`etti fudhatama. Aadaa barreeffamaa osoo hin dagaagin duras seenaan dhala namaa barreeffamaan osoo hin calqabin dura madda raga…." Jechuun kaa`a.

Walumaagalatti, yaada hayyootaa armaan olii irraa wanti hubatamu, Raagamtaan haala jiruufi jireenya ummataa keessatti amantaa hawaasaa kan seenessuudha. Raagamtaa qabiyyeerratti hunda`uun bakka saditti qoodama. Isaanis: Raagamtaa uumamaa, raagamtaa ergamtootaafi raagamtaa goototaati. (Fedhasaa 2019:42).

#### 2.1.2.1.2. Af-seena

Af seenni akaakuuwwan raagoo keessaa tokko ta`ee, Ummata tokko keessatti waa`ee namoota sadarkaa olaanaarra jiranii kan seenessuudha. Kana malees, seenaa namoota aangoo isaaniitiin ummata bulchaa turanii seenessa. Fedhasaa (2019:50) akka ibsutti, " Bulchitoonni akkanaa wantoota ajaa'ibsiisoo ta`an raawwatan yookaan yaalani darban. Bulchiinsi isaanii karaa tokkoon uummata mufachisa.Aangoo qabanitti fayyadamanii waan hawaasni gochuu hin dandeenye ajaju.Dhumarrattii, cubbuun hawaasichaa isaan galaafata."
Walumaagalatti, yaada hayyootaa olitti ibsaman irraa wanti hubannu, afseenni akaakuuwwan raagoo keessaa tokko ta`ee wanta darbe irratti hundaa`uun afaaniin seeneffama.Gochi as keessatti rawwates dhugaa yookaan soba ta`uu danda`a. kana malees, gochi raawwateera jedhamu 'gaarii' yookiin 'yaraa' ta`uu danda`a.

#### 2.1.2.1.3. Durdurii

Durduriin ummata Oromoo akaakuuwwan raagoo keessaa kan bifa hololoo ykn seenessuutiin mul`atuufi dhalootaa dhalootatti afaaniin darbaa as gaheedha. Warquun (2010:233) akka ibsutti, "Durduriin akaakuuwwan afoolaa keessaa tokko ta`ee, ummanni kunis durdurii isaatti gargaaramee tokkummaa, jaalala, cimina, waliif yaaduu, abshaalummaafi gowwummaa, waltumsuu, mirgaan galuufi kkf ummata isaa ittiin barsiifata. Kana malees, nama rakkoo qabu ittiin qeequuf, ittiin wal bashanansiisuuf galgala maatii waliin gaggeeffama."

Dabalataaniis, Fedhasaa (2019:40) akka ibsutti, “ Durduriin seenaa addunyaa kana keessatti bara dheeraa dura raawwate seenessa. Taateewwan raawwataman dhugaarratti hundaa`u. nam fakkiileen achi keessa jiran waanuma namni addunyaa kana keessatti raawwachuu danda`u raawwatu.”Jedha. Kana malees, Fiqaadee (1991:52-53) akka ibsutti, “ ተረት በማንኛዉም ማህበረሰብ ውስጥ ያለ፤ በዕለታዊ ህይወት በተለያየ መልክ የሚከወን ጉዳይ ነዉ። እንስሳት፤ ሰዎች፤ መናፍሰት ወዘተ. ገፀ-ባህርያት ሆነው የሚሳሉባቸው ተረቶች ይተረታሉ። እነዝህ ደግሞ በስድንባብ፤ በግጥምና በሁለቱም ሲተረቱ ይገኛሉ።ከነዝህም ክንዋኔዎች ደሰታን፤ ትምህርትን፤ ምግባርን፤ ወዘተ…።”jedha.

Yaada kanairraa kan hubatamu, durduriin aadaa hawaasa kamiyyuu keessatti kan argamu ta`ee, jireenya guyyuu keessatti haala jiruufi jireenyaa ittiin ibsachuuf bifa hololoo, walaloofi lamaaniin kan dhiyaatudha. Qooddattoonni durduriitiis: namoota, bineensotafi kkf ta`uu danda`a. kana malees, durduriin hawaasa tokkoo faayidaa hedduu hawaasa sanaaf kan kennu yoo ta`u, isaanis: gammachiisuuf, barsiisuuf, naamusa gaarii ittiin barsiifachuuf, iccittii jireenya ittiin hubachiisuuf, gaarummaafi kkf ittiin barsiisuuf gahee guddaa qaba.

Walumaagalatti; yaada beektotaa olitti ibsaman irraa kan hubatamu, durduriin aadaa Uummata kamiyyuu keessa kan jiruufi haala jiruufi jireenyaa ibsuufis ta`ee ittiin barsiisuuf gahee guddaa kan qabuudha. Haaluma kanaan durduriin ummata Oromoo biratti bay`ee beekkamaafi jaalatamaa ta`ee, ummatichis durdurii isaatiin daa`imman isaanii ittiin bohaarsuuf, naamusa gaarii ittiin barsiisuuf, wanta gaariifi yaraa ta`e ittiin barsiifachuufi kkf kan itti tajaajilamaa tureefi jiruudha. Durduriin muuddannoo jireenyaa barsiisu tokko haala itti aanuun dhiyaatera.

### 2.1.2.2. Af walaloo

Afwalaloon akaakuuwwan afoolaa keessaa tokko ta`ee, dhalli namaa jiruufi jireenya isaa ittiin ibsachaa kan tureefi jiruudha. Moosisaa (2002:52) akka ibsutti, “ Ummanni Oromoo bara durii kaasee haala jiruufi jireenyaa: gadda, gammachuu, hawwiifi kkf kan ittiin ibsachaa ture keessaa tokko afwalaloo dha.”

Dabalataanis, Fedhasaa (2019:56) yaada kana yoo ibsu, “Afwalaloon walaloo sammuu keessatti kalaqamee afaaniin walaleeffamu ta`ee, aadaa, duudhaa, seenaafi haala jiruufi jireenya uummata tokkoo afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Afwalaloon kunis amaloota akka; dhikkisa, unata, durdura, safaraafi irra deddeebii sagalee qaba.”

Yaada olitti ibsaman irraa kan hubatamu afwalaloon Oromoo akaakuuwwan afoolaa keessaa tokko ta`ee, dhalli namaa jiraachuuf sochii erga gochuu jalqabee kaasee itti fayyadamaa waan dhufeef umurii dheeraa lakkoofsiseera. Dabalataanis, ilmi nama yaada isaa barreeffaman osoo ibsachuu hin jalqabin dura kan ittiin ibsachaa ture keessaa afwalaloon isa tokko dha. Kana malees, bu`aa bahii jireenyaa keessatti: hawwii, abdii, badii, jaalala, jibba, walumaagalatti, haala jiruufi jireenya isaa afwalaloon ibsachaa kan tureefi jiruudha.

Afwalaloon ummata Oromoo akaakuuwwan adda addaa akka qabu beektonni hedduun ibsaniiru. Fedhasaa (2019:56) akka ibsutti,“ Afwalaloon Oromoo bakka gurguddoo torbatti qoodamu. Isaanis: geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba,/abaarsafi tapha ijooleeti.”

#### 2.1.2.2.1. Geerarsa

Geerarsi akaakuuwwan afwalaloo afoolaa keessaa tokko ta`ee afwalaloowwan kanneen biro irraa haala itti dhiyaatutu adda isa godha.Fedhasaa (2019:57) akka ibsutti, “Geerarsi aadaa oromoo keessatti bay`ee beekamaadha.Sababni isaas, dhageettii keessoo isaanii, aarii gaddaafi gammachuu qaban geeraranii ibsatu. Kanaafuu, geerarsi dhimma adda addaatiif geerarama.” Dabalataanis, Moosisaa (2002:70-71) akka ibsutti, “ Geerarsi akaakuuafwalaloo afoola Oromoo keessaa tokko ta`ee, dhimmoota adda addaatiif kan geeraramuudha. Kana malees, Geerarsa walharkaa fuudhuun akka seera qabuudha.”Haaluma walfakkaatuun Warquu (2010:5) yoo ibsu, “Geerarsi afoola hawaasa Oromoo biratti balinaan beekaman keessaa isa tokkodha.Miira ummataa sochoosufis human qaba. Kan geeraramus: roorroo, misooma, gadda, gammachuu, quuqqaa, gootummaa kkf ittiin ibsatu.”

Walumaagalatti, yaada hayyootaa armaan olitti ibsaman irraa kan hubatamu, Geerarsi akaakuu afoolaa ummanni Oromoo qabu keessaa tokko ta`ee, bifa walalootiin kan dhiyaatudha. Geerarsi aadaa Oromoo keessatti bay`ee beekamaafi jaalatamaa ta`ee, miira aarii, gammachuu, gadda, mararfannaafi kkf of keessaa qabachuun nama bashanansiisuu, onnachiisuufi kakaasuuf gahee guddaa qaba. Kana malees, ummanni kun, akkuma ummata

biroo falaasama, amantiifi aadaa mataa isaa ni qaba. Qabeenya qabu kanas afoolatti fayyadamuudhaan dhalootaa dhalootatti dabarsaa tureera.Geerarsis akaakuu afoolaa bifa walalootiin dhiyaatu keessaa tokko ta`ee, Geerarsa kanaaf ammo dandeetti barbaachisa.Akkasumas, seera mataa isaa qaba. Kana jechuun: geerarsi yeroo wal harkaa fuudhanis ta`ee, yeroo geeraramu seera mataa isaa danda`e qaba.jechuudha. Walumaagalatti. Geerarsi kan gootummaarratti hundaa`e, kan dinagdeen wal qabatuufi rakkoo siyaasaarratti akka hundaa`uu danda`u ni mul`ata.

#### 2.1.2.2.2. Weedduu

Weedduun akaakuu afwalaloo Oromoo keessaa tokko ta`ee, walaloo dhuunfaadhaanis ta`e gareedhaan miira aarii ibsuufi tarkaanfii fudhachiisudha. Fedhasaa (2019:59) akka ibsutti, " Weedduun walaloo miira aariin guutameedha. Namni tokko hawaasa keessatti jaalatee dhabuu, waan barbaade dhabuufi kkf irraa kanka`e rakkoo xin- sammuusaa walaloon ibsata. Xiiqii keessa galees ejjennoo fudhachuuf dhaadata.Miira kana hudaayyuu weedduutu calaqqisiisa."

Yaada kanarraa kan hubannuu, weedduun akaakuu afwalaloo ummanni Oromoo bara durii irraa kaasee itti fayyadamaa tureefi jiruudha. Kunis, dhuunfaadhaan yookiin gareedhaan kan weeddifamudha. Weedduun kunis dhimoota adda addaatiif ummanni kan itti fayyadaman yoo ta`u, kunis akaakuu adda addaa qaba. Fedhasaa (2019:59) akka ibsutti, "Qabiyyee of keessaa qabuun weedduun gosa adda addaatti hirama.Gosoonni kunneen hawaasa keessatti kan jiraniifi waltajjii irratti weeddifamanis kan qabaniidha." Walumaagalatti, weedduun akaakuu afwalaloo Oromoo keessaa tokko ta`ee wantoota xinsammuu irratti rakkoo geechisan dhuunfaanis ta`ee gareedhaan kan ittiin ibsachaa turaniifi ammas, ittiin ibsachaa jiraniidha. Weedduun kunis akaakuu adda addaa kan qabu yoo ta`u, isaan keessa tokko weedduu jaalalaati.

#### 2.1.2.2.3. Sirba

Uummata Oromoo biratti sirbi akaakuu af-walaloo keessaa bal`inaan faayidaarra kan ooluudha. Moosisaa (2002:51) akka ibsutti, " Sirbi karaa uummanni tokko gammachuu, jaalala, quuqqaa, murannoo qabu ittiin ibsatuudha. Uummanni Oromoos sirbatti gargaaramee waan miira isaatti dhaga`ame ittiin ibsata; wal faarfata; hojiif wal kakaasa; wal gorsa." Dabalataaniis, Warquu (2010:253) maalummaa sirbaa yoo ibsu, " keessattuu sirbi jaalalaa

kan jaalaalaaf sirbamu ta`ee, tokko tokkoon walirraa fuudhanii, wal dhaggeeffatanii kan sirban yoo ta`u, kunis yeroo gara garaa kan sirban dubartoonni yennaa qoraan cabsan, akkasumas, dhiirri yeroo hojii daboo keessatti sirbama.” Kana malees, haaluma wal fakkaatuun Fedhasaa (2019:61-62) akka ibsutti, “ sirbi walaloo miira gammachuu mul`isu ta`ee, sochii qaamaatiin kan wal qabatuudha. Sirbi kunis, dhimma sirbamuuf irratti hundaa`uun gosoota adda addaatti qoodama.Isaanis: sirba jaalalaa, sirba cidhaa, sirba hojii, sirba ajjeesaafi kkf fa`a.”

Walumaagalatti, yaada hayyoota armaan olii irraa kan hubatamu, akaakuuwwan af-walaloo keessaa tokko sirba. Uummanni Oromoos yeroo gammachuus ta`e yeroo gaddaa kan ittiin yaada isaa ibsatuu dha. Sirbi kunis walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurruubummaan dhugooma. Afwalaloowwan Oromoo keessaa sirba kan adda godhu miira gammachuun guutamee jiraachuudha. Sirbi dhimma sirbamuuf irratti hundaa`uun akaakuu adda addaa kan qabudha.

**2.1.2.2.4. Faaruu.**

Faaruun afwalaloo uummanni tokko fedhii keessoo isaa jiru ittiin ibsatuu dha. Fedhasaa (2019:63) yoo ibsu, “ Faaruun walaloo miira mararfannaadhaan guutamee jiruu dha. Namni tokko waan faarsu sana jaalatee mararfata. Wanti faarsamu sunis: biyya, hiriyaa, haadha, abbaa, loon, dachee, waaqa, gootaafi kkf ta`uu danda`a.”

Kana malees, Moosisaa (2002:66) faaruu loonii yoo ibsu, “ Uummanni Oromoo loon isaatiin bay`ee beekamaadha. Loon isaatifis jaalala guddaa qaba. Jaalala qabu kanas faaruu adda addaatti fayyadamuun loonsaa ni faarsa. Kunis, yeroo qotiisaa, yeroo siribii, yeroo miidhaan dhayichaafi kkf ta`uu danda`a.”

Warquu (2010:111) haaluma walfakkaatuun yoo ibsu, “Ummanni Oromoo qabeenya naannoosaatti argamaniifi itti fayyadaman mara ni kunuunsa; ni jaallata. Akkasumas, ni faarsa. Keessattuu looniif iddoo guddaa kenna; ni faarsas.” Walumaagalatti, yaada hayyootaa armaan olitti ibsaman irraa kan hubatamu faaruun af walaaloowwan Oromoo keessaa tokko yoo ta`u, uummanni Oromoo afwalaloo kanatti fayyadamuudhaan wantootaa naannoo isaatti argaman keessaa kanneen jaalalaafi kabaja qabuuf faaruudhaan ibsata. Faaruun kunis waan faarsamu irratti hundaa`uun akaakuu adda addaa qaba

#### 2.1.2.2.5. Eebbafi Abaarsa.

Eebbii aadaa Oromoo keessatti bal`inaan kan beekamu ta`ee, jaarsoliifi hangafootaan kan gaggeeffamuudha. Geetaachoo (2007:141-142) akka ibsutti, “ Eebbi yaada gaarii akka qabeenya dagaagfatan, akka jireenya hawaasummaa jaalatamaa ta`u, namni tokko nama biraatiif hawwuudha. Kunis, yeroo adda addaa kan kennamu ta`ee jaarsoliifi hangafootaan gaggeeffama.” Dabalataanis, Warquu(2010:139) yoo ibsu, “Eebbi afoola keessaa isa tokko ta`ee uummata Oromoo biratti iddoo guddaa qaba. Kana malees, eebbi: waaqa kadhachuuf, kabajaafi raawwii sirnoota adda addaa irratti gaggeeffama.” Haalumawalfakkaatuun Fedhasaa (2019:66) yoo ibsu,” Aadaa Oromoo keessatti eebbifi abaarsi baay`ee beekamoodha. Oromoon waan gaarii ni eebbisa; waan badaa ni abaara. Eebbi gosoota adda addaa qaba.Isaanis: eebba gaa`elaa, daboo eebba gadaa, eebba maaddii, eebba irreechaa, eebba ateeteefi kkf ta`uu danda`a.” Walumaagalatti, yaada hayyootaa armaan oliirraa kan hubatamu, Uummanni Oromoo duudhaa hawaasa ofii ittiin eeggatu keessaa tokko eebbaafi abaarsa. Gaarii eebbisee tolcha.Yaraa ammo abaaree balleessa. Kanas kan godhuuf safuun akka hin cabne, uumaan akka hin dabne, dhugaan akka hin cabne, gochuufi duudhaa ofii iddootti eeggachuuf, karaa gaariirra wal-gaggeessuufi hawwiifi abdii qabu dhugoomsuuf itti gargaarama.

Dabalataanis, gocha jibbamaa kanneen akka:hanna, soba, gantummaafi kkf akka keessaa baduuf gorsa. Kan gorsa dide akka buqqa`uuf abaara.Kunis ittiin wal sirreessuuf, wal too`achuuf malee abaaree balleessuuf miti.Eebbi kunis akaakuu adda addaa qaba.

#### 2.1.2.2.6. Tapha Ijoollee

Taphni ijoollee akaakuu afoolaa bifa walalootiin dhiyaatudha. Kunis ijoollen taphichaan boh aaruu, bashannanuufi dandeettii waa yaadachuu bal`ifatu. Moosisaa (2002:57) akka ibsutti, “ Hawasa kamiyyuu biratti ijoolleen yeroo isaanii kan ittiin dabarsan tapha adda addaa qabu. Tapha kanas kan baratan hawaasuma keessa jiran keessayi.” Dabalataanis, Fedhasaa (2019:72) yoo ibsu, “ Taphni ijoollee ijoollen dandeettii waa yaadachuu isaanii akka bal`ifataniifi wantoota naannoo isaani jirus ittiin qayyabatu. Gareedhaan wal jalaa fuudhanii jechuunis walbohaarsu.”

Walumaagalatti, yaada hayyootaa olitti ibsaman irraa kan hubatamu, taphi ijoollee uummata Oromoo biratti bay`ee beekkamaadha. Kunis, nama lamaafi isaa oliin kan taphatamu ta`ee ijoollen bashananaa aadaa, duudhaa, safuu, waan gaariifi yaraa akka wal hin mukoofneefi hirriibni hin qabne tapha adda addaa itti himuudhaan ykn waliin taphachuudhaan yeroo isaanii dabarsu. Ijoollenis isa maatii irraa dhagahan sana yeroo bay`ee waliin ta`uun taphatu. Inni kuni ammo dandeettii dhaggeeffachuufi dubbachuu cimsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Taphni ijoollen taphatan akaakuu adda addaa kan qabu yoo ta`u, isaanis:

- Tapha ijoollee bifa gaaffiifi deebiin taphatamu.
- Tapha ijoollee lakkoofsarratti bu`ureeffamee taphatamu.
- Tapha ijoollee jechaafi gochaan taphatamu.

### 2.1.2.3. Afoolawwan Unka Gaggabaaboo

Unkawwan gaggabaaboon gosa afoolaa bifa gabaabinaan qindaa'ee jechoota muraasan ergaa bal'aa dabarsuudha.Fedhasaa(2019:75) akka ibsutti, "Qareeyyiingosa afoolaa bifa gabaabinaan dhiyaatanii jijjiirama amalaa fiduuf, qalbii namaa moo'achuuf, suura waan tokkoo sammuu namaa keestti kaasuuf gahee guddaa qaba.Innis akaakuwwan adda addaa ofkeessaa qaba. Isaanis: mammaaksa, hiibboo, jechama, ciigoofi kkf dha."

#### 2.1.2.3.1. Mammaaksa

Afoola Oromoo keessaa mammaaksi isa tokkoo dha. Seenaa Ummata Oromoo keessattis gaheefi hiikaa guddaa qaba., Mammaaksi kan beekumsaafi hubannoo gadi fageenyaa nama gaafatuufi yaada hayyuuti. Geetaachoo.(2007:142) yoo ibsu, "Mammaaksi yaada ykn dubbii dheeraa hima gabaabaan mala kurfeessanii teessisani.Dabalataanis, mammaaksi Uummata Oromoo biratti iddoo guddaa qaba." Haaluma walfakkaatuunFedhasaa(2019:76) akka ibsutti,"Mammaaksi gosa qareeyyii keessaa tokko ta'ee bu'aa bahii jiruufi jireenya dhala namaa haala Udumamaankan ibsuu dha." Dabalataanis, Abarraa(1999:iv) yoo ibsu, "Mammaaksi akaakuu afoolaa keessaa isa tokko yoo ta'u, yaada bal'aafi gadi fageenya qabu jechoota filatamoofi hima gaggabaaboodhaan ibsuu kan danda'uudha." Haaluma walfakkaatun Ruth Finnegan(1970:338) yoo ibsitu, "The Proverb is amore of compressed or forceful language." jetti. Yaada kanarraawanti hubatamu mammaaksi jechoota

filatamoodhaanergaa bal'aa ta'e dabarsuu kan danda'uudha. Walumaagalatti, yaada hayyoota olitti ibsaman irraakan hubatamu, Mammaaksi aadaa Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba.

Namni mammaaksa beeku tokkollee akka nama beekaa tokkootti lakkaawwama.Yeroo baay'ee mammaaksi kan mammaakamus maanguddootani.Sababni isaas maanguddoonni mu uxannoo qabanirraa waa hedduu waan dubbachuu danda'aniifi. Gabaabummatti, mammaaksi:aadaa, duudhaa,amantii, siyaasa,falaasamaafi ilaalcha Uumataa ni calaqqisiisa.

Mammaaksi Ummata Oromoo faayidaa guddaa qaba.Kunis, mammaaksi himoota gaggabaabaatti fayyadamuudhaan yaada cimaa dabarsuudhaan beekama. Warkuu(2010:67) akka ibsutti, "Akkuma lammiin barate yeroo ammaa saayinsii xiinsammuutiin wal gorsu,ummanni Oromoo bara duriirraa eegalee, gorsaaf,jibbaaf, jaalalaaf, walumaagala, rakkoo hawaasa keessatti mul'atan furuudhaaf maammaaksattii fayyadamaa tureera." Dabalataanis, Geetaachoo(2007:142) yoo ibsu, "Mammaaksi humnaafi yeroo qusachuuf akkasumas dubbii haala hin irraanfatamneen dabarsuuf ykn hubachiisuuf gargaara."Kana malees, Fedhasaa(2019:76) yoo ibsu, "Jiruu Uummata Oromoo keessatti mammaaksi shoora olaanaa taphata.Kunis, haala keessatti mammaakameen ergaa dabarsuuf ga'umsa olaanaa qaba. Akka kanaan: dandeettii nama madaaluu, laphee laaffisuu, onnachiisuu, miira hawwachuufi gammachiisuuf hedduu tajaajila." Haaluma wal-fakkaatuun

R, Finegan(1970:415) yoo ibsitu, "Proverbs are essential to language without them. The language would be but a skeleton without flesh, a body without soul." jetti. Yaada kanarraa wantii hubatamu mammaaksi kan akkanumaan dubbatamu osoo hin taane, kan itti yaadamee yaada tokko gabbisuuf ykn miidhagsuuf jecha dubbatamudha. Kunis, Mammaaksi koobaa dubbii ta'uu mul'isa. Dabalataanis,faayidaa mammaaksi rakkoo hiikuurratti qabuFinegan(1970:412-413) yoo ibsitu, "societies in which there is marked latent conflict or in which there is particular need to regulate formalized conflicts, that proverbs relay on specially large part." jetti. Yaad kana irraa kan hubatamuu, mammaaksi callisaniituma tasa kan dubbatamu osoo hin ta'in, namoonni muuxannoo qabanirraa ka'uudhaan hojiifi amala namaarratti yaada ykn gorsa kennuudhaan kan dubbatamuudha. Kana malees, faayidaa mammaaksi guddina afaaniif qabu Moosisaa (2002:25) yoo ibsu, "Guddina afaan tokkootiif mammaaksi akka shoora guddaa taphatu gaaffii hin qabu. Afaan akka beekamutti, namni

mammaaksarratti dandeettii guddaa qabu, gadi fageenyaan beekumsa afaanii ni qaba. Kunis, beekumsi mammaaksaa mallattoo dandeettii afaanii ta'uusaa agarsiisa."

Walumaagalatti, Mammaaksi akkuma akaakuu afoolaa biroo abbummaa dhuunfaa kan hin qabneefi afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuudha. Mammaaksi Ummata Oromoo kunis faayidaa hedduu kan qabu yoo ta'u, keessattuu gama adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti dandeettiiwwan afaanii shaakalchiisuuf gaheen inni qabu olaanaa dha.

**2.1.2.3.2. Hiibboo**

Hiibboon Oromoo akaakuuwwaan afoolaa Unka gaggabaaboo keessaa tokko ta'ee, qabeenya Ummanni Oromoo dilbeessee, olkaayatee dhalootaa dhalootatti dabarseedha. Geetaachoo (20 07:143) yaada kana yoo ibsu, "Hiibboon Afaan Oromoo keessaatti akaakuu afoolaa ta'ee, bifa gaaffii fi deebiin dhiyaata.Kunis haala ittiin taphatamuun seera mataa isaa qaba."Dabalataanis, Warquu(2010:186) yoo ibsu, "Hiibboon akkuma afoola birootti falaasama saba tokkoo yaada kalaqa ta'een ibsuu kan danda'uudha.Aadaa Oromoo keessatti tapha ijoolleti." Kana malees, Fedhasaa(2019:81) yoo ibsu, "Hiibboon gosa afoolaa qilleensi dorgommii keessa bubbisu jechuudha. Kana jechuun hiibboon dorgommii jechaa kan gareewwan lama gidduutti raawwatamuudha."

Haaluma walfakkaatuun Moosisaa(2002:41) yoo ibsu, "Hiibboon aadaa Oromoo keessatti burqaa beekumsaati. Beekumsi kunis bara dheeraadhaa kaasee hamma har'aatti dhaloota tokkorraa dhaloota itti aanutti darbee jiraateera."Walumaagalatti, Hiibboon afoola Oromoo keessatti bara durii kaasee ummanni kan ijoollee isaanii naannoo, haala jiruufi jireenyaa, safuufi kkf ittiin barsiifachaa turaniidha.

Hiibboon hawaasa karaa hedduu tajaajila.Warquu(2010:186) akka ibsutti, "Hibboon tapha ijoolleen ittiin bashannanan ta'uu isaa malee ijoollee aadaa naannoo isaanii akka baran gochuurratti gahee guddaa taphata. Kana malees, hiibboon xiinsammuu daa'immanii gabbisuurratti gahee guddaa qaba." Haaluma walfakkaatuun Fedhasaa(2019:82) yoo ibsu, "Hiibboon faayidaa hedduu kan qabu yoo ta'u, isaanis: sammuu daa'immanii irraa kaasee hanga nama guddaatti dadammaqsuuf, guddisuuf, loojikiidhaan waa qorachu akka danda'an gochuuf, yaada tokko bal'isanii ibsuuf, waa'ee namaa, bineensotaafi naannoo sirritti akka baratan gargaaruu keessatti bakka guddaa qaba." Dabalataanis, Abarraa(1991:177) yoo ibsu,

"Keessattuu dandeettii hiibboo horachuun dandeettiiwwan afaanii arfan cimsuuf ni gargaara. Walumaagalatti, hiibboon dandeettii afaanii dagaagsa,dandeettii afaanii cimsa…"

Berhanu(2009:112) faayidaa hiibboo yoo ibsu, "…In a riddles something familiar becomes unusual, something obvious becomes hidden through the magic of a lords, Riddles are … suitable for a problem solving approach to language and literature learning and teaching."jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu, hiibboon faayidaa hedduu kan qabu yoo ta'u, innis: walbashannansiisuuf, naannoo walbarsiisuuf, yaada sammuu cimsuuf kan oolu ta'ee , hiibboo keessatti filannoo jechootaatiin wanti beekamu dhokataa, wanti barame haaraa namatti ta'a. kana malees, hiibboon adeemsa baruufi barsiisuu afaaniifi ogbarruu keessatti haala adda addaatiin yoo dhiyaate dandeettiiwwan afaanii arfan shaakalchiisufis ta'ee kan birootiif gahee olaanaa qaba.Haaluma walfakkaatuun faayidaa dandeettii hiibboo taphachuu horachuun qabu Moosisaa(2002:43-45) yoo ibsu , "dandeettii hiibboo taphachuu horachuun faayidaa hedduu qaba. Isaanis: hiibboon:

- *Dandeettii afaanii ni dagaagsa*
- *Hubannoo namaa ni cimsa*
- *Safuu hawaasaa barsiisuuf ni gargaara*
- *Ijoolleen dandeettii yaadachuu fi bilchina sammuu akka horatan gargaara*
- *Faayidaa bashannansiisuus ni qaba."*

**2.1.2.3.3. Jechama.**

Jechamni akaakuu afoolaa unka gaggabaaboo qaban keessaa tokko ta'ee dubbii hawaasni cina galaan dubbatuudha.Addunyaa (2014:122) akka ibsutti "Jechamni jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf fayyaduu danda'u."Dabalataanis, Warquu (2010:273) yoo ibsu, "Afoolli Oromoo bal'aadha.Kanneen keessaa tokkojechamoota. Jechamoonni kunis jechaafi himoota gaggabaabootti fayyadamuudhaan ergaa gadi fageenyaafi bal'aa qabu dabarsa." kana malees, Fedhasaa (2019:85) yoo ibsu, " jechamni jecha, gaaleefi hima qofaa dhaabbatee yaada bal'aas sammuu namaa affeeru jechuudha. Jechamni akkuma jiruun hiika fuulduraafi duubaa qaba." Walumaagalatti, yaada hayyootaa armaan olitti ibsaman irraa kan hubatamu jechamoonni akaakuu afoola uummata Oromoo unka gaggabaaboo qaban keessa tokko ta'ee,

jechoota, himaa gaaleefi ciroowwan ergaa idileen qabaniin alatti ergaa al kallattiin qabu ittiin dabarfachuuf oolaniidha.

Jechamoonni Afaan Oromoo baay'ee bal'aadha.Uummatichis beekumsa isaa kanatti fayyadamee yaada dhokataa jechoota, hima gaaleefi cirootti fayyadamee waan jedhuu barbaade hima.Namni dhaggeeffatus haalaan wal-qabsiisee xiinxaluun hiikasaa dhokataa argata.Warquu (2010:273) faayidaa jechamaa yoo ibsu," Oromoon jechamoota isaatiin walgorsuuf, barsiisuuf, akkasumas fageessanii yaaduuf bal'inaan itti fayyadama. "Dabalataanis, Fedhasaa (2019:85) yoo ibsu, "jechamaa Oromoo yoo fudhanne, hawaasichatu itti fayyadamuun dubbii kooba .Kanarraa kan ka'es hawaasichaan ala hiika hin qabaatu". Walumaagalatti, Yaada hayyootaa armaan olirraa kan hubatamu jechamni akaakuu afoola Oromoo baay'ee bal'aafi gadi fageenya qabu ta'ee uummata isaatiif faayidaa adda addaa qaba. Kunis, ittiin walgorsuuf, fageessanii yaaduuf ykn bilchina sammuutiif, barsiisuuf gahee guddaa qaba.Dabalataanis, adeemsa baruufi barsiisuu barnoota afaanii keessatti dandeettiwwan afaanii shaakalchiisuuf gahee olaanaa qaba.

### 2.1.2.3.4. Ciigoo

Ciigoon akaakuu afoolaa keessaa isa tokko. Tafarii (2004:150) akka ibsutti,"Ciigoon dubbii dachaati. Afaan Oromoo keessatti walaloodhanis ni dubbatama." Haluma wal-fakkaatuun Geetaachoo (2007:145) yoo ibsu, "Ciigoon gree jechootaa gaalee ykn himaa ta'ee dubbii dachaa ta'e kan of keessatti qabateedha." Dabalataanis, Warquu (2010: 255) yoo ibsu, "Ciigoon gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee, bifa himaa ykn walalootiin dhiyaatee dubbii dacha lama kan qabuudha," kana malees, Addunyaa (2014:215) yoo ibsu, "Ciigoon fayyadama afaanii ta'ee, karaa ittiin ergaa dhokataa tokko isa mul'ataa tokkoon golganii dabarfataniidha," kana malees, Fedhasaa (2019:89) haaluma wal fakkaatuu yoo ibsu," Ciigoon hiika bocaa osoo hin taane, jecha ykn gaaleen dubbii dacha jedhame sun ofumasaa hiika lamaaf gumaacha." Walumaagalatti,Yaada hayyootaa armaan olirraa kan hubatamu ciigoon akaakuu afoolaa ummata Oromooti. Kunis, jechaafi gaaleetti fayyadamuudhaan ergaa dhokataa ta'ee isa mul'atuun haguuganii kan ittiin dabarfataniidha.

Ciigoon akkuma akaakuuwwan afoolaa kanneen biroo faayidaa adda addaa qaba. Geetaachoo (2007:145) akka ibsutti,"Ciigoowwan afaan Oromoo jiruufi jireenya ummataa keessatti

seenaa, aadaa, duudhaa, safuu, jaalalaafi jibba, gaddaafi gammachuu, amantaafi shakkii, waliin jireenyafi waldhabiinsa, tokkummaafi garaagarummaa, tolaafi hammeenyafi kkf yaada bu'aa guddaa qaba. Kana malees, waan dubbannu tokko sirritti akka ifa ta'uufi fudhatama akka argatu ni tajaajila. Dabalataanis, ergaa isaa argachuuf irra deddeebi'anii dubbisuufi cimina sammuu gaafata."Haaluma walfakkaatuun Warquu (2010:225) yoo ibsu, "Ciigoon Afaan Oromoo jiruufi jireenya uummatichaa keessatti jaalala, jibba, daba, dhugaa, gammachuu, qaroomina, roorroofi kkf ibsa."

Walumaagalatti, yaada hayyootaa armaan olitti ibsaman irraa kan hubatamu ciigoon Oromoo haala jiruufi jireenya uummataa sanaa ibsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Dabalataanis, ciigoon bifa walaloofi halalootiin kan dhiyaatu ta'ee, ergaa dhokataa sana argachuuf ammo cimina sammuu kan gaafatuudha. Kana malees, adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti dandeettiiwwan shaakalchiisuuf gahee olaanaa qaba.Kunis, adeemsa hiika dhokataa argachuuf irra deddeebi'anii dubbisan keessatti dandeettii dubbisuu cimsachuu danda'u.

### 2.1.3. Ga'ee Afoolli Sirna Barnootaa Keessatti Qabu

Sirni barnootaa sagantaa barattootaaf carraawwan barachuu dhiyeesuuti. Carraawwan barachuu kunis, hariiroo karoorfamaafi to'atamaa barattoota, barsiisota meeshaalee, leecalloofi naannoo barnoonni keessatti gaggeeffamu kan agarsiisudha. Gahee afoolli sirna barnootaa keessatti qabu

Filee (2016:3) yoo ibsu, "Bu'aaleen beekumsa dhala namaa kanneen tahan bu'aa aadaa dhala namaati.Kana jechuun ammo, beekumtaan bu'aafi calaqqisiistuu aadaati jechuudha. Haata'uumalee, dhibbaa dhibbatti aadaafi beekumsa uummataa wal irraa adda baasanii ilaaluun rakkisaadha." Yaada hayyuu armaan olitti ibsame irraa kan hubatamuu qophii sirna barnootaa biyyaa tokkoo keessatti wantoota hammataman keessaa tokko aadaa hawaasa sanaati. Kuni ammo, aadaa gaafa kaasnu afoola kaasaa jiraachuu keenya dagachuu hin qabnu.Sababni isaatis, wantoota aadaa uummata tokko calaqqisiisan keessaa tokko afoola waan ta'eef.Kanaafuu, bu'uurri sirna barnootaa biyyaa tokko aadaa hawaasa sanaati gaafa jedhamu, qophii sirna barnootaa biyya tokootiif afoolli bu'uura ta'uu isaa nutti agarsiisa. Kunis kan ta'uu danda'u sirni barnootaa qaamolee aadaa keessaa maal maal akka hammachuu qabu murteessuu qabu. Kunis, qabiyyee filatamu, malleen baruu barsiisuu,

kaayyoolee qopheessaniifi kkf keessatti hammatamuu akka qabudha. Dabalataanis, faayidaa afoolli sirna barnootaa keessatti hammatamuun qabu Baddiluu (1996:6-10) yoo ibsu, "በተዘረጋ የትምህርት ስር-ዓት ዉስጥ የሥነጽሁፍ እራሱን ችሎ በትምህርት አይነትነት ወይም ለሌሎች የትምህርት አይነቶች የመረጃ መሳርያ ሆኖ መገኛት ከፍተኛ አስተዋዕኦ አለው። የህአሰተዋዕኦ በሚከተሉት መንገዶች ይታያል። እነሱም፡ ክህልን ለማደበር፤ እውቀትን ለማካበት፡ የአእምሮ እድገትን ለማምጣትና የባህር ለውጥን ለማምጣት ያገለግላል::" Jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu, qophii sirna barnootaa biyyaa tokkoo keessatti afoolli akka qabiyyee tokkootti ykn mata duree tokkoof odeeffannoo kennuuf achi keessatti hammatamuun gahee olaanaa qaba. Gaheen afoolli sirna barnootaa keessatti hammatamuun qabu kunis: dandeettii afaanii gabbisuuf, beekumsa kuufachuuf, bilchina sammuufi jijjirama amalaa fiduudha.

### 2.1.3.1. Dandeettii Afaanii Gabbisuuf

Afoolli akka gosa barnootaa tokkootti ykn akka qabiyyee tokkootti sirna barnootaa keessatti hammatamuun faayidaa olaanaa qaba. Baddiluu (1996:6-7) yaada kana yoo ibsu,"ቋንቋ አራት ክህሎች አሉት። መናገር፡ ማደመጥ፡ መፃፍና ማንበብ። የስነ-ዕሁፍ በሥርአተ ትምህርት ውስጥ መካተት ተማርዎች በከፍተኛ ደረጃ የማንበብና በመካከለኛ ደረጃ ደግሞ የማዳመጥ፡ የመናገርና የመፃፍን ክህሎች እንዲያዳብሩ ያግዛል።" jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu, afoolli sirna barnootaa tokkoo keessatti hammatamuun barattoonni dandeettiwwan gurguddoo arfan (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) akka cimsatan gargaaruu keessatti gahee guddaa qaba. Walumaagaltti, yaada hayyuu armaan olii kanarraa kan hubatamu afoolli Oromoo sirna barnootaa Afaan Oromoo keessatti hammatamee dhiyaachuun faayidaan inni qabu hedduu dha. Kunis, barattoonni dandeettiiwwan afaanii akka cimsataniif gaheen inni qabu olaanaadha.

### 2.1.3.2. Beekumsa Kuufachuuf

Afoolli beekumsa tokko irratti qofa kan xiyyeeffatuu miti. Beekumsa hedduu argachuuf kangargaarudha. Baddiluu (1996:7) yaada kana yoo ibsu, "ስና-ዕሁፍ በአንድ በተለየ የእውቀት መሰክ/ለምሳሌ ታርክ ወይም ሳይንስ)ላይ ብቻ ሚያተኩር አይደለም። ስነ-ዕሁፍ በሰዉዓወትና በአጠቃላይ ዩንቨርስ ላይ የሚያተኩር ነዉ።" jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu afoolli dirree beekumsaa tokko (seenaa ykn saayinsii) irratti qofa kan xiyyeeffatuu miti. Afoolli haala

jiruufi jireenya ilma namaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Walumaagalatti, Afoolli waa'ee dirree beekumsaa tokkoo qofa kan ibsuu miti. Sababni isaatiis afoolli Oromoo haala jiruufi jireenyaa ummata Oromoo kan calaqqisiisuu waan ta'eef beekumsa waliigalaa uummatichaa akka horatamu gaheen afoolli qabu olaanaadha.

### 2.1.3.3. Bilchina Sammuutiif

Afoolli bilchina sammuutiif gahee olaanaa qaba.Baddiluu (1996:9) gahee afoolli bilchina sammuutiif qabuyoo ibsu, "ትምህርትን እንደክሂልና እውቀት ካሉት ረቂቅ ነገሮች ጋር ብቻ አያይዞ መመልከት ተገቢ አይደለም።... ከእያንደንዱ ተማር  ስብእና፡ ችሎታ፡ ችግርና እድገት ጋር የተዘመደ ነዉ።የተማረዎች አጠቃላይ ባህርይ የተለያዩ የአአምሮ ክፈሎች ቅንጅት ሰሆን የየክፈሎቹ እድገት የተመጣጠነና ወጥ ላይሆን ይችላል።" jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu afoolli dandeettiwwaniifi beekumsa afaanii gabbisuuf qofa osoo hin taane barattoonni bilchina sammuu akka horatan taasiisuu keessatti bu'aan inni qabu olaanaadha. Walumaagalatti, afoolli sirna barnootaa keessatti hammatamuun dandeettiiwwan afaanii gabbisuufi bilchina sammuutiif gaheen inni qabu olaanaadha.

### 2.1.3.4. Jijjirama Amalaatiif

Afoolli dandeettiiwwan afaanii gonffachisuuf, beekumsa bal'aa argachuufi bilchina sammuutiif gahee olaanaa akka qabu olitti ibsameera. Yaata'umalee afoolli sirna barnootaa keessatti isaan ibsamaniin alatti faayidaa biraa akka qabu Baddiluu (1996:9) yoo ibsu, "ግለሰቡ ክህሉን፡እውቀቱንና የአእምሮ ብሰለቱን ከገኘ ቦሃላ ከቀድሞዉ የአሰራር ባህርዉ ካልተቀየር ሶሰቱም እንዳሉ አይቆጠሩም።ቢኖሩም የሉም።በመሬት ከረስ ዉስጥ እንዳለ ማዕድን ልንቆጥራቸዉ እንችላለን።" jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu faayidaa afoolaa keessaa dandeetti afaanii cimsuu, beekumsa kuufachuufi bilchina sammuu qabaachuu qofti gaha miti. Kana waliin jijjiramni amalaa jiraachuun murteessaa dha. Kana ta'uu baannan albuuda dachee keessa jiruun garaagarummaa kan hin qabne ta'uu mul'isa. Walumaagalatti, Afoolli Oromoo sirna barnoota Afaan Oromoo keessatti hammatamuun faayidaa hedduu kan qabu yoo ta'u, isaan keessaa ijoon; dandeettii afaanii gabbisuuf, beekumsa kuufachuuf, bilchina sammuufi jijjirrama amalaa fiduu keessatti shoorri inni qabu olaanaadha. Yaata'umalee, barattoonni dandeetti afaanii, beekumsafi bilchina sammuu gonfatanii kana waliin jijjiiramni amalaa hin jiru yoo ta'e, ibsaa gaanii keessaa keessaa ta'ee hafuu isaati**.**

### 2.1.4. Gahee Afoolli Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuu Keessatti Qabu

Dandeettiiwwan afaanii gurguddoonii dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu akka ta'e beektoonni ni eeru. Dandeettiiwwan afaanii sababni jedhamanifis shaakala kan barbaadan ta'uun isaa beekamaa dha. Kunis, namni tokko adeemsa keessa shaakala taasisuudhaan kan gonfatu ta'uu isaati.Beekan(2015:50) Harmar(1980) wabeefachuunakka ibsutti, "dhaggeeffachuufi dubbisuun dandeettiiwwan fudhataa (receptive skill) yoo ta'an. Dubbachuufi dubbisuu ammo dandeettiwwan kennoo (productive skills) dha." kunis odeeffannoo fudhachuufi kennuu irratti kan hundaa'edha. Dandeettiwwan afaanii kanneen ammo afoolaan barsiisuun gahee olaanaa qaba.Yaada kanas Mulgeetaa (2009:57) yoo ibsu, "ሰነ-ፅሁፍ ተማርዎችን የማዝናናት ብቃት ያለዉ በመሆኑ እንደያብሩ የተፈለጉትን አያይዘው እንድለማመዱ ለማድረግ ያመቻል።"jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu afoolaan afaan barsiisuun barattoonni si'aayinaan akka baratan gahee guddaa waan qabuuf dandeetti akka cimsatan barbaadame sana afoolichaan walqabsiisuun shaakalchiisuun barbaachisaadha.

#### 2.1.4.1. Gahee Afoolli Dandeetti Dhaggeeffachuu Barsiiisuu Keessatti Qabu.

Dhaggeeffachuu ilaalchisee barreessittooni adda addaa hiika adda addaa kennaniiru.Beekan (2015:55) akka ibsutti, "dhaggeeffachuun adeemsa qalbeeffannoon fulleeffannoon xiyyeeffannoofi dammaqinaan gaggeeffamuudha.yaada kana irraa kan hutamu dhaggeeffachuun adeemsa dammaqinaan gaggeeffamu ta'ee sagalee dhageenyu tokko sirriitti qalbeeffachuun ykn hubachuun hiika kennuudha."

Dandeetti dhaggeeffachuu kana ammo adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti afoolatti fayyadamuun barsiisuun gahee olaanaa akka qabu beektoonni adda adda yaada hedduu kennaniiru. Andrezejewski (1985:38) akka ibsutti, "The prime function of oral literature is to provide aesthetic pieasure and entertainment for the listeners, and this applies to all geners," jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu: afoolli bashannansiisaa barsiisaa waan ta'eef, dandeetti dhaggeeffattoota ofitti hawwachuu olaanaa qaba. Kana waan ta'eef, dandeetti dhaggeeffachuu barsiisuuf gaheen inni qabu guddaa dha.Walumaagalatti gaheen afoolli dandeetti dhaggeeffachuu barsiisuu keessatti qabu olaanaadha.Kunis, afoolli adeemsa kaayyoo tokko galmaan gahuuf dhiyaatu keessatti bashannaansiisuufi kaka'uumsa keessatti horuun amala isaa waan ta'eef barattoonni nuffii tokko malee dandeetti dhaggeeffatanii hiika argachuu akka cimsatan gargaara.

#### 2.1.4.2. Gahee Afoolli Dandeetti Dubbisuu Barsiisuu Keessatti Qabu.

Hayyoonni adda addaa dubbisuu karaa gara garaa hiikaniiru. Nattal (1996:2) akka ibsitutti,“It seems to methat decoding of symbols is the  basis of the reading process because, unless we can recognize the written words we cant even begin to read,” jetti. Yaada kanarraa kan hubatamu adeemsa dubbisuu keessatti mallattoolee qubee dubbisan sanaa beekuun dubbisuuf bu’uura akka ta’eedha. Dabalataanis, Beekan (2015:84) Nattal (1996:5) Wabeeffachuun yoo ibsu, “Dubbisuun yaada ykn ragaa barreessaan tokko barreesse ergaa isaa irraa fudhachuudha,” dubbisuun adeemsa wal qunnamtii ta’ee haala waan ykn ergaa isaa hubachuu danda’uudha.” Walumaagalatti,yaada armaan olitti ibsaman irraa kan hubatamu, dubbisuun adeemsa ergaa barreessaa tokkootiif hiika laachuuti. Dandeetti dubbisuu kana ammo adeemsa afaan barsiisuu keessatti afoolatti fayyadamuun barsiisuun gahee olaanaa akka qabu beektoonni yaada kennanirru. Lauritzen (1980:787) akka ibsutti, “ literature in oral tradition can be identified by its special feactures, of these many have to which cultural content of the tales, they type of plot structure, the type of characters and typical themes and motifs,” jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu afoola keessaa durdurii seenaa dhala namaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa kan tureedha. Kuni ammo gara kitaabilee barnootaatti fiduun barattoonni dandeetti dubbisuu akka ittiin shaakalan gochuun barbaachisaadha. Dabalataanis, Baddiluu (1996:95) yoo ibsu,  “ረዣዥም ቅንጫቢዎች ወይም ሙሉ ሰራዎች ለቋንቋ ማሰተማረያነት መጠቀም የሚቻለው ተማርዎች ሰራዎቹን ቤታቸዉ እንድያነቡ ማድረግ ሲችል ነዉ፡፡” jedha. yaada kanarraa kan hubatamu afoolli dandeetti dubbisuu shaakalchiisuuf dhiyaate tokko garmalee dheerachuu akka hin qabnefi yoo dhedheeroo ta’an barattoonni manatti dubbisanii akka dhufan gochuun barbaachisaadha. Walumaagalatti, afoolli dandeetti dubbisuu shaakalchiisuuf gahee olaanaa kan qabu yoo ta’u, kunis afoolawwan dhiyaatan dhedheeroo yoo ta’an barattoonni manatti akka dubbisanii dhufan gochuun hojii barsiisaa afaanii tokko irraa eeggamuudha.

#### 2.1.4.3. Gahee Afoolli Dandeetti Barreessuu Barsiisuu Keessatti Qabu.

Barreessuun dandeettiiwwan afaanii gurguddoo arfan keessaa tokko ta’ee dandeettiiwwan afaanii keessaa ulfaataa akka ta’ee beektoonni ni ibsu. Beekan (2015:127) akka ibsutti, “Dandeettiin barreessuun akka dandeettiiwwan biro salphaatti kan baramu osoo hin taane, xiyyeeffannoon itti kennamee kan mana barnootaatti baratuudha.”, dandeettin barreessuu of

eegganoo cimaa kan barbaadu ta’ee, itti yaadamee haala hiika qabeessa ta’een toora qabsiisanii dhiyeessun, nama biraa waliin wal hubachuu danda’uudha. Kana malees, dandeetti bareessuu gonffachuun dandeettiiwwan hafan sadan (dhaggeeffachuu, dubbachuufi dubbisuu) bu’uura akka ta’e hayyoonni ni ibsu. Baddiluu (1996:52) yaada kana yoo ibsu, “ሥነ-ጽሁፍ ሌሎች የቋንቋ ክህሎችን ማደበር ያስችላል።ተማርዎች በፅሁፍ ሀሳባችውን ለመግለፅ የሚየሰችላችዉን ቃሳትና የአረፍትነገር መዋቅር ለመምረጥ የሚያደርጉት ልምምድ የንግግር ክህላቸዉን እንድያዳብ ሩያደርገል።በተጨማርም የማዳመጥና የማንበብ ክህላችዉን ያዳብራል። ”jedha. Walumaagalatti, yaada hayyootaa armaan olitti ibsaman irraa kan hubatamu, dandeettiin barreessuu mana barumsaatti qofa kan cimsachuun danda’amu yoo ta’u, innis, baay’ee ulfaataa akka ta’eedha. Dandeettiin kunis kan dandeettiiwwan hafan sadaniif bu’uura.

Dandeettii barreessuu kana adeemsa afaan barsiisuu keessatti fayyadamuun barsiisuun bu’aa olaanaa buusuu akka danda’u beektoonni ni ibsu. gahee, afoolli dandeetti barreessuu shaakalchiisuu keessatti qabu Baddiluu (1996:53) yoo ibsu, “የፅሀፈት ትምህርት የተማርዎችን ፍላጎት መሰረት ያደረገ መሆን አለበት፡መምህራን ደስ ያላቸዉን ርእስ ለተማርዎች በመስጠት ፅህፍትን የሚያሰተምሩበት ሃደት ማብቃት የሸዋል።ስለማያወቁት ነገር እንድፅፉ ማድረግ ፅህፍትን እጅግ አሰችጋር ተግባር አድርገዉ እንድያስቡበት ያደርገችዋል።” yaada kana irraa kan hubatamu, dandeetti barreessuu shaakalchiisuun fedhii barattootaa giddu galeessa kan godhate ta’uu qaba. Inni kunis afoola beekan irratti yoo barreessan barreessuu akka salphaatti fudhachuu danda’u yoo mata duree hin beekne irratti akka barreessan ajajaman ammo akka ulfaataatti fudhachuu danda’u. kana malees, Mahanfi kaawwan (1986:7) haaluma walfakkaatuun yoo ibsan, “ writing for diverse group about whom you know little is more difficult than writing for aspecific audience whom you know well,” jedhu. Yaada kanarraa kan hubatamu namni waa barreessuu tokko namoota waa’ee isaanii hin beekne irratti yeroo barreessu kan rakkaatu yoo ta’u, namoota beekuf yoo kan barreessu ta’e garuu akka salphaa ta’e agarsiisa. Akka yaada hayyuu kanatti barsiisaan barattoonni mataduree kenneefi isa irratti akka barreessan yemmuu ajaju waan beekan ykn afoola beekan irratti yoo ta’ee barattoonni nuffii tokko malee akka barreesanii fidan kan gargaarudha. Fkn, barattootni seenaa Wiliyaam Sheekisper barreessaa jechuuniirra seenaa Jeneraal Taaddassaa Birruu barreessaa yoo jedhaman

si'aayinaan barreessanii fiduu kan danda'an ta'uu mul'isa. Kuni ammo waan beekan waan ta'eef itti yaadanii sirriitti barreessanii fidu danda'u.walumaagalatti, dandeettiin barreessuu mana barumsaatti kan gonfatamu ta'ee baay'ee cimaa fi ulfaataadha. Ta'us, afoolatti fayyadamuun dandeetti ulfaataa kana salphisuu kan danda'amuudha. Kunis, barattoonni afoola beekan irratti akka barreessan gochuun murteessaadha. Fkn oduu durii harreefi bineensaa kitaaba irratti dubbisan yoo ta'e, dur durii kanaan walfakkaatu akka barreessanii fidan taasisuun akka dandeetti barreessuu cimsatan gochuun kan danda'amuudha.

### 2.1.4.4. Gahee Afoolli Dandeetti Dubbachuu Barsiisuu Keessatti Qabu.

Dubbachuun adeemsa dubbataafi dhaggeeffataa gidduutti raawwatamuudha.Yaada kana Baadiluu (1996:57) akka ibsutti, "ንግግር በተናገርና በአድማጭ መካከል የሚከናወን የሁለትዬሽ ህደት ነዉ።ማቀበያ ክህል የሆነው የንግግር ክህል ይዳብር ዘንድ መቀበያ የሆነዉ የማዳመጥ ክህል መዳበር አለበት።"jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu dubbachuun adeemsa dubbataafi dhaggeeffataagidduutti raawwatamu ta'ee, dandeetti kennoo kan ta'e dubbachuu gonffachuuf dandeettiin fudhannaa (dhaggeeffachuun) gonfachuun murteessaadha. Kana jechuun, dubbachuun kennoo kan jedhameef dubbataan odeeffannoo ofiif qabu nama birootiif kan ittiin qoodu ykn kennu waan ta'eef. Dubbataan bakka jirutti dhaggeeffataanis ni jira. Kanaafuu, dandeettiiwwan kunniin wal-qabatanii deemu. Walumaagalatti, yaada hayyootaa olitti ibsaman irraa kan hubatamu dandeettiiwwan afaanii wal ta'anii kan tajaajilan ta'uu isaaniiti.

Dandeetti dubbachuu adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti afoolaan barsiisuun gahee olaanaa akka qabu beektoonni ni ibsu. Baddiluu (1996:58) adeemsa dandeettiin dubbachuu barsiisuun danda'amu yoo ibsu, "በቡድን የክፍል ዉስጥ ተግባር ዉስጥ አንድ ተማሪ ሲናገር፡ሌሎቹ አድማጮች ግልፅ ያልሆነላቸዉን ሀሳብ ካለ እንድደገምላቸው ይጠይቃሉ።ይህም የሚሆነው ንግግሩን በማቋረጥ  እንጂ እስክያባቃ በመጠበቅ አይደለም።ከዝህም ሌላ ከተናጋርዉ ሃሳብ ጋር መስማማት ያለመስማማታቸውንም ይገልፃሉ።ይህ ህደት ተማርዎች ተፈጥሮአዊ የሆነውን የንግግር ችሎታ እንድያደብሩ ያድርጋል።" jedha. Yaada hayyuu kanaa iraa kan hubatamu hojii garee daree keessatti kenname irratti barataan tokko yeroo dubbatu, dhaggeeffattoonni wanta ifa hin taaneef yoo jiraate akka irra deebi'uuf gaafatu. Kunis kan ta'u adeemsa dubbii adda kutuun

yoo ta'u, as keessatti yaada dubbataa waliin waliigaluufi walii galuu dhabuu isaanii adeemsa kana keessatti ni ibsatu. Adeemsi kuni ammo barattoonni dandeetti dubbachuu uumamaan argatan akka cimsataniif kan isaan gargaarudha. Yaada hayyuu kanaa gara afoola Oromootiin dandeettii dubbachuu barsiisuutti yoo fidne hiibboon kan taphatamu bifa gaaffiifi deebiitiin inni kunis dabareedhaan tokko dubbataa yoo ta'u, inni biraa ammo dhaggeeffataa (deebii kennaa)dha. Haaluma kanaan dabaree eeggachuudhaan kan taphatamu yoo ta'u, kuni ammo dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu cimsachuuf gahee olaanaa qaba. Dabalataanis, Abarraa (1991:177) yoo ibsu, " keessattuu dandeetti hiibboo taphachuu horachuun dandeettiiwwan afaanii arfan cimsuuf ni gargaara,"

Walumaagalatti, yaada hayyootaa armaan olitti ibsaman irraa kan hubatamu adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti afoolli dandeetti dubbachuu cimsuuf gahee olaanaa qaba. Fkn. Akaakuu afoola oromoo keessaa dur durii yoo fudhanne barattoonni dandeetti dubbachuu akka gonfataniif gahee olaanaa qaba.

### 2.1.5. Ulaagaalee Filannoo Afoolaa Afaan Barsiisuu Keessatti

Afoolli afaan barsiisuuf ulaagaalee armaan gaditti ibsaman irratti hunda'uun akka filatamuu qabu beektoonni hedduun ni ibsu.

#### 2.1.5.1. Hawwataafi Fedhii Barattootaa Waliin Kan Deemu Ta'uu

Afoolli tokko afaan barsiisuu keessatti ulaagaalee ittiin filataman keessaa tokko akaakuun afoolaa filaatamu sun hawwataafi barattoota keessatti kaka'umsa kan uumu ta'uu qaba. Kana malees, fedhii, umurii, muuxannoo, ilaalcha, barattootaa xiyyeeffannoo keessa galuu qaba. Lazar (1993:52) akka ibsutti, "It is probably fairly self-evident what is meant by criteria such as the age of student, their emotional and intellectual maturity and their interests and hobbies," jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu adeemsa afoola afaan barsiisuuf filachuu keessatti wantootni xiyyeeffannoo keessa galuu qaban: umurii, dandeetti, fedhii, muuxannoofi kkf dha. Haaluma walfakkaatuun Hill (1986:15) yoo ibsu, " … certain texts will appeal to younger children, others to tenagers, and it is aims take to give adolescents material more suited to a younger child just because the language is simpler," yaada kanarraa kan hubatamu afoolli tokko yemmuun filatamu umuriin barattootaa xiyyeeffannoo keessa galuu akka qaban kan mul'isuudha. Dabalataanis, Baddiluu (1996:16) akka ibsutti,

“አንድየሥነ-ፅሁፍ ስራ ሳቢ ለመሆን ከተማርዎች የህይወት ልምድ፡ ሰሜትና አመለካከት፤ እንዲሁም የወደፊት ራዕይ ጋር የሰመረ መሆን አለበት።” jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu afaan barsiisuuf afoolli tokko yemmuu filatamu hawwataa akka ta’u kanneen taasisan keessaa ijoon: muuxannoo jireenyaa barattootaa, fedhii, ilaalchafi abdii gara fuula duraa isaanii beekuun murteessaa dha.

Walumaagalatti, yaada hayyootaa olitti ibsaman irraa kan hubatamu afoola ummata Oromoo tokko afaan barsiisuuf osoo hin fudhatin dura wantootni xiyyeeffannoo keessa galuu qaban: Umurii, ilaalcha, fedhii, muuxannoo jireenyaa barattootafi kkf dha. Kana malees, afoolicha hawwataafi barattoota keessatti kaka’uumsa uumuun kaayyoo afoolli sun filatameef galmaan gahuu kan danda’u ta’uu qaba.

### 2.1.5.2. Kaayyoo Giddugaleessa Kan Godhate Ta’uu

Filannoo afoolaa afaan barsiisuuf taasifamu keessaa qabxii ijoo murteessaan afoolli filatamu sun kaayyoo kam galmaan gahuuf akka dhiyaate adda baasanii beekuun barbaachisaadha.Baddiluu (1996:17) akka ibsutti, “… ስለዝህ ወደ ምርጫ ከመግባት አሰቀድሞ ከትምህርቱ  መጨረሻ ተማርዎች እንድያዳብሩት የተፈለገዉ ችሎታ ምንድነዉ? የሚለውን አጠቃለይ ጥያቄ መጠየቅ ያሻል።” jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu afoola tokko afaan barsiisuuf osoo hin filatin dura dhuma barnoota sanaatti barattoonni dandeettiwwan afaanii keessaa kam gonffachisuun akka barbaadame adda baasanii beekuun barbaachisaadha.

Walumaagaltatti, afoola tokko gara afaan barsiisuutti osoo hin fidin dura ulaagaalee hubannoo keessa galuu qaban keessaa inni murteessaan kaayyoo barnootaa sanaati. Kana jechuun, kaayyoo barnootichaa dandeetti dhageeffachuu barattootaa cimsuu yoo ta’e, akaakuu afoolaa keessaa kan kaayyoo kanaaf mijatutu filatamuu qaba jechuudha. Fakkeenyaaf afoola Oromoo keessaa hiibboon dandeettii dubbisuu, dhaggeeffachuufi bilchina sammuu barattootaa gonfachisuuf gahee olaanaa qaba.Yaata’umalee, afoola kana iddoo bu’aa buusuu danda’utti itti fayyadamuu dhiisnee dandeetti dubbisuu barattootaaf yoo gargaaramne bu’aan irraa argamu ykn kaayyoon irraa barbaadamu gadi aanaa ta’uu danda’a.kanaafuu dursa kaayyoo barnootichaa hubachuudhaan, kaayyoo sana ammo galmaan nuuf gahuu kan danda’u afoola kam akka ta’e faayidaa isaan gama afaan barsiisuu keessatti

qaban irratti hunda’uun filachuun gara barnootaatti fiduun barbaachisaafi bu’aa qabeessummaan isaatti olaanaa ta’uu danda’a.

### 2.1.5.3. Sadarkaa Barattootaa Giddu Galeessa Kan Godhatee

Adeemsa afoola gara afaan barsiisuutti filannu keessatti dhimmi xiyyeeffannoo keessa galuu qabu keessaa tokko sadarkaa barattootati.Baddiluu (1996:18) akka ibsutti, “የተማርዎችን ዳርጃ የጠበቀ ስረ መቅረብ አለበት  ስንል፡ከደረጃቸው በለይ የከበደ ወይም ከደረጃችዉ በታች የቀለለ መሆን የለበትም ማለታችን ነዉ።” jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu afoolli barnoota afaanitiif filatamu tokko sadarkaa barattootaa eegee dhiyaachuuu qaba gaafa jennu, afoolichi dandeetti barattoota sanii olis, ykn dandeettii isaanitii gadi ta’uu akka hin qabne kan mul’isuu dha. Walumaagalatti, afoola Oromoo tokko gara barnoota Afaan Oromootti osoo hin fidin dura dhimmoota xiyyeeffannoo keessa galuu qaban keessaa tokko sadarkaa barattootaati.Kunis, afoolli dhiyaatu tokko dandeetti hubannoo barattootaa oliifi dandeetti isaanitii gadi ta’uu akka hin qabneedha.Kana jechuun, kaayyoo galmaan gahuuf barbaadama irratti hundaa’uun haala dandeetti barattootaa giddugaleessa godhateen dhiyaachu qaba. Dabalataanis, afoolli dhiyaate suni dandeetti isaanitii olii kan jedhamu yoo barruu sana keessa jechoota haaraa, haala galumsaafi haalii dhiyaannaa isaa ulfaataa ta’ee barattoonni hojiitti jijjiiruuf  humnaa ol itti ta’ee dha. Kuni ammo fedhiifi kaka’uumsa barnoota sanaaf qaban akka hir’atu taasiisa.Kana malees, afoolli dhiyeete tokkoo dandeetti isaanitii gadi ta’uu kan mul’isu yoo haalli dhiyaannaa jechootaafi himaas ta’ee kanneen biroo haaluma kanaan dura barataniin ykn beekaniin yoo tokko ta’e sadarkaa isaanitii gadi ta’uu mul’isa. Kun ammo nuffisiisaa ta’uun, fedhii walgaafachuun wal irraa barachuufi dhuunfaadhaan xiinxaluurratti qaban gadi buusaa deema.Kanaafuu, afoola sadarkaa barattootaatiin walgitu filachuun barbaachisaadha.

### 2.1.5.4. Dandeetti Duubee Barattootaa Ilaalcha Keessa Galchuu

Adeemsa filannoo afoolaa keessatti dandeetti duubee barattootaa ilaalcha keessa galchuun barbaachisaa akka ta’e beektoonni ni ibsu. Baddiluu (1996:20) akka ibsutti, “መምህሩ በንኡሳን ክህሎች ላይ ሌሎችን ኡሳን ክህሎችን አክሎ የተማርዉን ክህል ለማደበር የሚያግዙ ተግባራትን ለማቀድ ሲነሳ የተማርዉን የቀደመ ችሎታ ማወቅ ይኖርበታል።” jedha. yaada kanarraa kan hubatamu barsiisan afaanii tokko dandeetti barattootaa cimsuuf yeroo karoorfatu keessatti,” barattoonni kun kanaan dura maal beeku?” gaaffii jedhuuf dursa deebii kennuun

barbaachisaa ta'uu mul'isa. Walumaagalatti, barnoota afaaniitiif adeemsa afoola filachuu keessatti dhimmi xiyyeeffannoo keessa galuu qabu keessaa tokko dandeetti duubee barattootaa beekuun barbaachisaadha.Kunis, barattoonni kanaan dura maal akka beekan, amma maal irra akka jiraniifi gaara fuula duraa ammo maal beekuu akka qaban bu'uura godhachuun gara filannoo afoolaatti seenuun barbaachisaadha.

### 2.1.6. Akkaataa Afoolli Kitaaba Barnootaa Keessatti Dhiyaachuu Qabu

Afoolli ulaagaalee adda addaatiin filataman kunniin haala kamiin kitaaba barnoota afaanii keessatti dhiyaachuu akka qaban beektoonni ni ibsu. Lazar (1993:23) akka ibsutti, " possible approaches can help us to select and design materials for classiroom use, as well as to assess the suitability of published materials," yaada kanarraa kan hubatamu dhihaannaawwan dhiyaatan kunneen haala afoolli kitaabilee barnootaa keessatti itti dhiyaataniifi tajaajilan, akkasumas, meeshaaleen barnootaa ykn kitaabni barattootaa afoolaan afaan barsiisuu irratti maal akka fakkaatan qorachuuf kallatti kan namatti agarsiisaniidha. Kana malees, afoolli filatame tokko kitaaba barnootaa keessatti afaan barsiisuudhaaf yemmuu dhiyaatu dhihaannaawwan armaan gadii bu'uureeffachuun akka barbaachisu hayyoonni ni ibsu.

#### 2.1.6.1. Dhihaannaa Afaan Bu'uureeffate (Language Based Approach)

Haala afoolli tokko afaan barsiisuuf kitaaba barnootaa keessatti itti dhiyaatu keessaa tokko dhihaannaa afaan bu'uureeffateedha.Lazar(1993:23) akka ibsutti, " A language based approach is quite abroad approach which covers in a range of different goals and procedures. Generally speaking proponents believe in acloser integration of language and literature in the classroom," jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu haalli dhihaannaa afoolaa kuni dhihaannaawwan jiran keessaa baay'ee bal'aa yoo ta'u, kunis kaayyoowwan adda addaa galmaan gahuuf akka dhiyaatu kan ibsuudha. Kana malees, walitti dhufeenya afaaniifi afoola daree barnootaa keessatti qaban kan agarsiisuudha. Yaada olitti ibsame kanarraa kan hubatamu malli dhihaannaa afoolaa kitaaba barnootaa keessatti afaan bu'uureeffate kuni kaayyoon isaa inni guddaan dandeettiiwwan afaanii barattoota gonfachisuuf kan dhiyaatudha.

#### 2.1.6.2. Dhihaannaa Qabiyyee Bu'uureeffate (Literature As Conent)

Haalli dhihaannaa afoolaa kuni kan agarsiisuu afoolli of danda'ee akka qabiyyee tokkootti kitaaba barnootaa keessatti yoo dhiyaatedha. Lazar (1993:35) akka ibsutti, " one of the

possible approaches to teaching literature montioned of the beginning of this chapter is to make litetature it self the content of the course. This type of approach examples the history and characteristics of literary movements: the social, political and historical back ground to a text…" jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu akaakuun dhihaannaa kun afoolli afaan barsiisuudhaaf akka qabiyyee tokkootti of danda'ee yemmuu dhiyaatudha. Kunis, maalummaa, seenaa, amala, faayidaafi akaakuu afoolichaa kan ibsuufi haala hawaasummaafi siyaasa akkasumas duubee afoola sanaa kan barsiisuuf dhiyaatedha. Walumaagalatti, akaakuun dhihaannaa qabiyyee bu'uureeffate kuni kan irratti xiyyeeffatu afoolli kitaaba barnootaa keessatti qophaa isaatti of danda'ee akka qabiyyee tokkootti yeroo dhiyaatudha. Kunis, maalummaa, amala, akkaakuufi faayidaa afoolichaa barsiisuuf of danda'ee akka mataduree tokkootti kitaabicha keessatti kan dhiyaatudha. Fkn. Afoola Oromoo keessaa geerarsa yoo fudhannee, maalummaa geerarsaa, amala geerarsaa, akaakuu, geerarsaa, faayidaa geerarsi ummata Oromoo biratti qabuufi kkf akka qabiyyee tokkootti kitaaba sana keessatti yoo dhiyaatedha.

### 2.1.6.3. Dhihaannaa Hirmaannaa Dhuunfaa Bu'uureeffate (Literature For Personal Enrichment)

Haalli dhihaannaa afoolaa kuni afoolli kitaaba barnootaa keessatti filatamee dhiyaate tokko hirmaannaa barattootaa kan cimsu ta'uu isaa beektoonni ni ibsu.Lazar (1993:39) akka ibsutti, "Litrature is use fultool for encouraging students to draw on their own personal experiences, felling and opinions, it helps students to become more actively involved both intellectually and emotionally in learning language, and hence aids acquisition," jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu afoolli barattoonni muuxannoo, fedhiifi yaada dhuunfaa isaanii si'aayinaan akka ibsataniif gahee guddaa qaba. Dabalataanis, afaan barachuuf gadifageenyaan xiinxaluunfi kaka'uumsaan akka hirmaatan kan isaan gargaarudha. Walumaagalatti, dhihaannaan hirmaannaa dhuunfaa bu'uureeffate kuni afoolli kitaaba barnootaa keessatti filatamee dhiyaate barattoonni muuxannoo dura qaban irraa ka'uun yaada isaanii bal'inaan akka ibsatan kan gargaarudha. Kunis, barattoonni waa'ee afoola dhiyaate sanaa maal akka beekan, muuxannoo dhuunfaa isaaniifi yaada isaanii akka ibsaniifi xiinxalan kan affeerudha. Kana malees, barattoonni beekumsa isaanii akka cimsataniifi waan tokko gadi fageenyaan xiinxaluu akka danda'aniif gahee guddaa qaba.Kunis keessattuu marii gareetiif gahee olaanaa qaba. Dabalataanis, dhihaannaan kun kan hojiirra oolu afoola dhiyaate tokko osoo hin

dhaggeeffatin ykn osoo hin dubbisin dura shaakaloota dhaggeeffachuufi dubbisuun duraa keessatti bal'inaan kan hojiirra ooludha.

### 2.2. Yaaxinoota Qorannoon Kun Bu'uureffate.

Gosa qorannoo kamiyyuu keessatti yaaxinni kallattifi adeemsa qorannoo namatti agarsiisuuf gahee olaanaa qaba. Yaaxina ijoo mata duree qorannoo tokko waliin walitti dhufeenya qabu filachuun: kallatti qorannoo itti agarsiisuudhaaf, malleen qorannoo daraan barbaachisoo ta'an filachuudhaaf, yaada adda addaa wal-bira qabanii madaaluudhaafi qeequudhaaf, akkasumas, sakatta'a barruu, ka'umsa qorannoofi kaayyoo qorannoo tokko galmaan gahuu keessatti daraan murteessaadha. (Filee,2016:46)

Yaaduma kana cimsuuf Filee (2016:46) Baker (2004) wabeeffachuun yoo ibsu," Theory can be understood as a form of narrative that seeks to distinguish and account for the general feature that describe define and explain persistently perceived occurrences… theory is not an unproblematic reflection or discovery of objective truth about an independent abjective world" jedha. Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu yaaxinni tokko rakkoo kan hiiku ykn qorannoo xiinxaluun kaayyoo qorannoo galmaan kan gahu osoo hin taane akkaataafi kallattii odeeffannoo tokko itti xiinxalan kan agarsiisu, akkasumas, hojiiwwan kanaan dura hojjetaman qeequudhaan isa ammaaf kallattii kan namatti mul'isuudha. Dabalataanis, dirree qorannoofi qorannoo keessatti yaaxina qorachuufi xiinxalanii isa mata duree qorannoo waliin deemu keessaa filachuun faana bu'uun daraan barbaachisaadha. Kunis faayidaan isaa kallatti nama qabsiisuuf, qabiyyee qorannoo gabbisuu, kallattii qorannoo sanaa madaalsiisuu ykn qeequun gara kallattii gaariitti fiduun gahee olaanaa qaba. Yaada armaan olitti eeraman bu'uureeffachuun yaaxinni mata duree qorannoo kanaaf shoora olaanaa qaban haala itti aanuun dhiyaataniiru.

#### 2.2.1. Yaaxina Tajaajilaa

Yaaxinni kuni faayidaalee afoolli jiruufi jireenya hawaasa keessatti qabu kallattii adda addaa ibsuuf kallattii kan namatti agarsiisuudha. Filee (2016:48-49) yaada kana yoo ibsu, "yaaxinni tajaajilaa biyyaa Awurooppaatti eegale kun qorannoo aadaa hawaasa tokko keessatti akka calaqqeetti kan ilaalamuufi aadaafi walitti dhufeenya hawaasichaa sanaa daraan kan cimsuudha. Yaaxinni kunis adeemsa sirna barnootaafi ayyaanota adda addaa qorachuu

keessatti gahee olaanaa qaba. Yaada kanas kan maddisiise nama ‘Franz Boas Father of American anthropology’ yemmuu ta’u, innis beekumtaan yaada garee hawaasummaa haala ittin haaromsaan, haala faayidaa hawaasummaaf qabu itti ibsan akka ta’e ibsa”. Afoolli haala kamiin nama akka oonnachiisu, jajjabeessu, kanneen badii dalagan gorsuufi ceepha’uun gara amala gaaritti akkamitti akka deebisan qorachuuf barbaachisaadha. Itti dabaluudhanis gahee dubbiin qolaa, mammaaksi, geerarsi, geelloon, weedduu, eebbii, abaarsi, sirboonni adda addaa, walaloon gootaa dirree warannaa, gootota dirree misoomaa, cigoon, faayidaa isaan jiruufi jireeya hawaasichaa keessatti qaban qorachuun xurree namatti agarsiisa. Walumaagalatti, yaaxinni .kuni faayidaa gosoonni beekumtaa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu qorachuudhaan adda baasuuf kallatti namatti agarsiisa.

### 2.2.2. Yaaxina Haalowaa

Yaaxinni kuni akaakuu afoolaa tokko gahee inni jiruufi jireenya hawaasa keessatti haala galumsaafi itti fayyadama isaa keessatti hiikaafi ergaa inni qabu qorachuuf kallatti namatti agarsiisuudha. Yaada kana Filee (2016:52) Dorson(1972) wabeeffachuun yoo ibsu,’ yaadiddamni galumsaa haala dubbii, amala, haala waliigaltee, akkataa itti ibsamu qorachuuf gahee qaba. Yaaxinni kuni irra jireenyaan mammaaksa ciigoofi.kkf faayidaa isaan haala hawaasummaa keessatti qaban qorachuu irratti qorattootaaf hubannoo kenna,”

### 2.2.3. Yaaxina Caaseffamaa

Yaaxinni kuni tooftaalee adda addaa walitti fiduudhaan haala qindaawaa ta’een sochii aadaa kamiyyuu ilaaluuf ni yaala. Akkuma fayyadama afaanii keessatti sagaleeleen adda addaa walitti dhufanii afaan uuman afoola keessatti akaakuun hedduun wal tumsanii mul’atu.Akaakuuwwaan kanneen tokko tokkoon qo’achuun barbaachisaa akka ta’eetti kaa’a. Filee (2016:50)akka ibsutti,” yaaxinni kun oduuwwaan gahee gotootaa, afoollaan biroo fi meeshaalee aadaa haala qindoomina qabu ibsuu irratti fulleeffata.” Akka Levis-Strausfi hordoftonni isaa ibsanitti garuu ogummaan qindaa’ina afoola keessatti dhimma itti bahame ilaallamu qaba.yaaxinni caaseffamaa caasaalee aadaafi hawaasummaa qorachuuf gahee olaanaa kan qabudha. Qorattuun Yaaxinoota armaan olitti taarreeffaman keessa yaaxinaa tajaajilaa (functionalism theory) hordofuun gahee afoolli dandeettiiwwan afaanii shaakalchiisuu keessatti qabu ilaaluuf yaalteetti.

## 2.3. Sakattaa’a Qorannoowwan Hojii Kanaan Wal Fakkatanii

Barruuleen qorannoo kana waliin wal fakkaatan akka adeemsa qorannichatti mata duree tokko jalatti argamuu baatanillee mataduree adda addaatiin bara adda addaatti kan hojjetaman ni jiru. Isaan keessaa Nagaash Hundeessa bara 2008/2016 mata duree, “Qaaccessa Qabiyyee Afoolaa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa, Haala Barsiisaan Afoolatti Fayyadamun,” digirii lammaffaa ittin guuttachuuf dhiyaate.

Ciminni qorannoo kanaa qabiyyee afoolaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 9ffaa gadi fageenyan qacceesse jira.

Hanqinni qorannoo kanaa ammo rakkoolee qabiyyee afoolaatin afaan barsiisuu gama kitaabas ta’ee gama barsiisaatin jiru hin ilaalle.

Walfakkeenyi qorannoo kana faana qabu lamaanuu kitaaba qaacceessudhaa. Dabalataanis, gahee afoolli afaan barsiisuu keessatti qabu irratti kan xiyyeeffatanidha.

Garagarummaan isaanii ammo qorannoon kun gahee afoolli dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti qabu kan ilaalte yoo ta’uu, inni sun ammo qacceessa qabiyyee afoolaa haala barsiisaan afoolaatti fayyadamun kan jedhuufi bara qorannoon itti gaggeeffamenis garagarummaa qabu.

Kana malees, mata duree,” qaaccessa afoolaa ogummaa afaanii gurguddoo arfan barsiisuu keessatti,” bara 2008/2016, Abdurrahmaan Abdulqaadiriin, Digirii lammaffaa gamisaan guuttachuuf dhiyaate.

Ciminni qorannoo kanaa akaakuuwwan afoolaa kitaaba barataa kutaa 10ffaa kallatti ilaallamu qabu hundaan gadifageenyan qaacceessee jira. Dabalataanis, gahee afoolli gama afaan barsiisuutiin qabu hundaa ilaaleera.

Hanqinni qorannoo kana: sakatta’a barruu walfakkii hin qabu. Kana malees, boqonnaa lama jalatti yada hayyootaatiin deeggaraa iddoo ibsamuu qabutti akkuma itti fakkatetti ibsee bira darbeera. Iddoo kanatti yaada dhuunfaa keenya qofa osoo hin taanee, “Beektoonni mata duree kana irratti maal jedhu?” kan jedhu jiraachuu qaba.

Walfakkiin inni qorannoo kana waliin qabu lammanuu gahee ofoolli dandeettiwwan afaanii barsiisuu irratti qaban kan qaaccessaniidha. Lachuu kitaaba xiinxalan.

Garaagarummaan isaanii bara qorannoon hojjetameen garaagarummaa kan qabaniifi qorannoon kun kitaaba gama afoolaan dandeettiiwwan afaanii barsiisuu kan qaacceesite yoo ta`u, inni sun ammoo qacceessa afoolaati.

# Boqonnaa Sadi: Saxaxafi Malleen Qorannichaa

Boqonnaa kana jalatti malleen qorannoon kun ittiin adeemsifame bal`inaan ibsamee jira. Kaayyoon qorannoo kanaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolaan gargaaramuun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu qaaccessuudha.Milkaa`ina qaaccessa kanaaf dhimmoonni mata duree kana jalatti ibsamanis: saxaxa qorannichaa, madda ragaalee, meeshaalee funaansa ragaa, mala iddatteessufi mala qaaccessa ragaaleeti.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti kallatti raawwii qoranichaa maal akka ta`uu qabu, maal irratti akka xiyyeeffatamu adda baasuun beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaara. Kanaaf, qorattuun qorannoo kana gaggeessuuf mala akkamtaatti kan gargaaramte yoo ta`u, kana waliin malli dhiyaannaa qorannoo kanaa ibsituu ta`ee irra caalaatti mala sanada sakatta`uu bu`uureeffate. Kaayyoon qorannichaa inni guddaan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessattiafoolaan gargaaramuun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu qaaccessuudha.Inni kuni yammuu qaacceffamu, sanada sakatta`uu, ragaalee barsiisotaafi barattootaa fudhachuuni. Dabalataanis, madda ragaalee, meeshaalee funaansa ragaa, mala iddateessuufi malli qaacceessa ragaalee haala itti aanuun dhiyaataniiru.

## 3.2. Madda ragaalee

Qorannoon kamuu qaama irratti raawwatu qaba.Qorannoon kunis akka adda dureen xiinxala kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolaan gargaaramuun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu irratti raawwatame.Deeggarsafis, barsiisotaafi barattoota mana barumsaa Dagam sadarkaa tokkoffaa gargaaramteetti.

Qorannoo tokko gaggeessuuf qaama barbaachisaa ta’e irraa ragaa fudhachuun murteessadha. Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa yoo ta`u, maddi ragaa tokkoffaan qorannoo kanaa akka adda dureetti, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi kutaa saddeettaffaa bara 2005/2012 fooyya`anii maxxanffamuun hanga ammaatti hojiirra jiran yoo ta`u, maddi ragaa lammaffaan ammo, barsiisotaafi barattoota Godina shawaa kaabaa Aanaa Dagam Mana Barumsa Dagam sadarkaa tokkoffaa kutaa torbaffaafi saddeettaffaa barsiisanifi kutaa saddeetaffa baratan yoo ta`u, isaan irraa ragaan dabalataa

fudhatameera. Madda raga kanaaf sababni barattoonni kutaa saddeettaffa filatamanis barattoonni kuni kitaaba barnoota kutaa torbaffaa baratanii waan xumuraniif qabiyyee isaa hunda ni beeku waan ta`eefi. Dabalataanis, qorannichi kan adeemsifame kitaabicha guutuu irratti waan ta`eef barattoonni kun qorumsa kutaa saddeettaffaaf of qopheessaa waan jiraniif isa kutaa torbaas waan qo`atanifi. Kana malees, yeroo ragaan dhiyaate kun funnaannamu barattoonni kutaa torbaffaa boqonnaa kitaabichi of keessaa qabu hunda waan baratanii hin xumurreef yaada kennuun waan isaan rakkisuufi.

### 3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorannoo gaggeessuuf wantoota barbaachisan keessaa tokko funaansa ragaati. Malleen qorannoofi meeshaaleen ragaan ittiin funaanamu bifa qorannichaafi gosa ragaa barbaadamu sana irratti hundaa`a. kanumarraa kan ka`e ragaalee adda addaa walitti qabachuuf: sanada sakatta`uu, af-gaaffiifi mariin garee qorannoo kanaaf barbaachisaa waan ta`aniif qorattuun itti gargaaramteetti.

#### 3.3.1. Sanada Sakatta`uu

Adeemsa qorannoo kana keessatti maddi ragaa inni bu`uuraa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaati. Qorattuun tunis afoolawwan kitaabileen kunniin dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gargaaraman adda baasuu, afoolaawwan Oromoo keessaa gara caalaatti isaan kam akka fayyadaman ibsuu, afoolaawwan kitaabilee kanneen keessatti argaman kunniin dandeettiiwwan afaanii arfaniif xiyyeeffannoo kennuufi dhiisuu isaanii ibsuu, afoolaawwan kitaabilee kanneen keessatti hojiirra oolan kun hammam dandeettii, sadarkaafi, aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchanii akka dhiyaatan ibsuuf sanada sakattaateetti.

#### 3.3.2. Af-gaaffii

Galma ga`iinsa qorannoo kanaatiif meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaaname kan biraa af gaaffii barsiisotaafi barattootaaf dhiyaateedha. Af gaaffiin barsiisotaaf dhiyaate kuni gaaffii banaa baayinni isaa shan qopheessuun barsiisota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa barsiisan irraa odeeffannoon funaanameera. Afgaaffiin barattootaaf dhiyaate ammo gaaffilee banaa baay`inni isaanii shan ta`an qopheessuun barattoota kutaa saddeettaffaa baratan irraa odeeffannoon funaanameera,

### 3.3.3. Marii Garee

Ragaalee gahaa qorannoo tokkoof barbaachisu meeshalee funaansa ragaa tokko qofaan argachuun rakkisaadha.Waan kana ta'eef, gaaffii gareedhaaf mijataa ta'eefi kaayyoo qorannichaa bu'uura godhate qopheessuun barbaachisaadha.Bifuma jalqabarratti ibsameen kaayyoon qorannoo kanaa kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolaan gargaaramuun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu qaaccessuu yoo ta`u, galma ga`iinsa kaayyoo kanaatiif ammo mariin garee barsiisota barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa barsiisan dhiira lamaafi dubara lama waliin marii gaggeessuun odeeffannoon funaanameera.

## 3.4. Mala Iddatteessuu

Iddattoo bifa ifa ta`eefi qulqullina qabuun filachuun barbaachisaa dha. Sababni isaas iddatteessuu gariin bu`aa qorannoo sanaaf murteessaa waan ta`eef. Adeemsa qorannoo kana keessatti qorattuun osoo qaama ilaallatu hunda irraa ragaa fudhattee gaarii ture.Yaata`umalee, humniifi yeroon waan hin eeyyamneef iddattoo filachuun murteessaadha. Kanaafuu,qorattuun tun iddattoo kaayyoo qorannoo ishee faana deemu mala iddata miti carraa akkayyoo fayyadamuun kitaaba,barattootaafi barsiisota filachuun qorannicha gaggeessitee jirti.

### 3.4.1. Iddattoo Kitaabaa

Mala iddattoo qorannoo kanaa keessaa tokko iddattoo kitaabati. Kunis, mala iddatteessuu al carraa keessaa mala akkayyootiin kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa bara 2005/2012 fooyya`anii maxxanffamuun hanga ammaatti hojiirra jiran filachuun kitaabileen kun afoolatti gargaaramuun dandeettiiwwan afaaniibarsiisuurratti maal akka fakkaatan qaaccesitetti. Sababni kitaabilee kanneen qorattuun tun filatteef kitaabilee kanneen irratti kanaan dura qorannoon waan hin gaggeeffamneefi.

### 3.4.2. Iddattoo Barattootaa

Adeemsa qorannoo keessatti bakka qorannoon itti gaggeeffamu irraa iddattoo filatanii fudhachuun qorannoo gaggeessuun barbaachisaa dha. Kanaafuu, qorattuun tun barattoota bara 2012/2020 kutaa sadeettaffaa mana barumsaa Dagam sadarkaa tokkoffaatti baratan dareen shan kan jiru yoo ta`u, bay`inni barattoota daree tokkoo giddu galeessaan jaatama ta`u. Dareewwan shanan keessaa barattoota ciccimoo hubannoo gahaa ragaa qorannoo kanaaf

barbaachisu kennuu danda`an keessaa barattoota shamarranii lamaafi dhiira lama waliigalatti barattoota afur mala iddattoo alcarraa fayyadamuun qorattuun qorannoo ishee gaggeessteeti. Sababni qorattuun barattoota kana qofa filatteef barattoonni kunniin ragaa irraa barbaadamu kennuuf gahumsa waan qabaniifi barattoota kanarraa ragaa fudhachuun gahaadha jedhamee waan yaadameefi.

### 3.4.3. Iddattoo Barsiisotaa

Afoola gargaaramuun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu kitaabilee kanneenii qaama adda durummaan beeku keessaa tokko barsiisaadha. Qorattuun tunis fiixaan bahiinsa qorannoo isheetiif ragaa quubsaa argachuuf barsiisota mana barumsaa Dagam sadarkaa tokkoffaa Afaan Oromoo barsiisaa turaniifi jiran dhiira lamaafi dubarttoota lama walitti barsiisota afur mala iddattoo alcarraa akkayyootiin filachuun itti fayyadamteetti.Sababni qorattuun iddattoo kana filatteef bay`inni dareewwan kutaalee kanneenii kudhan waan ta'eef barsiisoota lama qofatuu kutaalee kanneen barsiisaa jiru. Lamaan itti dabalaman ammo yeroo duraanii afaan Oromoo barsiisaa turanii amma ammo gosa barnootaa biroo barsiisaa kan jiraniifi odeeffannoo dhimma kitaabilee kanneenii hubannoo gahaa kanneen qabanii dha.

## 3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Odeeffannoo qindeeffachuuf dursa haala itti qindeeffamu itti yaaduun murteessaadha. Haaluma kanaan qorattuun tunis odeeffannoo qorannichaatiif meeshaalee adda addaa sadi fayyadamteetti. Isaanis: sakatta`a kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa, afgaaffii barsiisotaafi barattootaaf dhiyaatefi marii garee barsiisotaaf dhiyaate dha. Haalli qaaccessa ragaalee qorannoo kanaa mala qorannoo akkamtaa hordofee kan dhiyaatedha. Kana jechuun, ragaan skatta`iinsa kitaabaa irraa argaman duraa duubaan gabatee keessatti erga guutamanii booda bifa qorannoo ibsituutiin ibsi bal`inaan itti kennameera. Kana malees, afgaaffiin barsiisotaafi barattootaaf dhiyaates ta`ee, mariin garee barsiisotaaf dhiyaate haaluma wal fakkaatuun mala qorannoo akkamtaatiin bal`inaan qaacceffameera.

Addunyaa(2011:70-71) yoo ibsu, "Qaaccessi ragaalee akkamtaa yaada odeef-keennitootarra marii garee xiyyeeffatamaa,afgaaffii,xiinxala dokimantii,yaadannoo dirreefi kkf irraa argaman irra deddeebi'anii dubbisuun ibsuufi hiikudha." Qoranichi mala qaaccessa ragaalee

akkamtaa kan gargaarame yemmuu ta’u,kunis ragaan akkamtaa dhimmoota qoranicha keessatti dhiyaatan hunda jechaan kan ibsuudha. Adeemsa qorannoo kana keessatti bu`aawwan qorannoo kanaa argachuuf qorattuun ragaalee qaaccessuun murteessaa dha. Qorattuun tunis meeshaalee funaansa ragaa: sanada sakatta`uu,afgaaffiifi marii garee barattootaafi barsiisotaa irraa argame mala akkamtaatiin qaaccessiteetti, jalqabarratti ragaalee sanada sakatta’uun argaman kanneen akka afoolaawwan kitaabilee kanneen keessatti dandeettiiwwaan barsiisuuf dhiyaatan tokko tokkoon haala duraa duuba isaanitiin bal`inaan sakatta`amanii qaacceffamaniiru.

Kanamalees,afoolawwan bay’inaan kitaabilee kanneen keessatti hojirra oolan,afoolawwan kunnin dandeettiwwan afaanii kam barsiisuuf akka dhiyaatan,afoolawwan dhiyaatan kunniin sadarkaa,dandeettiifi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun dhiyaachuu isaaniifi haala afoolli kitaaba barnootaa keessatti itti dhiyaatu sadan keessaa kam bu’uureeffatanii akka dhiyaatan duraa duuban gabatee keessatti erga guutamanii booda ibsiifi hiikni bal’inaan itti kennameera.Itti aansuudhaan ragaaleen afgaaffii barsiisotaafi barattootaa akkasumas marii garee barsiisota irraa argaman duraa duubaan bal’inaan ibsamaniiru. Deebiiwwan wal fakkaattoonis iddoo tokkotti qaacceffamaniiru.

# Boqonnaa Afur: Qaaccessaafi Ibsa Ragaalee

Adeemsa qorannoo tokko keessatti ragaaleen karaa adda addaatiin funaanaman mata duree adda addaa jalatti ramadamanii dhiyaachuun ibsa argachuun barbaachisaa dha.Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti qaaccessa ragaalee maddawwan gara garaarraa meshaalee funaansa ragaa mala qorannoo jalatti ibsamanitti dhimma bahuun funaanamantu dhiyaatan. Kunis, qaaccessa kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa torbaffaafi saddeettaffaa, qaaccessa af-gaaffii barsiisotaafi barattootaa akkasumas, marii garee barsiisota barnoota Afaan Oromoo Kutaa torbaffafi saddeettaffaa barsiisan waliin taasisaman haala itti aanu kanaan tartiibaan qaacceffamaniiru.

## 4.1. Ibsa Gabaabaa,Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo KutaaTorbaffaafi Saddeettaffaa

Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa kitaaba ministeera barnootaatiin bara 2005/2012 fooyya`anii maxxanfamanii hanga ammaatti hojiirra jiraniidha. Kitaabni kutaa torbaffaa boqonnaalee digdamii afur kan qabu yoo ta`u, tokko tokkoo boqonnaalee keessatti afoolawwan dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaatan sakatta`amaniiru. Haaluma kanaan, boqonnaa digdamii afur kitaabicha keessatti dhiyaatan keessaa boqonnaalee (3,8,12,13, 15, 18 22,23) keessatti afoolli dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaataniiru. Kitaabni Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa ammo: boqonnaalee digdamii afur kan qabu yoo ta`u, tokko tokkoo boqonnaalee keessatti afoolawwan dandeettiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaatan sakatta`amaniiru.

Haaluma Kanaan, boqonnaa digdamii afur kitaabicha keessatti dhihaatan keessaa boqonnaalee (3,4,11,14,19,20,21) keessatti afoolli dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaataniiru.

## 4.2. Qaaccessa Ragaalee Kitaaba Sakatta`uun Funaanaman

Akka ragaaleen qaaccessa Kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa torbaffaafi saddeettaffaa irraaargamanmul`isutti kitaabileen kunniin afoolawwan dandeettiwwan afaanii barsiisuuf gar gaaraman sakatta`amanii haala itti aanuun gabateen mirkaneeffannoo qophaa`uun ibsamaniir u.

### 4.2.1. Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Afoolawwan Argaman Mul`isu

kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolawwan argaman haala armaan gaditiin qaacceffamaniiru.

**Gabatee 1: Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Afoolawwan Argaman Mul`Isu**

| Lakk | Akaakuu Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sheekkoo (Oduu Durii) | 3 | Dubbisa "Umurii" jedhu | 10-11 |
| | | 3 | Gilgaala 2 shaakala sheekkoo | 11 |
| | | 3 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 11 |
| | | 3 | Gilgaala 5 shaakala sheekkoo | 12 |
| | | 13 | Dubbisa Gamna Gamna Caalu | 55 |
| | | 15 | Dubbisa Gowwummaa | 63 |
| | | 15 | Gilgaala 8 shaakala sheekkoo | 67 |
| | | 23 | Dubbisa Qocafi Simbirrooata | 103 |
| | | 23 | Gilgaala 1 shaakala Dubbisa Duraa | 103 |
| | | 23 | Gilgaala 2 Shaakala Oduu Durii | 104 |
| | | 23 | Gilgaala 6 Shaakala Oduu Durii | 106 |
| 2 | Jechama | 8 | Dubbisa "Dhaba Oromoo" jedhu keessa | 37 |
| | | 12 | Dubbisa "Aadaa Hojii" jedhu keessa | 51 |
| | | 18 | Gilgaala 4 shaakala Jechamaa | 80 |
| 3 | Mammaaksa | 22 | Dubbisa "Jireenya namaafi Bosona" jedhu keessa | 99 |
| | | 22 | Gilgaala 5A shaakala mammaaksaa | 100 |
| | | 22 | Gilgaala 5B shaakala mammaaksaa | 101 |
| | | 22 | Gilgaala 5C shaakala mammaaksaa | 101 |
| | | 23 | Dubbisa " Qocafi simbirroota" jedhu keessatti | 104 |
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala mammaaksaa | 104 |
| | | 23 | Gilgaala 3 shaakala Mammaaksaa | 105 |
| | | 23 | Gilgaala 4 shaakala Mammaaksaa | 105 |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Mammaaksaa | 106 |
| 4 | Hiibboo | 23 | Gilgaala 5 shaakala Hiibboo | 106 |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Hiibboo | 106 |
| 5 | Tapha ijoollee | 23 | Gilgaala 6 shaakala tapha Ijoollee | 106 |
| 6 | Weedduu | 23 | Gilgaala 6 shaakala Weedduu | 106 |
| 7 | Qoosaa | 23 | Gilgaala 6 shaakala Qoosaa | 106 |

Akka ragaan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa sakatta`uun gabatee keessatti tarreeffaman irraa hubatamutti akaakuuwwan afoolaa kitaaba kana keessatti argaman sheekkoo, jechama, mammaaksa, hiibboo, tapha ijoollee, weedduufi qoosaa kan of keessaa qabu dha..Kana malees, akaakuuwwan afoola Oromoo dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf bay`inaan gargaarame duraa duubaan: Oduu durii, mammaaksa, jechamaafi hiibboo yoo ta`an,kanneen baay'inaan hin gargaaramne ammo: tapha ijoollee, weedduufi qoosaan kan argamaniidha.

Haaluma ragaan sakatta`a kitaaba kana irraa argamu mul`isutti kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa  torbaffaa bara 2005/20012 foyya`ee maxxanfamee hanga ammaatti hojiirra oolaa jiru kun afoolaawwan dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gargaarame kanneen armaan olitti eeramaniidha.

Walumaagalatti, ragaan kitaaba kana sakatta`uun gabatee olii keessatti guutamee irraa kan hubatamu, kitaabni kun dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf akaakuuwwan afoolaa adda addaa kan gargaarame ta'uun isaa akka ciminaatti kan mul'atuudha.Yaata'umalee, baay`inafi faayidaa afoolli Oromoo dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti qabuun wal cinaa qabuun yoo illallame amallee hanqinni jiraachuu isaa kan mul'isuu dha.

### 4.2.2. Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Afoolawwan Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf Dhiyaatan Irra Caalaa Kam Irratti Akka Xiyyeeffatan Agarsiisu

Kitaaba barnoot Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keesssatti afoolawwan dandeettiiwwan afaaniibarsiisuuf dhiyaatan irra caalaa kam irratti akka xiyyeeffatan haala armaan gadiitiin qaacceffamaniiru

**Gabatee 2: Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Afoolawwan Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf Dhiyaatan Irra Caalaa Kam Irratti Akka Xiyyeeffatan Agarsiisu**

| Lakk | Akaakuu Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula | Dandeettiiwwan Afaanii | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Dhaggeeffachuu | dubbachuu | Dubbisuu | Barreessuu |
| 1 | Sheekkoo (Oduu Durii | 3 | Dubbisa “umurii” jedhu | 10-11 | X | X | √ | X |
| | | 3 | Gilgaala 2 shaakala sheekkoo | 11 | √ | √ | √ | √ |
| | | 3 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 11 | √ | √ | √ | √ |
| | | 3 | Gilgaala 5 shaakala sheekoo | 12 | √ | √ | X | X |
| | | 13 | Dubbisa Gamna Gamna caalu | 55 | X | X | √ | X |
| | | 15 | Dubbisa Gowwummaa | 63 | X | X | √ | X |
| | | 15 | Gilgaala 8 shaakala sheekkoo | 67 | X | X | √ | √ |
| | | 23 | Dubbisa Qocafi Shimbirroota | 103 | X | X | √ | X |
| | | 23 | Gilgaala 1 shaakala Dubbisa Duraa | 103 | √ | √ | X | X |
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala Oduu Durii | 104 | √ | √ | √ | √ |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Oduu Durii | 106 | √ | √ | X | X |
| 2 | Jechama | 8 | Dubbisa “Dhaha Oromoo” jedhu keessa | 37 | X | X | √ | X |
| | | 18 | Gilgaala 4 shaakala | 80 | X | X | √ | √ |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Jechamaa | | | | | |
| | | 12 | Dubbisa “ Aadaa Hojii” jedhu keessa | 51 | X | X | √ | X |
| 3 | Mammaaksa | 22 | Dubbisa “Jireenya namaafi Bosona” jedhu keessaa | 99 | X | X | √ | X |
| | | 22 | Gilgaala 5A shaakala mam maaksaa | 100 | X | X | √ | √ |
| | | 22 | Gilgaala 5B shaakala mammaaksaa | 101 | X | X | √ | √ |
| | | 22 | Gilgaala 5C shaakala mammaaksaa | 101 | X | X | √ | √ |
| | | 23 | Dubbisa “Qocafi simbirroota” jedhu keessatti | 104 | X | X | √ | X |
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala mammaaksaa | 104 | X | X | √ | √ |
| | | 23 | Gilgaala 3 shaakala mammaaksaa | 105 | √ | √ | √ | √ |
| | | 23 | Gilgaala 4 shaakala mammaaksaa | 105 | X | X | √ | √ |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala mammaaksaa | 106 | √ | √ | √ | √ |
| 4 | Hiibboo | 23 | Gilgaala 5 shaakala Hiibboo | 106 | √ | √ | √ | √ |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Hiibboo | 106 | √ | √ | √ | √ |
| 5 | Tapha ijoollee | 23 | Gilgaala 6 shaakala Tapha ijoollee | 106 | √ | √ | X | X |
| 6 | Weedduu | 23 | Gilgaala 6 shaakala weedduu | 106 | √ | √ | √ | √ |
| 7 | Qoosaa | 23 | Gilgaala 6 shaakala qoosaa | 106 | √ | √ | √ | √ |

**√= Xiyyeeffannoo agarsiisuuf X= Xiyyeeffannoo dhabuu agarsiisuuf**

Akka ragaan sakatta`a kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa irraa argame mul`isutti, akaakuuwwan afoolaa dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gargaarame dubbisaafi gilgaalota adda addaa keessatti kan argamaniidha. Kanneen keessaa afoolaawwan digdamii afur ta`an dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti kan xiyyeeffatan yoo ta`u, afoolawwan kudha jaha dandeettii barreessuu barsiisuuf yoo dhiyaatan, afoollawwan kudha sadi ammo dandeettii dhaggeeffachuu barsiisuufi afoolawwan kudha shan immoo dandeettii dubbachuu barsiisuuf kanneen dhiyaatan ta`uu isaanii sakatta'a taasiffame irraa argameera.

Ragaa sakatta`a kitaaba kanaa irraa argame irraa kan hubannu akaakuuwwan afoolaa kitaabni kuni dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gargaarame keessaa harki caalaan dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti kan xiyyeeffate yoo ta`u, afoolawwan dhiyaatan irra caalaatti dandeettii afaanii kam barsiisuu irratti akka xiyyeeffatan duraa duubaan yemmuu kaa`aman dandeettii dubbisuu, barreessuu, dubbachufi dhaggeeffachuu irratti akka ta`e ifatti kan mul`atudha.Kun immoo afoolli dandeettiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaate dandeettiiwwan afaanii arfan haala madaalaalawaa ta'een barsiisuuf kan dhiyaate akka hin taane kan mul'isuu dha.

### 4.2.3. Qaaccessa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Dhiyaatan: Sadarkaa, Dandeettiifi Aadaa Barattootaa Xiyyeeffannoo Keessa Galchuu Isaa Mul`isu.

Afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti hojiirra oolan sadarkaa, dandeettiifi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuufi dhiisuu isaa haala armaan gadiitiin qaacceffamaniiru.

**Gabatee 3: Qaaccessa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Hojiirra Oolan Sadarkaa, Dandeettiifi Aadaa Barattootaa Xiyyeeffannoo Keessa Galchuufi Dhiisuu Isaa Mul`Isu.**

| Lakk | Akaakuu Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula | Afoolli hojiirra oolan sadarkaa dandeetti fi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuufi dhiisuu mul`isu | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Sadarkaa | dandeettii | Aadaa |
| 1 | Sheekkoo | 3 | Dubbisa " umurii" jedhu | 10-11 | √ | √ | √ |
| | | 3 | Gilgaala 2 shaakala sheekkooSSS | 11 | √ | √ | √ |
| | | 3 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 11 | √ | √ | √ |
| | | 3 | Gilgaala 5 shaakala sheekkoo | 12 | X | X | √ |
| | | 13 | Dubbisa Gamna Gamna caalu | 55 | √ | √ | √ |
| | | 15 | Dubbisa Gowwummaa | 63 | √ | √ | √ |
| | | 15 | Gilgaala 8 shaakala sheekkoo | 67 | X | X | √ |
| | | 23 | Dubbisa Qocaafi simbirroota | 103 | √ | √ | √ |
| | | 23 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 103 | X | X | √ |
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala Oduu durii | 104 | √ | √ | √ |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Oduu durii | 106 | √ | √ | √ |
| 2 | Jechama | 8 | Dubbisa "Dhaha Oromoo" jedhu keessatti | 37 | X | X | √ |
| | | 18 | Gilgaala 4 shaakala jechamaa | 80 | √ | √ | √ |
| | | 12 | Dubbisa "Aadaa Hojii"jedhu keessa | 51 | X | X | √ |
| 3 | Mammaaksa | 22 | Dubbisa "Jireenya Namaafi Bosona" jedhu | 99 | √ | √ | √ |
| | | 22 | Gilgaala 5A shaakala mammaaksaa | 100 | X | X | √ |
| | | 22 | Gilgaala 5B shaakala mammaaksaa | 101 | √ | √ | √ |
| | | 22 | Gilgaala 5C shaakala mammaaksaa | 101 | X | X | √ |
| | | 23 | Dubbisa "Qocaafi simbirroota" jedhu keessa | 104 | X | X | √ |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala mammaaksaa | 104 | √ | √ | √ |
| | | 23 | Gilgaala 3 shaakala mammaaksaa | 105 | X | X | √ |
| | | 23 | Gilgaala 4 shaakala mammaaksaa | 105 | √ | √ | √ |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala mammaaksaa | 106 | √ | √ | √ |
| 4 | Hiibboo | 23 | Gilgaala 5 shaakala Hiibboo | 106 | √ | √ | √ |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Hiiboo | 106 | √ | √ | √ |
| 5 | Tapha ijoollee | 23 | Gilgaala 6 shaakala Tapha Ijoollee | 106 | √ | √ | √ |
| 6 | Weedduu | 23 | Gilgaala 6 shaakala weedduu | 106 | √ | √ | √ |
| 7 | Qoosaa | 23 | Gilgaala 6 shaakala qoosaa | 106 | √ | √ | √ |

**√= Xiyyeeffannoo agarsiisuuf   X= Xiyyeeffannoo dhabuu agarsiisuuf**

Akka ragaan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa irraa argame mul'isutti, afoolawwan dandeettii afaanii barsiisuuf kitaaba kana keessatti hojiirra oolan kanneen akka sheekkoo, jechama, mammaaksa, hiibboo, tapha ijoollee, weedduufi qoosaa yoo ta`an, isaanis: guutumaan guututti aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun kan dhiyaatan yoo ta`u, gama dandeettiifi sadarkaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galuufi dhiisuuttiin yeroo ilaalamu ammo, afoolli dhiyaate bay`inaan dandeettii barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun kan qophaahee miti. Keessattu jechamnifi mammaaksi achi keessatti dhiyaatan sadarkaafi dandeettii barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun kan dhiyaatee miti. Fkn. Kitaaba kana keessatti fuula 100fi 105 irratti  hiikni mammaaksaa dhiyaatan baayee ulfaatoofi dandeettii barattootaa faana kan hin deemne ta`uu isaati.

Walumaagalatti, afoolli kitaaba kana keessatti dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaate irra caalaatti aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun yaa dhiyaatu malee, sadarkaafi dandeettii barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun kan dhiyaatan akka hin taane sakatta`a kanaan irra gahameera. Dabalataanis, Baddiluu(1996:18) akka ibsutti, "… የተማርዎችን ደረጃ የጠበቀ ሥራ መቅረብ አለበት ስንል፤ከደረጃቸዉ በላይ የከበደ ወይም ከደረጃቸዉ በታች የቀለለ መሆን የለበትም ማለታችን ነዉ።" jedha. Yaada hayyuu kana bu`uureeffachuun kitaabilee kana yoo ilaalle afoolawwan dandeettiwwan afaanii barsiisuuf kitaaba kana keessatti dhiyaate ulaagaalee filannoo afoolaa afaan barsiisuu keessatti jiran xiyyeeffannoo keessa galchuun

kan dhiyaate miti. Kuni ammo xiyyeeffannoon jiru laafina qabachuu isaa sakatta`a kanaan irra gahameera.

### 4.2.4. Qaaccessa Akkaataa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan OromooKutaa Torbaffaa Keessatti Iitti Dhiyaate Mul`isu.

Akkaataa afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti itti dhiyaate haala armaan gadiitiin qaacceffamaniiru.

**Gabatee 4 :Qaaccessa Akkaataa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Itti Dhiyaate Mul`isu.**

| Lakk | Akaaku u Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argaman | Fuula | Akkaataa afoolli kitaaba keessatti dhiyaachuu qabu | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Dhihaannaa Afaan bu`uureeffate | Dhihaannaa Qabiyyee bu`uureeffate | Dhihaannaa hirmaannaa dhuunfaa bu`uureeffate |
| 1 | Sheekko o | 3 | Dubbisa "Umurii" jedhu | 10-11 | √ | X | X |
| | | 3 | Gilgaala 2 shaakala sheekkoo | 11 | √ | X | √ |
| | | 3 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 11 | √ | X | √ |
| | | 3 | Gilgaala 5 shaakala sheekkoo | 12 | √ | X | √ |
| | | 13 | Dubbisa Gamna Gamna Caalu | 55 | √ | X | X |
| | | 15 | Dubbisa Gowwummaa | 63 | √ | X | X |
| | | 15 | Gilgaala 8 shaakala sheekkoo | 67 | √ | X | √ |
| | | 23 | DubbisaQocaafi Shimbirroota | 103 | √ | X | X |
| | | 23 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 103 | √ | X | √ |
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala oduu durii | 104 | √ | X | √ |
| | | 23 | Gilgaala shaakala oduu durii | 106 | √ | X | √ |
| 2 | Jechama | 8 | Dubbisa "Dhaha Oromoo" jedhu keessa | 37 | √ | X | X |
| | | 18 | Gilgaala 4 shaakala jechamaa | 80 | √ | X | √ |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 12 | Dubbisa “Aadaa Hojii” jedhu keessa | 51 | √ | X | X |
| 3 | Mammaaksa | 22 | Dubbisa “jireenya namaafi Bosona” jedhu keessa | 99 | √ | X | X |
| | | 22 | Gilgaala 5A shaakala mammaaksa | 100 | √ | X | √ |
| | | 22 | Gilgaala 5B shaakala mammaaksa | 101 | √ | X | X |
| | | 22 | Gilgaala 5C shaakala mammaaksa | 101 | √ | X | X |
| | | 23 | Dubbisa “Qocaafi Simbirroota” jedhu keessa | 104 | √ | X | X |
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala mammaaksa | 104 | √ | X | √ |
| | | 23 | Gilgaala 3 shaakala mammaaksa | 105 | √ | X | √ |
| | | 23 | Gilgaala 4 shaakala mammaaksa | 105 | √ | X | √ |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala mammaaksa | 106 | √ | X | √ |
| 4 | Hiibboo | 23 | Gilgaala 5 shaakala Hiibboo | 106 | √ | X | √ |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Hiibboo | 106 | √ | X | √ |
| 5 | Tapha ijoollee | 23 | Gilgaala 6 shaakala Hiibboo | 106 | √ | X | √ |
| 6 | Weedduu | 23 | Gilgaala 6 shaakala weedduu | 106 | √ | x | √ |
| 7 | Qoosaa | 23 | Gilgaala 6 shaakala qoosaa | 106 | √ | X | √ |

**√= Xiyyeeffannoo agarsiisuuf X= Xiyyeeffannoo dhabuu agarsiisuuf**

Akka ragaan qaaccessa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa irraa argame mul`isutti akkaataa afoolli kitaaba barnootaa keessatti dhiyaachuu qabu keessaa dhihaannaa dandeettii afaanii bu`uureeffatetti kan gargaaramedha. darbee darbee ammoo mala dhihaannaa hirmaannaa dhuunfaa bu`uureeffachuun kan dhiyaate yoo ta`uu, dhihaannaan qabiyyee bu`uureeffate garuu guutumaan guutuutti kan hin jirre ta`uu isaa sakatta`a taasifame irraa hubachuun danda`ameera.Kuni immoo hanqinni jiraachuu isaa kan nutti mulisuudha.Akka Lazar (1993:23) ibsutti, “… Three possible approaches can help us to select and design materials for class use as well as to assess the suitability as published materials” jedha.

Yaada hayyuu kanaa bu`uurreeffachuun haala afoolli kitaaba kana keessatti dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf itti dhiyaachuu qabu: dhihaannaa dandeettiiwwan afaanii bu`uurreeffate, dhihaannaa qabiyyee bu`uureeffateefi dhihaannaa hirmaannaa dhuunfaa bu`uureeffate keessaa dhihaannaa dandeettiiwwan afaanii bu`uureeffate ta`uu isaa sakatta`a taasifame irraa hubachuun danda`ameera.

### 4.2.5 Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Afoolawwan Argaman Mul`isu

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa Saddeettaffaa keessatti afoolawwan argaman haala armaan gadittiin qaaceffamaniiru

**Gabatee 5: Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Afoolawwan Argaman Mul`isu**

| Lak | Akaakuu Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sheekkoo (oduu durii) | 11 | Dubbisa “Gorsa Diddu Du`a Diddaa” jedhu | 49 |
| | | 11 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 51 |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala sheekkoo | 52 |
| | | 14 | Dubbisa Hantuutaafi Raachaa | 65 |
| | | 14 | Gilgaala 8B shaakala Oduu Durii | 66 |
| | | 14 | Gilgaala 9 shaakala Oduu Durii | 66 |
| 2 | Jechama | 4 | Dubbisa “ kolfillee hiriyaa wajjin”jedhu keessa | 17 |
| | | 11 | Gilgaala 4 shaakala Jechamaa | 51 |
| | | 11 | Gilgaala 5 shaakala Jechamaa | 52 |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala Jechamaa | 52 |
| | | 20 | Gilgaala 5 Hubannoo Jechamaa | 89 |
| | | 20 | Gilgaala 6 shaakala jechamaa | 89 |
| | | 20 | Gilgaala 7 shaakala Jechamaa | 89 |
| 3 | Mammaaksa | 11 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 49 |
| | | 11 | Gilgaala 7A shaakala Mammaaksaa | 52 |
| | | 11 | Gilgaala 7B shaakala Mammaaksaa | 52 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | 11 | Gilgaala 7C shaakala Mammaaksaa | 53 |
| | | 11 | Gilgaala 7D shaakala Mammaaksaa | 54 |
| | | 14 | Gilgaala 8A shaakala Mammaaksaa | 65 |
| 4 | Hiibboo | 14 | Gilgaala 1 shaakala Dubbisa Duraa | 62 |
| | | 14 | Dubbisa “Hiibboo” jedhu | 62 |
| | | 14 | Gilgaala 2 shaakala Hiibboo | 63 |
| | | 14 | Gilgaala 4 shaakala Hiibboo | 63 |
| | | 14 | Gilgaala 5 shaakala Hiibboo | 64 |
| | | 14 | Gilgaala 6A shaakala Hiibboo | 64 |
| | | 14 | Gilgaala 6B shaakala Hiibboo | 64-65 |
| | | 14 | Gilgaala 7 shaakala Hiibboo | 65 |
| 5 | Weedduu | 21 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 90 |
| | | 21 | Walaloo Weedduu | 90-91 |
| | | 21 | Gilgaala 2 shaakala Weedduu | 91 |
| | | 21 | Gilgaala 4 shaakala Weedduu | 92 |
| | | 21 | Gilgaala 6 shaakala Weedduu | 93 |
| 6 | Ciigoo | 3 | Gilgaala 6 shaakala ciigoo | 14 |
| 7 | Geerarsa | 21 | Gilgaala 6 shaakala Geerarsaa | 93 |
| 8 | Baacoo | 19 | Gilgaala 6 shaakala Baacoo | 86 |
| 9 | Jeekarsa Ateetee | 21 | Gilgaala 6 shaakala Jeekkara Ateetee | 93 |

Akka ragaan kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa saddeettaffaa sakatta`uun gabatee keessatti tarreeffaman irraa hubatamutti akaakuuwwan afoolaa kitaaba kana keessatti dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaatan: sheekkoo, jechama, mammaaksa, hiibboo, weedduu, ciigoo, geerarsa, baacoofi jeekarsa Ateetee kan of keessaa qabu dha. Kana malees, afoolawwan kitaabni kuni dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf baayinaan gargaarame duraa duubaan: hiibbo, jechama, mammaaksa, oduu duriifi weedduu yoo ta`an, kanneen baayinaan hin gargaaramne ammo: ciigoo, geerarsa, baacoofi jeekarsi ateetee kan argamaniidha.

Haaluma ragaan sakatta`a kitaaba kana irraa argamu mul`isutti kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeetaffaa bara 2005/20012 foyya`ee maxxanfamee hanga ammaatti

hojiirra oolaa jiru kun afoolaawwan dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gargaarames kanneen armaan olitti eeramaniidha.

Akka Baddiluu(1996:1-2) Faqqadaa(1988) wabeeffachuun ibsutti, “ሥነፁሀፍ በቋንቋ ትምህርት ዉስጥ የሚያበርክተዉ አሰተዋፅኦ አሰመልክቶ በርካታ ምሁራን ጠንካራ አሰተያዬቶች ይሰነዝራሉ። ሥነፁሁፍ በየትኛዉም ደረጃ ለሚሰጥ የቋንቋ ትምህርት እዉነተኛና ተጨባጭ አዉድን አንደሚፈጥር ምሁራን በአፅንኦት ይገልፃሉ።” Yaada hayyuu kanaafi boqonnaa lama jalatti ibsaman bu`uureeffachuun yoo ilalle afoolli afaan barsiisuu keessatti gahee olaanaa kan qabuudha. Bu`uuruma kanaan kitaabni kun afoolawwan dandeettiwwan afaanii barsiisuuf gargaarame oliitti kan ibsame yoo ta`u, afoolaawwan kitaabni kun baayinaan gargaaramaniifi iddoo muraasatti qofa argaman ragaa sanada sakkatta`uu irraa argameen qaacceffameera.

Walumaagalatti, ragaan kitaaba kana sakatta`uun gabatee olii keessatti guutaman irraa kan hubatamu, kitaabni kun  dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf akaakuuwwan afoolaa adda addaa gargaaramuun isaa cimina isaa kan agarsiisudha.Yaata’umalee, baay`inafi faayidaa afoolli Oromoo dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti qabuun wal cinaa qabuun yoo ilaallame amallee hanqinni kan jiru ta`uusaati

### 4.2.6. Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Afoolawwan Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf Dhiyaatan Irra Caalaa Kamiirratti Akka Xiyyeeffatan Agarsiisu

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti afoolawwan dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaatan irra caalaa kam irratti akka xiyyeeffatan haala armaan gadiitiin qaacceffamaniiru.

**Gabatee 6: Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Afoolawwan Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf Dhiyaatan Irra Caalaa Kam Irratti Akka Xiyyeeffatan Agarsiisu**

| kk | Akaakuu Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula | Dandeettiiwwan Afaanii | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Dhaggeeffachuu | dubbachuu | Dubbisuu | Barreessuu |
| 1 | Sheekkoo | 11 | Dubbisa "Gorsa Diddu Du`a Diddaa" jedhu | 49 | X | X | √ | X |
| | | 11 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 51 | √ | √ | X | X |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala sheekkoo | 52 | √ | √ | √ | √ |
| | | 14 | Dubbisa Hantuutaaf Raachaa | 65 | X | X | √ | X |
| | | 14 | Gilgaala 8B shaakala sheekkoo | 66 | √ | √ | X | X |
| | | 14 | Gilgaala 9 shaakala sheekkoo | 66 | √ | √ | X | X |
| 2 | Jechama | 4 | Dubbi" kolfilee Hiriyaa waliin" jedhu keessatti | 17 | X | X | √ | X |
| | | 11 | Gilgaala 4 shaakala jechama | 51 | X | X | √ | √ |
| | | 11 | Gilgaala 5shaakala jechama | 52 | X | X | √ | √ |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala jechama | 52 | X | X | √ | √ |
| | | 20 | Gilgaala 5 shaakala jechama | 89 | X | X | √ | √ |
| | | 20 | Gilgaala 6 shaakala jechama | 89 | X | X | √ | √ |
| | | 20 | Gilgaala 7 shaakala jechama | 89 | √ | √ | X | X |
| 3 | Mammaaksa | 11 | Gilgaala 1 shaakaladubbisa duraa | 49 | √ | √ | X | X |
| | | 11 | Gilgaala 7A shaakala mammaaksaa | 52 | √ | √ | X | X |
| | | 11 | Gilgaala 7B shaakala mammaaksaa | 52 | X | X | √ | √ |
| | | 11 | Gilgaala 7C shaakala mammaaksaa | 53 | X | X | √ | √ |
| | | 11 | Gilgaala 7D shaakala mammaaksaa | 54 | √ | √ | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 8A shaakala mammaaksaa | 65 | √ | √ | √ | √ |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 4 | Hiibboo | 14 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 62 | √ | √ | X | X |
| | | 14 | Dubbisa " Hiibboo" jedhu | 62 | X | X | √ | X |
| | | 14 | Gilgaala 2 shaakala Hiiboo | 63 | X | X | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 4 shaakala Hiiboo | 63 | X | X | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 5 shaakala Hiiboo | 64 | X | X | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 6Ashaakala Hiiboo | 64 | X | X | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 6B shaakala Hiiboo | 64-65 | √ | √ | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 7 shaakala Hiiboo | 65 | √ | √ | √ | √ |
| 5 | Ciigoo | 3 | Gilgaala 6 shaakala ciigoo | 14 | √ | √ | √ | √ |
| 6 | Weedduu | 21 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 90 | √ | √ | X | X |
| | | 21 | Walaloo weedduu | 90-91 | X | X | √ | X |
| | | 21 | Gilgaala 2 shaakala weedduu | 91 | √ | √ | X | X |
| | | 21 | Gilgaala 4 shaakala weedduu | 92 | √ | √ | X | X |
| | | 21 | Gilgaala 6AC shaakala weedduu | 93 | √ | √ | √ | √ |
| 7 | Geerarsa | 21 | Gilgaala 6 shaakala geerarsaa | 93 | X | X | √ | √ |
| 8 | Baacoo | 19 | Gilgaala 6 shaakala Baacoo | 86 | √ | √ | √ | √ |
| 9 | Jeekarsa Ateetee | 21 | Gilgaala 6 shaakala jeekarsa Ateetee | 93 | X | X | √ | √ |

**√= Xiyyeeffannoo agarsiisuuf   X= Xiyyeeffannoo dhabuu agarsiisuuf**

Akka ragaan sakatta'a kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa irraa argamu mul`isutti akaakuuwwan afoolaa dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gargaarame dubbisaafi gilgaalota adda addaa keessatti kan argaman yoo ta`u, kanneen keessaa afoolaawwan digdamii jaha ta`an dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti, afoolawwan kudha saddeet dandeettii dubbachuu barsiisuu irratti, ,afoolawwan digdamii tokko dandeettii barreessuu irratti, afoolaawwan kudha saddeet dandeettii dhaggeeffachuu barsiisuuf kanneen dhiyaatan ta`uu isaanii qaaccessa taasifame irraa argameera.

Ragaan sakatta`a kitaaba kanaa irraa argamee irraa kan hubannu afoolawwan kitaabni kuni dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gargaarame keessaa harki caalaan dandeetti dubbisuu barsiisuuirratti kan xiyyeeffatan yoo ta`u, afoolawwan irra caalaatti dandeettii afaanii kam barsiisuu irratti akka xiyyeeffatan duraa duubaan yemmuu kaa`aman dandeettii dubbisuu, barreessuu, dubbachuufi dhaggeeffachuu irratti akka ta`e ifatti kan mul`atuudha.

Akka Baddiluu(1996) ibsetti,“ቋንቋ አራት ክህሎች አሉት።መናገር፤ማዳመጥ፤መፃፈና ማንበብ። የሰነፅሁፍ በሥርአተ ትምህርት ዉሰጥ መካተት ተማርዎች በከፍተኛ ዳረጃ የማንበብና በመካካለኛ ደረጃ ደግሞ የማዳመጥ፤የመናገርና የመፃፍ ክህሎችን እንድያዳብሩ ያግዛል።” jedha. Yaada hayyuu kanaa bu`uura taasifachuun xiyyeeffannoo kitaabni kun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu irratti qabu qaacceessaa taasifame irraa akka hubatamutti kitaabni kun irra caalaatti dandeettii dubbisuu barsiisuu irratti kan xiyyeeffatuufi giddu galeessummaan ammo dandeettiiwwan barreessuu, dubbachuufi dhaggeeffachuu akka cimsatan kan gargaarame ta`uu isaa mul`isa. Kuni ammo xiyyeeffannoon jiru gaarii ta`uu isaa kan mul`isuudha.Afoolli dandeettiiwwan afaanii hunda barsiisuu keessatti gaheen inni qabu olaanaadha. Yaa ta`u malee, kitaabni kuni baayinaan dandeettii dubbisuu irratti kan xiyyeeffate yoo ta`u, kuni ammo hanqina kitaaba kana keessatti mul`atu waan ta`eef akkaataa dandeettiiwwan afaanii hunda barsiisurratti xiyyeeffatutti qophaa`uu qaba.

### 4.2.7. Qaaccessa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffa Keessatti Dhiyaatan: Sadarkaa, Dandeettiifi Aadaa Barattootaa Xiyyeeffannoo Keessa Galchuu Isaanii Mul`isu.

Afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffa keessatti hojiirra oolan sadarkaa, dandeettiifi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuufi dhiisuu isaanii haala armaan gadiitiin qaacceffamaniiru.

**Gabatee 7 :Qaaccessa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffa Keessatti Hojiirra Oolan Sadarkaa, Dandeettiifi Aadaa Barattootaa Xiyyeeffannoo Keessa Galchuufi Dhiisu Isaanii Mul`isu**

| Lak k | Akaakuu Afoolaa | Boqo nnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula | Afoolli hojiirra oolan sadarkaa dandeettiifi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuu fi dhiisuu mul`isu | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Sadar kaa | Dan deett ii | Aada a |
| 1 | Sheekkoo | 11 | Dubbisa Gorsa Diddu Du`a Diddaa jedhu | 49 | √ | √ | √ |
| | | 11 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 51 | √ | √ | √ |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala sheekkoo | 52 | √ | √ | √ |
| | | 14 | Dubbisa Hantuutaaf Raachaa | 65 | √ | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 8B shaakala sheekkoo | 66 | √ | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 9 shaakala sheekkoo | 66 | √ | √ | √ |
| 2 | Jechama | 4 | Dubbisa "kolfilee Hiriyaa waliin" jedhu keessatti | 17 | √ | √ | √ |
| | | 11 | Gilgaala 4 shaakala jechama | 51 | X | √ | √ |
| | | 11 | Gilgaala 5shaakala jechama | 52 | X | √ | √ |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala jechama | 52 | X | √ | √ |
| | | 20 | Gilgaala 5 shaakala jechama | 89 | X | √ | √ |
| | | 20 | Gilgaala 6 shaakala jechama | 89 | X | √ | √ |
| | | 20 | Gilgaala 7 shaakala jechama | 89 | X | √ | √ |
| 3 | Mammaaksa | 11 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 49 | √ | √ | √ |
| | | 11 | Gilgaala 7A shaakala mammaaksaa | 52 | X | X | √ |
| | | 11 | Gilgaala 7B shaakala mammaaksaa | 52 | X | X | √ |
| | | 11 | Gilgaala 7C shaakala mammaaksaa | 53 | X | X | √ |
| | | 11 | Gilgaala 7D shaakala mammaaksaa | 54 | X | X | √ |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 14 | Gilgaala 8A shaakala mammaaksaa | 65 | √ | √ | √ |
| 4 | Hiibboo | 14 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 62 | √ | √ | √ |
| | | 14 | Dubbisa Hiibboo jedhu | 62 | √ | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 2 shaakala Hiiboo | 63 | √ | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 4 shaakala Hiiboo | 63 | √ | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 5 shaakala Hiiboo | 64 | √ | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 6Ashaakala Hiiboo | 64 | √ | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 6B shaakala Hiiboo | 64-65 | √ | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 7 shaakala Hiiboo | 65 | √ | √ | √ |
| 5 | Ciigoo | 3 | Gilgaala 6 shaakala ciigoo | 14 | X | X | √ |
| 6 | Weedduu | 21 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 90 | √ | √ | √ |
| | | 21 | Walaloo weedduu | 90-91 | √ | √ | √ |
| | | 21 | Gilgaala 2 shaakala weedduu | 91 | √ | √ | √ |
| | | 21 | Gilgaala 4 shaakala weedduu | 92 | √ | √ | √ |
| | | 21 | Gilgaala 6AC shaakala weedduu | 93 | √ | √ | √ |
| 7 | Geerarsa | 21 | Gilgaala 6 shaakala geerarsaa | 93 | X | √ | √ |
| 8 | Baacoo | 19 | Gilgaala 6 shaakala Baacoo | 86 | √ | √ | √ |
| 9 | Jeekarsa Ateetee | 21 | Gilgaala 6 shaakala jeekarsa Ateetee | 93 | √ | √ | √ |

**√= Xiyyeeffannoo agarsiisuuf X= Xiyyeeffannoo dhabuu agarsiisuuf**

Akka ragaan kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa irraa argamu mul`isuttii afoolawwan dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaatan kanneen akka: sheekkoo, jechama, mammaaksa, hiibboo, ciigoo, weedduu, geerarsa, baacoofi jeekarsa ateetee yoo ta`an, isaanis bay`inaan aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun kan dhiyaatan yoo ta`u, gama dandeettiifi sadarkaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun qophaa`uutiin hanqina kan qabu ta`uu isaa qaaccessa taasiffame irraa hubatameera. Fkn. Kitaaba kana fuula 52-54fi kanbiraa irratti mammaaksiifi jechamoonni dhiyaatan dandeettii barattootaatiin kan wal madaaluu miti.

Akka Lazar(1993:52) ibsutti, " It is probably fairly sel-evident what is meant by criteria such as the age of students, their emotional and intellectual maturity and their interests and hobbies." jedha. Yaada hayyuukana bu`uureeffachuun kitaaba kana yoo ilaalle, afoolawwan dandeettiwwan afaanii barsiisuuf kitaaba kana keessatti dhiyaatan ulaagaalee filannoo afoolaa afaan barsiisuu keessatti jiran xiyyeeffannoo keessa galchuun kan dhiyaatan miti. Kuni ammo xiyyeeffannoon jiru laafina qabachuu isaa sakatta`a kanaan irra gahameera.

Walumaagalatti, ragaalee armaan olitti sakatta`a kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti argaman irraa kan hubatamu afoolli dhiyaate sun ulaagaaleefilannoo afoolaa afaan barsiisuu keessattii sadan: hawwataafi fedhii barattootaa waliin kan deemu ta`uu, kaayyoo giddugaleessa kan godhate ta`uufi sadarkaa barattootaa giddu galeessa godhatee dhiyaachuu akka qabu yoo mul`isu, hamma ta`e hojiirra yaa oolan malee hanqinni darbee darbee kan jiru ta`uu isaa ragaaleen argaman kan mul`isaniidha.

### 4.2.8. Qaaccessa Akkaataa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Itti Dhiyaate Mul`isu

Akkaataa afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti itti dhiyaate haala armaan gadiitiin qaacceffamaniiru.

**Gabatee 8: Qaaccessa Akkaataa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Itti Dhiyaate Mul`isu**

| Lakk | Akaaku u Afoola | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula | Akkaataa afoolli kitaaba keessatti dhiyaachuu qabu | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Dhihaannaa Afaan bu`uureeffate | Dhihaannaa qabiyyee bu`uureeffate | Dhihaannaa hirmaannaa dhuunfaa bu`uureeffate |
| 1 | Sheekkoo | 11 | Dubbisa "Gorsa Diddu Du`a Diddaa" jedhu | 49 | √ | X | √ |
| | | 11 | Gilgaala3 shaakala sheekkoo | 51 | √ | X | √ |
| | | 11 | Gilghaala6shaakalasheekkoo | 52 | √ | X | √ |
| | | 14 | DubbisaHantuutaafi Raachaa | 65 | √ | X | X |
| | | 14 | Gilgaala8Bshaakalasheekkoo | 66 | √ | X | √ |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 14 | Gilgaala9 shaakala sheekkoo | 66 | √ | X | √ |
| 2 | Jechama | 4 | Dubbisa kolfillee hiriyaa wajjin jedhu keessa | 17 | √ | X | X |
| | | 11 | Gilgaala 4 shaakala jechama | 51 | √ | √ | X |
| | | 11 | Gilgaala 5 shaakala jechama | 52 | √ | X | X |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala jechama | 52 | √ | X | √ |
| | | 20 | Gilgaala 5 shaakala jechama | 89 | √ | X | X |
| | | 20 | Gilgaala 6 shaakala jechama | 89 | √ | X | √ |
| | | 20 | Gilgaala 7 shaakala jechama | 89 | √ | X | √ |
| 3 | Mamma aaksa | 11 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 49 | √ | X | √ |
| | | 11 | Gilgaala 7A shaakala mammaaksaa | 52 | √ | X | √ |
| | | 11 | Gilgaala 7B shaakala mammaaksaa | 52 | √ | X | X |
| | | 11 | Gilgaala 7C shaakala mammaaksaa | 53 | √ | X | X |
| | | 11 | Gilgaala 7D shaakala mammaaksaa | 54 | √ | X | √ |
| | | 14 | Gilgaala 8A shaakala mammaaksaa | 65 | √ | X | √ |
| 4 | Hiibboo | 14 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 62 | √ | X | √ |
| | | 14 | Dubbisa Hiibboo jedhu | 62 | √ | √ | √ |
| | | 14 | Gilgaala 2 shaakala hiibboo | 63 | √ | X | √ |
| | | 14 | Gilgaala 4 shaakala hiibboo | 63 | √ | X | √ |
| | | 14 | Gilgaala 5 shaakala hiibboo | 64 | √ | X | √ |
| | | 14 | Gilgaala 6A shaakala hiibboo | 64 | √ | X | √ |
| | | 14 | Gilgaala 6B shaakala hiibboo | 64-65 | √ | X | √ |
| | | 14 | Gilgaala 7 shaakala hiibboo | 65 | √ | X | √ |
| 5 | Ciigoo | 3 | Gilgaala 6 shaakala ciigoo | 14 | √ | X | √ |
| 6 | Weeddu u | 21 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 90 | √ | X | √ |
| | | 21 | walaloo weedduu | 90-91 | √ | X | X |
| | | 21 | Gilgaala 2 shaakala weedduu | 91 | √ | X | √ |
| | | 21 | Gilgaala 4 shaakala weedduu | 92 | √ | X | √ |
| | | 21 | Gilgaala 6AC shaakala weedduu | 93 | √ | X | √ |
| 7 | Geerarsa | 21 | Gilgaala 6 shaakala geerarsaa | 93 | √ | X | √ |
| 8 | Baacoo | 19 | Gilgaala 6 sahaakala baacoo | 86 | √ | X | √ |
| 9 | Jeekarsa ateetee | 21 | Gilgaala 6 shaakala jeekarsa ateetee | 93 | √ | X | √ |

**√= Xiyyeeffannoo agarsiisuuf   X= Xiyyeeffannoo dhabuu agarsiisuuf**

Akka ragaan sakatta`a kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa irraa argame mul`isutti: kitaabni kuni akkaataa afoolli kitaaba barnootaa keessatti itti dhiyaatu sadan keessaa dhihaannaa dandeettii afaanii bu`uureeffate ta`uu isaati. Kana malees, dhihaannaa hirmaannaa dhuunfaa bu`uureeffate illee kan gargaarame yoo ta`u, dhiyaannaan qabiyyee bu`uureeffate garuu maalummaa jechamaa fuula 51 irrattifi dubbisa "Hiibboo" jedhu fuula 62 irratti malee kan hin jirre ta`uu isaa sakatta`a kanaan irra gahameera.

Akka Lazar (1993:23) ibsutti, "… Three possible approaches can help us to select and design materials for class use as well as to assess the suitability as published materials" jedha.Yaada hayyuu kanaa bu`uurreeffachuun haala afoolli kitaaba kana keessatti dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf itti dhiyaachuu qabu: dhiyaannaa dandeettiiwwan afaanii bu`uurreeffate, dhihaannaa qabiyyee bu`uureeffateefi dhiyaannaa hirmaannaa dhuunfaa bu`uureeffate keessaa dhiyaannaa dandeettiiwwan afaanii bu`uureeffate ta`uu isaa sakatta`a taasifame irraa hubachuun danda`ameera.

Walumaagalatti, ragaaleen sakatta`a kitaabilee kanneenii irraa argame akka mul`isutti,haalli dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnootaa kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti jiru dhiyaannaa dandeettii afaanii bu'uureeffate ta'uu isaa sakatta'a taasifame irraa hubachuun danda'ameera

### 4.3. Qaaccessa Ragaalee Afgaaffiifi Marii Garee Barsiisotaafi barattootaa Mana Barumsa Dagam Sadarkaa Tokkoffaa Irraa Argame

Ragaaleen Afgaaffii barsiisotaafi barattootaa akkasumas, marii garee barsiisota Mana Barumsa Dagam Sadarkaa tokkoffaa irraa argame haala itti aanuu kanaan qaacceffamuun dhiyaate.

**1. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaate jiraa? Yoo jiraatan kamtu jira?** Gaaffii jedhuuf barsiisonni, idattoof filataman yemmuu deebii kennan haala walfakkaatuun, "Eeyyee, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaas ta'ee kutaa saddeettaffaa keessa jira. Afoollawwan kitaabilee kanneen keessatti argamanis, kutaa torbaffaa keessatti kan argaman: jechama ,hiibboo, mammaaksa, oduu durii, baacoo, tapha ijoolleefi wedduu fa'a yemmuu ta'an, kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti kanneen

argaman ammo: hiibboo, jechama, baacoo, geerarsa, mammaaksa, ciigoo, oduu durii, jeekaarsaafi weedduu fa'aadha," jedhan.

**Dhimma kana irratti afgaaffii barattoota faana gaggeeffameen ammo:**barattoonni "A,B,C,D" haala walfakkaatuun, "Eeyyee, kitaaba kutaa torbaffaafi saddeetaffaa keessaa afoolli dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaate jira," jechuun deebisan.

Walumaagalatti,ragaalee afgaaffii barsiisotaafi barattoota faana gaggeeffame kana irraa kan hubatamu kitaabilee lamaanuu keessatti afoolli dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf kan dhiyaatan ta'uu isaanii kan mul'isuu dha.Kuni immoo ragaaleen barattoota irraa argame yaada barsiisonni kennan kan deeggaru ta'uu isaa ragaa isaan kennnan kana irraa hubachuun danda'ameera.

2. **Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti akaakuu afoolaa isa kamtu baay'ata? Sadarkaadhan yemmuu ibsamu kamtu caalmaa qaba?** Gaaffii jedhuuf barsiisaa "A" yemmuu deebii kennan,"Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti akaakuuwwan afoolaa jiran keessaa baay'een mammaaksafi oduu durii yoo ta'u, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti ammo: hiibboo, jechamaafi mammaaksaatu baay'ata. Afoolawwan jiran kanneen ammo, akkaataa baay'ina isaanitiin sadarkaadhan yemmuu keenyu kan kutaa torbaffaa oduu duriifi mammaaksa yoo ta'u, kutaa saddeettaffaa keessatti ammo: hiibboo, jechamaafi mammaaks." .Dabalataanis ,barsiisaa "B" yaaduma kanaan dura kenname deeggaran, "kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolawwan jiran keessaa baay'een mammaaksaafi sheekkoodha. Isaan kana ammoo sadarkaadhaan yemmuu keenyu tokkoffaan, sheekkoo yoo ta'u, itti aanee immoo mammaaksatu baay'ata. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti akaakuun afoolaa baay'inaan argamu: jechama, hiibboofi mammaaksatu baay'inaan argama. Akaakuuwwan afoolaa baay'inaan kitaabilee kanneen keessatti argaman sadarkadhaan yemmuu teechisnu kutaa torbaffaa keessatti sheekkoofi mammaaksa. Kutaa saddeettaffaa keessatti kan argaman keessaa tokkoffaan hiibboo yoo ta'u, itti aansee mammaaksaafi jechamni kan jiraniidha,"jechuun deebii isaanii kennan. Deebiin barsiistuu"C"fi barsiistuu"D" irraa argames: yaaduma barsiisoonni lamaan olitti kennaniin garaagarummaa kan hin qabneefi kan walfakkaatudha.

.**Dabalataanis,afgaaffii barattoota faana gaggeeffameen ammo:** barataa“A”yemmuu deebii kennu, “Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolli baay’inaan argamu, mammaaksafi sheekoo yoo ta’an, kutaa saddeettaffaa keessatti ammoo hiibboodha,”yemmuu jedhu. Barataa “B” ammoo, “kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolli baay’inaan argamu oduu durii yoo ta’u, kutaa saddeettaffaa keessatti immoo hiibboofi jechama,” jedha. Barattuu “C,”fi barattuu “D” yaada wal fakkaatu kan qaban yoo ta’uu, “kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolli baay’inaan argamu, sheekoo yoo ta’u, kutaa saddeettaffaa keessatti ammoo hiibboodha,” jechuun deebii isaanii kennaniiru.

**Marii gareedhuma gaaffii kana irratti barsiisota waliin gaggeeffameen ammo:**Gaaffii kanaaf deebii yoo laatan, “Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolli baay’naan dhiyaatan oduu durii (sheekoo)fi mammaaksa yoo ta’an, sababni isaan baay’ataniif sheekoos ta’e mammaaksi gaheen isaan dandeettiwwan afaanii barsiisuu keessatti qaban olaanaa waan ta’eefi. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti immoo: afoolli dandeettiwwan afaanii barsiisuuf baay’inaan dhiyaate hiibboofi jechama. Sababni isaatis lamaanuu dandeettiwwan afaanii barsiisuuf gahee olaanaa waan qabaniifi.Keessattu hiibboon bashannaansiisaa barsisuufis ta’ee.Dandeettiwwan afaanii arfanu barsiisuu keessatti gahee olaanaa kan qabu waan ta’eefi,” jechuun deebisaniiru.

Walumaagalatti,afgaaffiifi marii garee barsiisotaafi barattoota faana gaggeeffame kana irraa kan hubatamu kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolli baay’inaan argamu:mammaaksafi oduu durii yoo ta’u,kan kutaa saddeetaffaa keessatti immoo hiibboofi jechama. Kuni immooafgaaffiis ta’ee mariin garee gaggeeffame yaadni isaanii garaagarummaa baay’ee kan hin qabneefi kan wal deeggaran ta’uu isaanii afgaaffiifi marii garee taasifame irraa hubachuun danda’ameera.

3. **Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaate caalaatti dandeetti afaanii isa kam gabbisuurratti xiyyeeffata?** Gaaffii jedhuuf barsiisaa “A” yemmuu deebii kennan, “kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaate baay’inaan dandeetti dubbisuufi barreessuurratti,”jedhan.barsiisaan “B” immoo, “Afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo

kutaa torbaffaa keessatti dhiyaate baay'inaan dandeetti dubbisuufi barreessuurratti. Kitaaba kutaa saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaate dandeettii dubbisuurratt," jedhan. Barsiistuu "C" immoo, "kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaaffaas ta'ee kan kutaa saddeettaffaa keessatti afoolawwan dhiyaatan baay'inaan dandeettii dubbiisuufi barreessuurratti xiyyeeffatu," jedhan. Barsiistuu "D" yemmuu deebii kennaan, "Akaakuuwwan afoolaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti dhiyaatan dandeettii dubbisuu gabbisuurratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u, kan kutaa saddeettaffaa immoo dandeettii barreessuufi dubbisuurratti kan xiyyeeffataniidha," jedhan.

**Barattoonni immoo gama isaanitiin gaaffii kanaaf**barataa "A" yemmuu deebii kennu,"Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolli dhiyaate dandeettiwwan afaanii arfanu kan barsiisuu ta'ee, irra caalaatti garuu dandeettii dubbisuurratti kan xiyyeeffateedha. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaate ammoo dandeettiwwan afaanii arfanu kan barsiisu yoo ta'u, irraa caalaatti garuu dandeettii baarreessuufi dubbisuurratti," jedha. Baratoonni hafan sadan ammoo yaada wal fakkaatu kan qaban yoo ta'u, "Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolli dhiyaate dandeettiiwwan afaanii arfan barsiisuuf kan dhiyaate yoo ta'u, baay'inaan dandeettii dubbisuufi bareessuu barsiisuu irratti kan xiyyeeffatedha. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaate dandeettiiwwan afaanii arfan barsiisuuf kan dhiyaate ta'ee baay'inaan garuu dandeettii dubbisuurratti," jechuun deebii isaanii kennaniiru.

**Dabalataanis,dhimma kana ilaalchisee marii garee barsiisota faana gaggeeffameen** barsiiisonni marii garee irratti hirmaatan yemmuu deebisan, "kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaas ta'ee kan kutaa saddeetaffaa keessatti afoolli dhiyaatan baay'inaan dandeettii dubbisuufi barreessuu irratti yaa xiyyeeffatan malee dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuus kan barsiisuudha.Fkn barataa tokkoon,'oduu durii beektu tokko barattootaaf himi,' yoo jedhame dandeettii dubbachuu barsiisaa jira.Bakka dandeettiin dubbachuu jirutti ammo dandeettiin dhaggeeffachuutis ni jiraata. Kanaafuu, xiyyeeffannoon jiru wal haa caalu malee dandeettiiwwaan arfan barsiisuuf dhiyaatee jira,"jechuun deebii isaanii kennaniiru.

Walumaagalatti,afgaaffii barsiisotaafi barattootaa akkasumas,marii garee barsiisota faana gaggeeffame kana irraa kan hubatamu,afoolli kitaabilee lamaanuu keessatti dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaatan irra caalaatti dandeettii dubbisuufi barreessuu irratti kan xiyyeeffatan ta'uu isaafi darbee darbee immoo dandeettiin dubbachuufi dhaggeeffachuus barsiisuuf akka dhiyaatekan mul'isuudha.Kunis, ragaan barsiisotaafi barattoota irraa argame baay'inaan kan wal fakkaatan ta'uu isaa hubatameera.

**4. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaatan sadarkaa, dandeettiifi aadaa barattootaa waliin yemmuu madaalaman maal fakkaatu?** Gaaffii jedhuuf barsiisaa "A" yemmuu deebii kennan,"Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaas ta'e kan kutaa saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaatan aadaa, dandeettiifi sadarkaa barattootaa baay'inaan xiyyeeffannoo keessaa galchuun yaa dhiyaatan malee gama dandeettii barattootaa xiyyeeffannoo keessaa galchuu dhabuutiin hanqinni kan mul'atuudha,"jedhan. Barsiisaan "B" immoo, "Afoolli kitaaba barnoota kutaa torbaffaa keessatti dhiyaate aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun yaa dhiyaatu malee,gama sadarkaafi dandeettii barattootaatiin yemmuu madaalaman tokko tokko ulfaatoodha.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti immoo afoolli dhiyaate baay'inaan aadaa, sadarkaafi dandeettii barattootaa kan madaalan yoo ta'e illee, hanqinni kan mul'atuudha," jedhan. Barsiistuun "C" immoo, "Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolli dhiyaate aadaa barattootaa irratti rakkoo kan hin qabne yoo ta'u, sadarkaafi dandeettii barattootaatiin yoo ilaalaman immoo hanqinoonni muraasni kan mul'ataniidha. Afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti dhiyaatan sadarkaafi dandeettii barattootaa waliin yeroo madaalaman hanqina kan qabaniidha,"jedhan. Barsiistuu "D" yemmuu deebisan, "kitaabilee kutaa torbaaffaas ta'ee kan kutaa saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaatan dandeettiifi sadarkaa barattootaa waliin yeroo madaalaman hanqinni kan mul'atuudha," jedhan.

**Afgaaffii barattoota faana gaggeeffameen ammo:** barattoonni "Afi C" deebii wal fakkaataa kan qaban yoo ta'u, "kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolli dhiyaate tokko tokko ulfaatoodha. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeetaffaa keessatti afoolli dhiyaate immoo mammaaksi tokko tokko ni ulfaata," jedhan.

Barataa “B” yemmuu deebii kennu, “ Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaas ta’e kan kutaa saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaatan gaarii ta’ee tokko tokko kan ulfaatan jiru.” jedha. Barattuu “D” yemmuu deebistu, “ kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolli dhiyaate baay’ee hin ulfaatu, kutaa saddeettaffaa keessatti ammoo mammaaksiifi ciigoon ni ulfaata,” jechuun deebii isaanii kennaniiru.

Kana malees, **afoolli dhiyaatan aadaa hawaasaa kee waliin walsimuu?**Gaaffii jedhuuf barattoonni iddattoodhaaf filataman hundii deebii walfakkaatu yoo deebisan, “Eeyyee, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaate aadaa keenya waliin kan walsimaniidha,” jechuun deebii isaanii kennaniiru.

Walumaagalatti,afgaaffii barsiisotaafi barattootaa faana gaggeeffame kana irraa kan hubatamu,Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaatan duudhaa ummataa faana kan deemu yoo ta’u,gama sadarkaafi dandeettii barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun dhiyaachuutiin ammoo hanqinni kan mul’atuudha.Kunis, keessattuu kitaabilee lamaanuu keessatti mammaaksi dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaate ulfaatoo ta’uu isaa afgaaffii taassiffame kana irraa hubachuun danda’ameera.

**5. Haala dhihaannaa afoolaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti yaada dabalataa yoo qabaattan osoo ibsitanii?** Gaaffii jedhuuf barsiisaa “A”fi barsiistuu “D”yaanni isaan kennnan kan wal fakkaatu yoo ta’u, kunis:, “Haalli dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti dadeettiiwwan afaanii barsiisuuf baay’inaan argamuun isaa gaarii ta’ee, iddoo tokko tokkotti hanqina kan qabuudha. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddettaffaa keessatti haalli dhiyaannaa afoolaa kan kutaa torbaffaa caalaa fooyya’aadha,”jedhan. Barsiisaa “B”fi barsiistuu “C” yaanni isaan kennan kan wal fakkaatu yoo ta’u, kunis: “Haalli dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti jiru afoolli baay’inaan jiraachuun gaarii ta’ee garuu haalli dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaatan cimina yaa qabaatan malee, iddoo tokko tokkotti akaakuu afoolaa hedduu shaakala tokko jalatti fiduun barattoonni akka nuffan taasisuun hanqina mul’atuudha. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo

kutaa saddeettaffaa keessatti rakkoon jiru kan walfakkaatu yaa ta’u malee kitaabni kutaa saddeettaffaa kan kutaa torbaffaa caalaa fooyya’aadha,” jedhan.

**Dabalataanis, dhimma kana ilaalchisee marii garee barsiisota faana gaggeeffameen**, “kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoola dhiyaatan wal cinaa qabnee yemmuu ilaallu kitaabni kutaa saddeettaffaa kan kutaa torbaffaa caalaa fooyya’aadha. Yaata’uumalee, ammallee gahoo akka hin taanefi jalqaba irratti yemmuu kitaabni barnootaa qophaa’u osoo bifa kanarra fooyya’aa ta’een qophaa’ee gariidha.Kana jechuun, afoolawwan hedduu waan qabnuuf qopheessitoonni sirna barnoota afaanii afoolawwan hedduu hawaasa keessatti baay’inaan argaman keessaa filachuun kanneen dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gahee olaanaa qaban osoo gara barnoota afaaniitti fidanii gaariidha.Kana malees, barsiisonni Afaan Oromoo barsiisanis, afoolawwan kitaabilee kanneen keessatti dandeettiiwaan afaanii barsiisuuf qophaa’an gahoo akka hin taane hubatanii hanga danda’ametti afoolawwan garagaara hawaasa keessaa gara dareetti fiduun dandeettii afaanii barattoota isaanii osoo gabbisuuf yaalii taasisanii gaariidha,” jechuun deebisaniiru.

Walumaagalatti,ragaaleen afgaaffii bars*i*isotaafi barattootaa akkasumas, marii garee barsiisotaa irraa argame kun kan mul’isu kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa keessatti afoolawwan argaman: jechama, hiibboo, mammaaksa, oduu durii, baacoo, tapha ijoolleefi weedduu ta’uu isaanii, afoolawwan kanneen keessa baay’naan kan argamu. Mammaaksaafi oduu durii akka ta’e, afoolawwan dhiyaatan kunniin ammoo irraa caalaatti dandeettii dubbisuufi barreessuu barsiisuurratti kan xiyyeeffatan ta’uu isaanii, afoolawwan dhiyaatan aadaa, sadarkaafi dandeettii barattootaa waliin yemmuu madaalaman keessattu gama sadarkaafi dandeettii barattootaatiin hanqinni kan jirufi haala dhiyaannaa afoolaa kitaaba kana keessaa baay’een isaa gaarii ta’us  akaakuu afoolaa hedduu shaakala tokko jalatti dhiyeessun hanqina mul’atu ta’uu isaafi,

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa saddeettaffaa keessatti ammo: afoolawwan argaman: hiibboo jechama, baacoo, geerarsa, mammaaksa, ciigoo, oduu durii, jeekarsaafi weedduu ta’u isaanii, afoolawwan kanneen keessaa baay’naan kan argaman: hiibboo, mammaaksaafi jechama akka ta’e, afoolawwan dhiyaatan kunniin immoo irra caalaatti dandeettii dubbisuufi

barreessuu irratti kan xiyyeeffatan ta'uu isaanii, afoolawwan dhiyaatan aadaa, sadarkaafi dandeettii barattootaa waliin yemmuu madaalaman hanqinni muraasni kan jiru ta'uu isaafi haalli dhiyaannaa afoolaa kitaaba kana keessaa kutaa torbaffaarraa fooyya'aa ta'us hanqinni kan mul'atu ta'uu isaa afgaaffiifi marii garee taasifame irraa hubatameera.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti haala waliigalaa qorannoo jalqabaa hanga dhumaa kan ilaallatuudha. Haa ta'u malee, iddoo kanatti irraa caalaatti dhimmoonni sadi xiyyeeffannoo argateera. Isaanis: cuunfaa, argannoofi yaboo of keessatti hammachuun ibsa isaanii faana dhiyaataniiru.

## 5.1. Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa: kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolaan gargaaramuun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu qaaccessuudha.Bu'uura kaayyoo qorannichaa irratti hunda'uun cuunfaan armaan gadii kennameera. Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamuun gaggeeffame. Boqonnaan tokko: seensa yemmuu ta'u, ariirrata qorannichaa jalatti: Afaan Oromoo sababa gadi qabaafi dhiibbaa bara dheeraa irra tureen afaan barnootaafi afaan qo'annoofi qorannoo osoo hin ta'in tureera. Yaa ta'u malee, ummanni Oromoo bara durii irraa kaasee aadaa, safuufi haala jiruufi jireenya isaa dhaloota tokkoo dhaloota itti aanuutti hambaa ganamaafi calaqqee aadaa isaa kan ta'e afoola isaatiin dabarfachaa kan tureefi jiruudha. Kun ammoo afaanichi afaan barnootaa osoo hin ta'in durallee afoolli tajaajila hedduu kennaa kan ture qabeenya ummataa ta'uu isaa kan mul'isuudha. Kana malees, ummanni Oromoo bara durii irraa kaasee afoolawwan hedduu qabuun fayyadamuun ijoollee isaa dandeettiiwwan afaanii keessaa dubbachuufi dhaggeeffachuu manuma isaatitti ittiin barsiiffachaa kan tureefi jiruudha. Kanuma bu'uureffachuun barnoota idilee keessattis afoolli qophii silabasiifi kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti hammatamun gaheen inni dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti qabu olaanaadha.Waan kana ta'eef, afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti hammatamuun kaayyoo barnoota afaanii galman gahuu keessatti gahee guddaa qaba.

Adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti gaheen afoolli ummata Oromoo qabu olaanaadha.Kunis, akaakuuwwan afoolaatiin afaan barsiisuun barumsa afaanii gammachisaafi akka si'aayinaan barataan waan taasisuuf hubannoofi muuxannoo barattootaa bal'isuufi gabbisuu danda'a.Kana malees, barattoonni dandeettiiwwan afaanii arfan gadi fageenyaan xiinxaluun dandeettii isaanii akka gabbifataniif gaheen afoolli ummata Oromoo qabu baay'ee olaanaadha.

Ka'umsa keessatti immoo, afoolli ummata Oromoo hammaaramee hin dhumne kun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti gahee guddaa osoo qabuu adeemsa qophii kitaabilee kanneenii keessatti ija afoola ummatichaa gargaaramuun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu irratti laafina qabaachuu isaati.

Qorannoo kana keessatti: afoolawwan kitaabileen kunniin dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gargaaraman,afoolawwan Oromoo keessaa gara caalaatti kitaabileen kun kan fayyadaman isaan kam akka ta'e,afoolawwan kitaabileen kun hammatan dandeettiiwwan afaanii arfaniif xiyyeeffannoo kennuufi dhiisuu isaanii,afoolawwan kitaabilee kanneen keessatti hojii irraa oolan kun hammam sadarkaa, dandeettiifi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchanii akka dhiyaatan qaaccessuun ibsuudha.. Kana malees, boqonnaa kana jalatti: gaaffilee qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi qindaa'ina qorannichaa hammatamanii jiru.

Boqonnaan lama immoo: sakatta'a barruuti. Boqonnaan sadi mala qorannichaati. As jalatti: saxaxa qorannichaaf qorannoo ibsituu fayyadamte. Qorannichi guutumaan guututti mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun gaggeeffame. Malli filannoo iddattoo (kitaaba barataa,barsiisaa,barataa)iddatta miti carraa akkayyoo dha. Maddi ragaalee, maddi ragaa tokkoffaan: kitaaba barataa yoo ta'u, maddi ragaa lammaffaan ammo: barsiisaafi barataadha.Kanuma bu'uureeffachuun gaaffilee bu'uuraa ka'umsa qorannoo,boqonnaa tokko keessatti ka'an deebisuuf meeshaalee funaansa ragaa kanneen akka :sakatta'insa dokumeenti, afgaaffiifi marii gareetti dhimma bahuun ragaa walitti qabuun danda'ameera.Ragaa argame bu'uura godhachuudhaan ragaan skatta`iinsa kitaabaa irraa argaman duraa duubaan gabatee keessatti erga guutamanii booda bifa qorannoo ibsituutiin ibsi bal`inaan itti kennameera. Kana malees, afgaaffiin barsiisotaafi barattootaaf dhiyaates ta`ee, mariin garee barsiisotaaf dhiyaate haaluma walfakkaatuun mala qorannoo akkamtaatiin bal`inaan ibsi itti kennameera.

Walumaagalatti,Afoolawwan kitaabilee lamaanuu gargaaraman baay'ee yaa ta'an malee, baay'ina afoolaa ummanni Oromoo qabuufi gahee isaan dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti qabaniin walbira qabuun yoo ilaallaman hanqinni jiraachuu isaa, afoolawwan dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan irraa caalaatti, dandeettii dubbisuu barsiisuuf kan dhiyaatan ta'ee, dandeettiiwwan afaanii arfan haala

madaalawaa ta'een barsiisuuf kan hin dhiyaanne ta'uu isaa,afoolawwan kitaabilee kanneen keessatti hojiirraa oolan sadarkaa, dandeettiifi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun kan qophaa'an ta'ullee, gama sadarkaafi dandeettii barattootaa giddu galeeffatee qophaa'uutiin ulfaatoofi sadarkaa isaanitii ol ta'uu isaanii qorattuun qorannoo isheetiin adda baafatteerti.

Kana bu'uureeffachuun yaada furmaataa ta'an jedhamanii kan yaadaman: qopheessitoonni kitaabaa:afoola Oromoo galaana ta'aniifi dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gahee olaanaa qaban gara barnoota afaanitti fiduun faayidaa kennuu qaban akka kennan taasisuu, dabalataanis, afoola dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf yeroo dhiyeessan dandeettiiwwan afaanii arfan bifa wal madaalaa ta'een akka barsiisuu danda'utti qopheessuu, kana malees,afoola tokko dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf yemmuu dhiyeessan: sadarkaa, dandeettiifi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha.

## 5.2. Argannoo

Qorannoon tokko erga gaggeeffamee raawwatamee booda bu'aa qabeessummaa qorannoo sanaa kan mirkaneessuu argannoo qorattuun sun erga qorannoo sana gaggeessiteen booda argattuudha. Qorannoo mata dureen isaa, "Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaafi Saddeettaffaa Keessatti Afoolaan Gargaaramuun Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuu," jedhu irratti gaggeeffameen firiin qorannoo kanarraa argame bifa itti aanu kanaan dhiyaataniiru.

1. Afoolawwan kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gargaarame kanneen akka: sheekoo, jechama, mammaaksa, hiibboo, tapha ijjoollee, weedduufi qoosaa yoo ta'an, kankutaa saddeettaffaa ammoo: sheekoo, jechama, mammaaksa, hiibboo, weedduu, ciigoo, geerarsa, bacoofi jeekarsa ateeteeti. Kanamalees, kitaabilee kanneen keessatti afoolawwan dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaatan baay'ee yaa ta'an malee, baay'ina afoolaa ummanni Oromoo qabuufi gahee isaan dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti qabaniin walbira qabuun yoo ilaallaman gahoomiti.

**2.** Afoolawwan Oromoo keessaa gara caalaatti kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaa dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf kan fayyadame duraa duubaan: oduu duriifi mammaaksa yoo ta'u, kan kutaa saddeetaffaa immoo: hiibboofi jechama.

**3**.Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaas ta'ee, kutaa saddeettaffaa keessatti afoolawwan dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaatan irraa caalaatti: dandeettii dubbisuu, giddu galeessan, dandeettii barreessuufi darbee darbee immoo, dandeettii dubachuufi dhaggeeffachuu barsiisuuf kan dhiyaatan ta'ee, dandeettiiwwan afaanii arfan haala madaalawaa ta'een barsiisuuf hin dhiyaanne.

**4**.Afoolawwan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti hojiirraa oolan aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuunkan qophaa'an ta'ullee, shaakaloonni afoolaa tokko tokko gama sadarkaafi dandeettii barattootaa giddu galeeffatee qophaa'uutiin ulfaatoofi sadarkaa isaanitii oli.Kunis,afoolawwan kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan ulaagaalee filannoo afoolaa afaan barsiisuu keessatti jiran hamma ta'e hojiirraa yaa oolan malee hanqinni kitaabilee kanneen keessatti ni mul'atu.

**5.3. Yaboo**

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolaan gargaaramuun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti wantoonni xiyyeeffannoo barbaadan argannoo qorannichaa bu'uura godhachuun yaadonni furmaata ta'an jedhamanii yaadaman akka itti aanu kanatti dhiyaataniiru.

1. Sirni barnootaa yeroo ammaa kan jiruufi jireenya ummatichaa giddu galeessa godhachuun :aadaa isaa,seenaa isaa,qabeenya isaa ,safuu isaafi kkf barattoonni akka itti boonan ,quuqaman, kan caalaatti beeksisu ta'uu qaba

2. Ummanni oromoo galaana. Dacheen inni irra jiraatus baay'ee bal'aadha.Afoolli isaatis akkuma galaanaa waraabamee hin dhumu. Kanaafuu, qopheessitoonni sirna barnootaafi qophii kitaabaa yeroo kitaaba qopheessan gahee afoolli ummata Oromoo waraabamee hin dhumne kun dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti qabuxiyyeeffannoo keessaa galchuun, akaakuuwwan afoolaa keessaa kanneen dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf gahee

olaanaa qaban gara barnoota afaanitti fiduun faayidaa kennuu qaban akka kennan taasisuudha.

3. Kaayyoon barnoota afaanii inni guddaan dandeettiiwwan afaanii:dubbisuu, barreessu, dubbachuufi dhaggeeffachuu barsiisuudha. Dandeettiiwwan kunniin immo, yemmuu barsiifaman bifa wal madaalaa ta'een ta'uu qaba.Kanaaf, adeemsa qophii kitaabaa keessatti qopheessitoonni kitaabaa yeroo afoola dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyeessan dandeettiiwwan afaanii arfan bifa wal madaalaa ta'een akka barsiisuu danda'anitti qophaa'uun barbaachisaadha.

4. Afoola tokko dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf yemmuu dhiyeessan: sadarkaa, dandeettiifi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha. Sababni isaas akkuma (Lazar,1993,Baddiluu,1996) ibsanitti, afoolli tokko afaan barsiisuu keessatti ulaagaalee ittiin filataman keessaa ijoon: sadarkaa, dandeettiifi aadaan barattootaa xiyyeeffannoo keessa galuudha. Kanaaf, afoolli afaan barsiisuuf dhiyaate tokko garmalee ulfaatoofi garmalees salphaa ta'uu baatee sadarkaafi dandeettii barattootaa giddu galeessa godhachuun dhiyaachuu qaba.

5. Qopheessitoonni kitaabaa adeemsa afoola tokko dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyeessan keessatti ulaagaalee filannoo afoolaa afaan barsiisuu keessatti jiran arfan boqonnaa lama jalatti ibsamaniin xiyyeeffannoo keessaa galchuun qopheessuun barbaachisaadha.

Kana malees, namoonni mata duree kanarratti qorannoo gaggeessuu barbaadan kamiyyuu kallatti qorattuun tun ilaalteen qofa osoo hin taane gama barbaachisummaa isaatin osoo ilaalanii gaariidha. Akkasumaas qorannoon kun, "Qaaccessa Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaafi Saddeetaffaa Keessatti Afoolaan Dadeettiiwwan Afaanii Barsiisuutiin"qofa kan ilaalte yoo ta'u, qorattoonni biroo ammoo: gama beekumsa afaaniitiin, gama dhiyaannaa dubbisaafi gilgaalotaatiin osoo ilaalanii jijjiiramni dhufuu danda'a.

# Wabiilee


AbarraaNafaa.(Gul.)(1999).*AfoolaOromoo Tuulamaa, Walaloo Geerarsaa,Faaruufisirboota Adda Addaa jildii 11*. dha maxxansaa Koomerishaalii.

___________ (1991).*Wiirtuu jildii-4*.Barruulee Qormaata waaltin Afaan oromoo Biiroo Aadaa fi Beeksisa Oromiyaa.printing enterprise. Finfine

Abdurrahamaan Abdu qaadir.(2016**). "***Qaaccessa Afoolaa ogummaa Afaanii GurguddAfran Barsiisuu keessatti."* Haala kitaaba barataa Afaan oromoo kutaa 9ffaakeessatti. Yuunivarsiitii Addis Ababaa.Kan Hinmaxxanfamne.

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo yadrimee Caasluuga Afaan Oromoo***.**Mega printing PLC.

__________(2014). *Semmoo.Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*.Far East Trading PLc.

__________ (2011).*Akkamtaa***.** Maxxansa 3ffaa

Andrzejewski.B.W. (1985).*Literature in Cushitic Languages Other than Somali in Literatures in Africa Langages*. Cambridge University press

Asafaa Tafarraa . (2009). *Eela*: seenaa oguma Oromoo. Finfinnee: Far East Trading PLC.

Baddiluu Waaqjiraa ::(1996)::*በሥነፅሁፍቋንቋንማሰተማር፤አድሰአበባ፤ንግድማተምያድርጅት፤*

Beekan Gulummaa.(2015). *Tuujuba.*Saayinsii fi Dandeettiiwwan Afaanii.Elleni .PLC.

Berhanu Mathewos. (2009). *Fundamentals of literature.* Addis Ababa: Alpha printers PLC.

Dastaa Dassaalany. (2013). *Bu`uura Qorannoo*.Dhaabbata maxxansaa Boolee.

Fedhasaa Taaddasaa. (2019). *Bu`uuraalee Ogbarruu Oromoo*.Maxxansa 3ffaa. Finfinnee: ADP Press

Fekade Azeze;; (1991*) :: የስነቃልመምርያ፤*Bole printing Enterprise.

Filee Jaallataa.(2016). *Beekumtaa Oromoo*.Mana Maxxansa Raajii.

Finnegan, R. (1970**).** *Oral Literature in Africa*. Nairobi: Oxford University press.

Getachoo Rabbirraa.(2007). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Internaashinaalii.

Harmer, J, (1980).*The practice of English Language Teaching*. Hong Kong: Longman Group. Itd.

Hill, J. (1986). *Using literature in Language Teaching*. London: Macmillan published. LTD.

Lauritzen,Carol.(1980). *Oral Litrature and the Teaching of Reading*. International Reading Association

Lazar, G and Malley, A. (1996). *Literature and Language Teaching.* London (UK).

------------------------.(1993*). Literature and Language Teaching.Aguide for teachers and trainers*.Cambridge University press.

Mahan Elizabeth,Susan Day. (1986). *Literature and the Writing Process*.New York:Macmillan publishing Company.

Melakneh Mengistu. (1999). *Fundamentals of Literature for Colleges*. Addis Ababa: Commercial Printing Enterprise.

________.(2006). *Fundamentals of literature.*Third impression. A.A.U

_________.(2003). *Fundamentals of literature for college*.Revitalized Second Edition. Addis Ababa: Commercial Printing Enterprise.

Milkessaa Miidhagsaa. (2015). Afaan *Oromoofi Imaammata Afaanii Biyya Itoophiyaa*, 1885-2015.Finfinnee, Oromiyaa: ElleniiP.Plc.

Moosisaa Dabalaa. (2002). "*Bu`uuraalee Og-barruu Afaan Oromoo(Afor 111)".* Kolleejjii Barsiistotaa Barntoota Fedhii addaa Sabbataa Muujula barnootaa (kanhinmaxxanfamin.

Mulugeetaa Nagaasaa.(1999). *Wirtuu Jildii-8.*Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. Finfinnee: Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa

_________(2019). *Ogbarruudhaan Afaan Barsiisuu*.( TeoL6031).yunivarsiiti Addis Ababaa.Muujula hin maxxanfamin.

_________::(2009*)::በስነፅሁፍ የአማርኛ ቋንቋን ማስተማር፤ ለአልፋ ዩንቨርስት ኮሌጅ የርቀት* ትምህርት የተዘጋጀ፤ አድሰአበባ፤አልፋፐርንተርስ፤ያልታተመ

Nagaash Hundeessaa.(2008). "*Qaaccessa Qabiyyee Afoolaa Kitaaba BarnAfaan OromooKuta9ffaa*,"WaraqDigiriiLammaffaaGuuttachuufQophaa'e Yuunivarsiiti Addis Ababa.Kan hinmaxxanfamne.

Nuttal, C. (1996).*Teaching Reading Skills in Foreign Language*. London: Educational

Okpewho, I. (1992). *Africa Oral Literature: Backgrounds, Character and Continuty***.** Bloominton: India Universuty press.

Oring,E.(1986).*Folk Groups and folklore Genres*:An Introduction.Logan Utaha.Utaha University press.

Tafarii Ayyaanaa.(2004). *Afaan Oromoo*. Maxxansa 2ffaa.Africa publishing P.L.C.

Warquu Dachaasaa. (2001). *Wiirtuu Jildii-9.*Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. Finfinnee: Biiroo Aadaa fi TurizimiiOromiyaa.

_____(2010). Dilbii.*Afoola oromoo.*Garee Qormaata Afoolaa fi ogbarruuOromoo. Mega printing PLC

# DABALEE

## Dabalee "A"

## Af gaaffii Barsiisotaaf Dhiyaate

Kabajamoo Barsiisaa Afaan Oromoo, gaaffiin isiniif dhiyaate kun kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolaan dandeettiiwwan afaanii gurguddoo arfan barsiisuurratti qorannoo gaggeessuufi. Qorannoon kun ammo kan milkaa`uu danda`u odeeffannoo isin biraa argamuuni. Kanaaf, gaaffilee isiniif dhiyaatan kanneeniif odeeffannoo dhugaafi guutummaa qaburratti hundaa`uun deebii akka naaf laattan kabajaan isin gaafadha.

Odeeffannoo naaf laattaniif durseen isin galateeffadha.

Mana barumsaa ___________________________

Umurii ___________

Saala _______________

Sadarkaa barnootaa __________________

Barnoota ittiin leenjitan _______________

Bara tajaajilaa _______________________

**Gaaffilee Dhiyaataniif Deebii Keessan Ifaafi Bilisaan Akka Naaf Deebistan Kabajaan Isiin Gaafadha.**

1. Kitaaba barnoota Afaan oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dandeettiiwwan afaanii barsiisuuf dhiyaate jiraa? Yoo jiraatan isaan kamtu jira?
2. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti akaakuu afoolaa isa kamtu bay`ata? Sadarkaa dhaan yemmuu ibsamu kamtu caalmaa qaba?
3. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaate caalaatti dandeettii afaanii isa kam bariisuurratti xiyyeeffata?
4. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaatan sadarkaa, dandeettiifi aadaa, barattootaa waliin yemmuu madaalaman maal fakkaatu?
5. Haala dhihaannaa afoolaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi kutaa saddeetaffaa keessatti yaada dabalataa yoo qabaattan osoo ibsitanii?

## Dabalee “B”

**Af Gaaffii Barattoota Kutaa Saddeettaffaa Mana Barumsa Dagam Sadarkaa Tokkoffaatiif Dhiyaate**.

Kabajamaa barataa/ttuu gaaffiin siif dhiyaate kun kitaaba barnoota afaan oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolaan dandeettiiwwan afaanii barsiisuurratti qorannoo gaggeessuufi. Qorannoon kun ammo kan milkaa`uu danda`u odeeffannoo si biraa argamuuni. Kanaaf, gaaffilee siif dhiyaatan kanneeniif odeeffannoo dhugaafi guutummaa qaburratti hunda`uun deebii akka naaf laattu kabajaan si gaafadha.

Odeeffannoo naaf laattuuf durseen si galateeffadha.

Mana barumsaa ______________________

Kutaa baratu/ttu _______________________

Umurii _____________________

Saala ___________

1. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli jiraa?
2. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti akaakuu afoolaa isa kamtu bay`ata?
3. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaate dandeettiwwan afaanii arfan barsiisuuf ooleeraa? Baayinaan dandeettii kam irratti xiyyeeffata?
4. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaate dandeetti ati qabdu waliin ni deemaa? Ni ulfaatamoo ni salphata?
5. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaatan aadaa hawaasa kee waliin wal simuu?

## Dabalee “C”

## Gaaffilee Marii Garee Barsiisota Afaan Oromootiif Dhiyaate

1. Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffa keessatti afoolli dhiyaatan dandeettiiwwan afaanii arfan barsiisuuf wal qixa xiyyeeffannoo kennaniiruu?
2. Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaatan bay`inaan kan mul`atan gosoota isaan kami? Maaliif isinitti fakkaata?
3. Kitaaba barataa barnoota Afaan oromoo kutaa torbaffaafi saddeettaffaa keessatti afoolli dhiyaatan gahoodhaa?
4. Afoolaan afaan barsiisuu keessatti gaheen barsiisaa afaanii maal isinitti fakkaata?

***Guddaa Galatoomaa !***

## Dabalee " D"

**4.2.1.Gabatee mirkaneffannoo Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Afoolawwan Argaman Mul`Isu**

| Lakk | Akaakuu Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sheekkoo (Oduu Durii) | 3 | Dubbisa "Umurii" jedhu | 10-11 |
| | | 3 | Gilgaala 2 shaakala sheekkoo | 11 |
| | | 3 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 11 |
| | | 3 | Gilgaala 5 shaakala sheekkoo | 12 |
| | | 13 | Dubbisa Gamna Gamna Caalu | 55 |
| | | 15 | Dubbisa Gowwummaa | 63 |
| | | 15 | Gilgaala 8 shaakala sheekkoo | 67 |
| | | 23 | Dubbisa Qocafi Simbirrooata | 103 |
| | | 23 | Gilgaala 1 shaakala Dubbisa Duraa | 103 |
| | | 23 | Gilgaala 2 Shaakala Oduu Durii | 104 |
| | | 23 | Gilgaala 6 Shaakala Oduu Durii | 106 |
| 2 | Jechama | 8 | Dubbisa "Dhaba Oromoo" jedhu keessa | 37 |
| | | 12 | Dubbisa "Aadaa Hojii" jedhu keessa | 51 |
| | | 18 | Gilgaala 4 shaakala Jechamaa | 80 |
| 3 | Mammaaksa | 22 | Dubbisa "Jireenya namaafi Bosona" jedhu keessa | 99 |
| | | 22 | Gilgaala 5A shaakala mammaaksaa | 100 |
| | | 22 | Gilgaala 5B shaakala mammaaksaa | 101 |
| | | 22 | Gilgaala 5C shaakala mammaaksaa | 101 |
| | | 23 | Dubbisa " Qocafi simbirroota" jedhu keessatti | 104 |
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala mammaaksaa | 104 |
| | | 23 | Gilgaala 3 shaakala Mammaaksaa | 105 |
| | | 23 | Gilgaala 4 shaakala Mammaaksaa | 105 |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Mammaaksaa | 106 |
| 4 | Hiibboo | 23 | Gilgaala 5 shaakala Hiibboo | 106 |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Hiibboo | 106 |
| 5 | Tapha ijoollee | 23 | Gilgaala 6 shaakala tapha Ijoollee | 106 |
| 6 | Weedduu | 23 | Gilgaala 6 shaakala Weedduu | 106 |
| 7 | Qoosaa | 23 | Gilgaala 6 shaakala Qoosaa | 106 |

**4.2.2.Gabatee mirkaneeffannoo Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Afoolawwan Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf Dhiyaatan Irra Caalaa Kam Irratti Akka Xiyyeeffatan Agarsiisu**

| Lakk | Akaakuu Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula | Dandeettiiwwan Afaanii | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Dhaggeeffachuu | dubbachuu | Dubbisuu | Barreessuu |
| 1 | Sheekkoo (Oduu Durii | 3 | Dubbisa “umurii” jedhu | 10-11 | | | | |
| | | 3 | Gilgaala 2 shaakala sheekkoo | 11 | | | | |
| | | 3 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 11 | | | | |
| | | 3 | Gilgaala 5 shaakala sheekoo | 12 | | | | |
| | | 13 | Dubbisa Gamna Gamna caalu | 55 | | | | |
| | | 15 | Dubbisa Gowwummaa | 63 | | | | |
| | | 15 | Gilgaala 8 shaakala sheekkoo | 67 | | | | |
| | | 23 | Dubbisa Qocafi Shimbirroota | 103 | | | | |
| | | 23 | Gilgaala 1 shaakala Dubbisa Duraa | 103 | | | | |
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala Oduu Durii | 104 | | | | |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Oduu Durii | 106 | | | | |
| 2 | Jechama | 8 | Dubbisa “Dhaha Oromoo” jedhu keessa | 37 | | | | |
| | | 18 | Gilgaala 4 shaakala Jechamaa | 80 | | | | |
| | | 12 | Dubbisa “ Aadaa Hojii” jedhu keessa | 51 | | | | |
| 3 | Mammaaksa | 22 | Dubbisa “Jireenya namaafi Bosona” jedhu keessaa | 99 | | | | |
| | | 22 | Gilgaala 5A shaakala mammaaksaa | 100 | | | | |
| | | 22 | Gilgaala 5B shaakala mammaaksaa | 101 | | | | |
| | | 22 | Gilgaala 5C shaakala mammaaksaa | 101 | | | | |
| | | 23 | Dubbisa “Qocafi simbirroota” jedhu keessatti | 104 | | | | |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala mammaaksaa | 104 | | | | |
| | | 23 | Gilgaala 3 shaakala mammaaksaa | 105 | | | | |
| | | 23 | Gilgaala 4 shaakala mammaaksaa | 105 | | | | |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala mammaaksaa | 106 | | | | |
| 4 | Hiibboo | 23 | Gilgaala 5 shaakala Hiibboo | 106 | | | | |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Hiibboo | 106 | | | | |
| 5 | Tapha ijoollee | 23 | Gilgaala 6 shaakala Tapha ijoollee | 106 | | | | |
| 6 | Weedduu | 23 | Gilgaala 6 shaakala weedduu | 106 | | | | |
| 7 | Qoosaa | 23 | Gilgaala 6 shaakala qoosaa | 106 | | | | |

### 4.2.3.Mirkaneeffannoo Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Hojiirra Oolan Sadarkaa, Dandeettiifi Aadaa Barattootaa Xiyyeeffannoo Keessa Galchuufi Dhiisuu Isaa Mul`Isu.

| Lakk | Akaakuu Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula | Afoolli hojiirra oolan sadarkaa dandeetti fi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuufi dhiisuu mul`isu | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Sadarkaa | dandeettii | Aadaa |
| 1 | Sheekkoo | 3 | Dubbisa " umurii" jedhu | 10-11 | | | |
| | | 3 | Gilgaala 2 shaakala sheekkoo | 11 | | | |
| | | 3 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 11 | | | |
| | | 3 | Gilgaala 5 shaakala sheekkoo | 12 | | | |
| | | 13 | Dubbisa Gamna Gamna caalu | 55 | | | |
| | | 15 | Dubbisa Gowwummaa | 63 | | | |
| | | 15 | Gilgaala 8 shaakala sheekkoo | 67 | | | |
| | | 23 | Dubbisa Qocaafi simbirroota | 103 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 103 | | | |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala Oduu durii | 104 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Oduu durii | 106 | | | |
| 2 | Jechama | 8 | Dubbisa “Dhaha Oromoo” jedhu keessatti | 37 | | | |
| | | 18 | Gilgaala 4 shaakala jechamaa | 80 | | | |
| | | 12 | Dubbisa “Aadaa Hojii”jedhu keessa | 51 | | | |
| 3 | Mammaaksa | 22 | Dubbisa jireenya namaafi Bosona jedhu | 99 | | | |
| | | 22 | Gilgaala 5A shaakala mammaaksaa | 100 | | | |
| | | 22 | Gilgaala 5B shaakala mammaaksaa | 101 | | | |
| | | 22 | Gilgaala 5C shaakala mammaaksaa | 101 | | | |
| | | 23 | Dubbisa Qocaafi simbirroota jedhu keessa | 104 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala mammaaksaa | 104 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 3 shaakala mammaaksaa | 105 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 4 shaakala mammaaksaa | 105 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala mammaaksaa | 106 | | | |
| 4 | Hiibboo | 23 | Gilgaala 5 shaakala Hiibboo | 106 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Hiiboo | 106 | | | |
| 5 | Tapha ijoollee | 23 | Gilgaala 6 shaakala Tapha Ijoollee | 106 | | | |
| 6 | Weedduu | 23 | Gilgaala 6 shaakala weedduu | 106 | | | |
| 7 | Qoosaa | 23 | Gilgaala 6 shaakala qoosaa | 106 | | | |

**4.2.4.Gabatee Mirkaneeffannoo Akkaataa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Torbaffaa Keessatti Itti Dhiyaate Mul`isu.**

| Lakk | Akaakuu Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argaman | Fuula | Akkaataa afoolli kitaaba keessatti dhiyaachuu qabu | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Dhihaannaa Afaan bu`uureeffate | Dhihaannaa Qabiyyee bu`uureeffate | Dhihaannaa hirmaannaa dhuunfaa bu`uureeffate |
| 1 | Sheekkoo | 3 | Dubbisa "Umurii" jedhu | 10-11 | | | |
| | | 3 | Gilgaala 2 shaakala sheekkoo | 11 | | | |
| | | 3 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 11 | | | |
| | | 3 | Gilgaala 5 shaakala sheekkoo | 12 | | | |
| | | 13 | Dubbisa Gamna Gamna Caalu | 55 | | | |
| | | 15 | Dubbisa Gowwummaa | 63 | | | |
| | | 15 | Gilgaala 8 shaakala sheekkoo | 67 | | | |
| | | 23 | DubbisaQocaafi Shimbirroota | 103 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 103 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala oduu durii | 104 | | | |
| | | 23 | Gilgaala shaakala odu | 106 | | | |
| 2 | Jechama | 8 | Dubbisa "Dhaha Orom keessa | 37 | | | |
| | | 18 | Gilgaala 4 shaakala jechamaa | 80 | | | |
| | | 12 | Dubbisa "Aadaa Hojii" jedhu keessa | 51 | | | |
| 3 | Mammaaksa | 22 | Dubbisa "jireenya namaafi Bosona" jedhu keessa | 99 | | | |
| | | 22 | Gilgaala 5A shaakala mammaaksa | 100 | | | |
| | | 22 | Gilgaala 5B shaakala mammaaksa | 101 | | | |
| | | 22 | Gilgaala 5C shaakala mammaaksa | 101 | | | |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 23 | Dubbisa “Qocaafi Simbirroota” jedhu keessa | 104 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 2 shaakala mammaaksa | 104 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 3 shaakala mammaaksa | 105 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 4 shaakala mammaaksa | 105 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala mammaaksa | 106 | | | |
| 4 | Hiibboo | 23 | Gilgaala 5 shaakala Hiibboo | 106 | | | |
| | | 23 | Gilgaala 6 shaakala Hiibboo | 106 | | | |
| 5 | Tapha ijoollee | 23 | Gilgaala 6 shaakala Hiibboo | 106 | | | |
| 6 | Weedduu | 23 | Gilgaala 6 shaakala weedduu | 106 | | | |
| 7 | Qoosaa | 23 | Gilgaala 6 shaakala qoosaa | 106 | | | |

### 4.2.5.Gabatee Mirkaneeffannoo Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Afoolawwan Argaman Mul`isu

| Lak | Akaakuu Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula |
|---|---|---|---|---|
| 1 | Sheekkoo (oduu durii) | 11 | Dubbisa “Gorsa Diddu Du`a Diddaa” jedhu | 49 |
| | | 11 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 51 |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala sheekkoo | 52 |
| | | 14 | Dubbisa Hantuutaafi Raachaa | 65 |
| | | 14 | Gilgaala 8B shaakala Oduu Durii | 66 |
| | | 14 | Gilgaala 9 shaakala Oduu Durii | 66 |
| 2 | Jechama | 4 | Dubbisa “ kolfillee hiriyaa wajjin”jedhu keessa | 17 |
| | | 11 | Gilgaala 4 shaakala Jechamaa | 51 |
| | | 11 | Gilgaala 5 shaakala Jechamaa | 52 |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala Jechamaa | 52 |
| | | 20 | Gilgaala 5 Hubannoo Jechamaa | 89 |
| | | 20 | Gilgaala 6 shaakala jechamaa | 89 |

| | | | | |
|---|---|---|---|---|
| | | 20 | Gilgaala 7 shaakala Jechamaa | 89 |
| 3 | Mammaaksa | 11 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 49 |
| | | 11 | Gilgaala 7A shaakala Mammaaksaa | 52 |
| | | 11 | Gilgaala 7B shaakala Mammaaksaa | 52 |
| | | 11 | Gilgaala 7C shaakala Mammaaksaa | 53 |
| | | 11 | Gilgaala 7D shaakala Mammaaksaa | 54 |
| | | 14 | Gilgaala 8A shaakala Mammaaksaa | 65 |
| 4 | Hiibboo | 14 | Gilgaala 1 shaakala Dubbisa Duraa | 62 |
| | | 14 | Dubbisa “Hiibboo” jedhu | 62 |
| | | 14 | Gilgaala 2 shaakala Hiibboo | 63 |
| | | 14 | Gilgaala 4 shaakala Hiibboo | 63 |
| | | 14 | Gilgaala 5 shaakala Hiibboo | 64 |
| | | 14 | Gilgaala 6A shaakala Hiibboo | 64 |
| | | 14 | Gilgaala 6B shaakala Hiibboo | 64-65 |
| | | 14 | Gilgaala 7 shaakala Hiibboo | 65 |
| 5 | Weedduu | 21 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 90 |
| | | 21 | Walaloo Weedduu | 90-91 |
| | | 21 | Gilgaala 2 shaakala Weedduu | 91 |
| | | 21 | Gilgaala 4 shaakala Weedduu | 92 |
| | | 21 | Gilgaala 6 shaakala Weedduu | 93 |
| 6 | Ciigoo | 3 | Gilgaala 6 shaakala ciigoo | 14 |
| 7 | Geerarsa | 21 | Gilgaala 6 shaakala Geerarsaa | 93 |
| 8 | Baacoo | 19 | Gilgaala 6 shaakala Baacoo | 86 |
| 9 | Jeekarsa Ateetee | 21 | Gilgaala 6 shaakala Jeekkara Ateetee | 93 |

**4.2.6.Gabatee Mirkaneeffannoo Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Afoolawwan Dandeettiiwwan Afaanii Barsiisuuf Dhiyaatan Irra Caalaa Kam Irratti Akka Xiyyeeffatan Agarsiisu**

| kk | Akaakuu Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula | Dandeettiiwwan Afaanii | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Dhaggeeffachuu | dubbachuu | Dubbisuu | Barreessuu |
| 1 | Sheekkoo | 11 | Dubbisa “Gorsa Diddu Du`a Diddaa” jedhu | 49 | | | | |
| | | 11 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 51 | | | | |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala sheekkoo | 52 | | | | |
| | | 14 | Dubbisa Hantuutaaf Raachaa | 65 | | | | |
| | | 14 | Gilgaala 8B shaakala sheekkoo | 66 | | | | |
| | | 14 | Gilgaala 9 shaakala sheekkoo | 66 | | | | |
| 2 | Jechama | 4 | Dubbi” kolfilee Hiriyaa waliin” jedhu keessatti | 17 | | | | |
| | | 11 | Gilgaala 4 shaakala jechama | 51 | | | | |
| | | 11 | Gilgaala 5shaakala jechama | 52 | | | | |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala jechama | 52 | | | | |
| | | 20 | Gilgaala 5 shaakala jechama | 89 | | | | |
| | | 20 | Gilgaala 6 shaakala jechama | 89 | | | | |
| | | 20 | Gilgaala 7 shaakala jechama | 89 | | | | |
| 3 | Mammaaksa | 11 | Gilgaala 1 shaakaladubbisa duraa | 49 | | | | |
| | | 11 | Gilgaala 7A shaakala mammaaksaa | 52 | | | | |
| | | 11 | Gilgaala 7B shaakala mammaaksaa | 52 | | | | |
| | | 11 | Gilgaala 7C shaakala mammaaksaa | 53 | | | | |
| | | 11 | Gilgaala 7D shaakala | 54 | | | | |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | mammaaksaa | | | | | |
| | | 14 | Gilgaala 8A shaakala mammaaksaa | 65 | | | | |
| 4 | Hiibboo | 14 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 62 | | | | |
| | | 14 | Dubbisa “ Hiibboo” jedhu | 62 | | | | |
| | | 14 | Gilgaala 2 shaakala Hiiboo | 63 | | | | |
| | | 14 | Gilgaala 4 shaakala Hiiboo | 63 | | | | |
| | | 14 | Gilgaala 5 shaakala Hiiboo | 64 | | | | |
| | | 14 | Gilgaala 6Ashaakala Hiiboo | 64 | | | | |
| | | 14 | Gilgaala 6B shaakala Hiiboo | 64-65 | | | | |
| | | 14 | Gilgaala 7 shaakala Hiiboo | 65 | | | | |
| 5 | Ciigoo | 3 | Gilgaala 6 shaakala ciigoo | 14 | | | | |
| 6 | Weedduu | 21 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 90 | | | | |
| | | 21 | Walaloo weedduu | 90-91 | | | | |
| | | 21 | Gilgaala 2 shaakala weedduu | 91 | | | | |
| | | 21 | Gilgaala 4 shaakala weedduu | 92 | | | | |
| | | 21 | Gilgaala 6AC shaakala weedduu | 93 | | | | |
| 7 | Geerarsa | 21 | Gilgaala 6 shaakala geerarsaa | 93 | | | | |
| 8 | Baacoo | 19 | Gilgaala 6 shaakala Baacoo | 86 | | | | |
| 9 | Jeekarsa Ateetee | 21 | Gilgaala 6 shaakala jeekarsa Ateetee | 93 | | | | |

**4.2.7.Gabatee Mirkaneeffannoo Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffa Keessatti Hojiirra Oolan Sadarkaa, Dandeettiifi Aadaa Barattootaa Xiyyeeffannoo Keessa Galchuufi Dhiisu Isaanii Mul`isu.**

| Lakk | Akaakuu Afoolaa | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula | Afoolli hojiirra oolan sadarkaa dandeettiifi aadaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuu fi dhiisuu mul`isu | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Sadarkaa | Dandeettii | Aadaa |
| 1 | Sheekkoo | 11 | Dubbisa Gorsa Diddu Du`a Diddaa jedhu | 49 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 51 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala sheekkoo | 52 | | | |
| | | 14 | Dubbisa Hantuutaaf Raachaa | 65 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 8B shaakala sheekkoo | 66 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 9 shaakala sheekkoo | 66 | | | |
| 2 | Jechama | 4 | Dubbisa "kolfilee Hiriyaa waliin" jedhu keessatti | 17 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 4 shaakala jechama | 51 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 5shaakala jechama | 52 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala jechama | 52 | | | |
| | | 20 | Gilgaala 5 shaakala jechama | 89 | | | |
| | | 20 | Gilgaala 6 shaakala jechama | 89 | | | |
| | | 20 | Gilgaala 7 shaakala jechama | 89 | | | |
| 3 | Mammaaksa | 11 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 49 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 7A shaakala mammaaksaa | 52 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 7B shaakala mammaaksaa | 52 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 7C shaakala mammaaksaa | 53 | | | |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 11 | Gilgaala 7D shaakala mammaaksaa | 54 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 8A shaakala mammaaksaa | 65 | | | |
| 4 | Hiibboo | 14 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 62 | | | |
| | | 14 | Dubbisa Hiibboo jedhu | 62 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 2 shaakala Hiiboo | 63 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 4 shaakala Hiiboo | 63 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 5 shaakala Hiiboo | 64 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 6Ashaakala Hiiboo | 64 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 6B shaakala Hiiboo | 64-65 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 7 shaakala Hiiboo | 65 | | | |
| 5 | Ciigoo | 3 | Gilgaala 6 shaakala ciigoo | 14 | | | |
| 6 | Weedduu | 21 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 90 | | | |
| | | 21 | Walaloo weedduu | 90-91 | | | |
| | | 21 | Gilgaala 2 shaakala weedduu | 91 | | | |
| | | 21 | Gilgaala 4 shaakala weedduu | 92 | | | |
| | | 21 | Gilgaala 6AC shaakala weedduu | 93 | | | |
| 7 | Geerarsa | 21 | Gilgaala 6 shaakala geerarsaa | 93 | | | |
| 8 | Baacoo | 19 | Gilgaala 6 shaakala Baacoo | 86 | | | |
| 9 | Jeekarsa Ateetee | 21 | Gilgaala 6 shaakala jeekarsa Ateetee | 93 | | | |

**4.2.8.Gabatee Mirkaneeffannoo Akkaataa Afoolli Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Saddeettaffaa Keessatti Itti Dhiyaate Mul`isu**

| lakk | Akaakuu Afoola | Boqonnaa | Mata duree afoolli kun jalatti argamu | Fuula | Akkaataa afoolli kitaaba keessatti dhiyaachuu qabu | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | Dhihaannaa Afaan bu`uureeffate | Dhihaannaa qabiyyee bu`uureeffate | Dhihaannaa hirmaannaa dhuunfaa bu`uureeffate |
| 1 | Sheekkoo | 11 | Dubbisa "Gorsa Diddu Du`a Diddaa" jedhu | 49 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 3 shaakala sheekkoo | 51 | | | |
| | | 11 | Gilghaala 6 shaakalasheekkoo | 52 | | | |
| | | 14 | Dubbisa Hantuutaafi Raachaa | 65 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 8 Bshaakalasheekkoo | 66 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 9 shaakala sheekkoo | 66 | | | |
| 2 | Jechama | 4 | Dubbisa kolfillee hiriyaa wajjin jedhu keessa | 17 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 4 shaakala jechama | 51 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 5 shaakala jechama | 52 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 6 shaakala jechama | 52 | | | |
| | | 20 | Gilgaala 5 shaakala jechama | 89 | | | |
| | | 20 | Gilgaala 6 shaakala jechama | 89 | | | |
| | | 20 | Gilgaala 7 shaakala jechama | 89 | | | |
| 3 | Mammaaaksa | 11 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 49 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 7A shaakala mammaaksaa | 52 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 7B shaakala mammaaksaa | 52 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 7C shaakala mammaaksaa | 53 | | | |
| | | 11 | Gilgaala 7D shaakala mammaaksaa | 54 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 8A shaakala mammaaksaa | 65 | | | |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 4 | Hiibboo | 14 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 62 | | | |
| | | 14 | Dubbisa Hiibboo jedhu | 62 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 2 shaakala hiibboo | 63 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 4 shaakala hiibboo | 63 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 5 shaakala hiibboo | 64 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 6A shaakala hiibboo | 64 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 6B shaakala hiibboo | 64-65 | | | |
| | | 14 | Gilgaala 7 shaakala hiibboo | 65 | | | |
| 5 | Ciigoo | 3 | Gilgaala 6 shaakala ciigoo | 14 | | | |
| 6 | Weedduu | 21 | Gilgaala 1 shaakala dubbisa duraa | 90 | | | |
| | | 21 | walaloo weedduu | 90-91 | | | |
| | | 21 | Gilgaala 2 shaakala weedduu | 91 | | | |
| | | 21 | Gilgaala 4 shaakala weedduu | 92 | | | |
| | | 21 | Gilgaala 6AC shaakala weedduu | 93 | | | |
| 7 | Geerarsa | 21 | Gilgaala 6 shaakala geerarsaa | 93 | | | |
| 8 | Baacoo | 19 | Gilgaala 6 sahaakala baacoo | 86 | | | |
| 9 | Jeekarsa ateetee | 21 | Gilgaala 6 shaakala jeekarsa ateetee | 93 | | | |

# Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsaa,hojiin kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhihaanne ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorattuu Adaanech Asaffaa**

Mallattoo________________________________

Guyyaa______________________________